# Hiikkaa Qur'aanaa kan Juuza Ammaa fii Tabaaraka kan Afaan Oromootiin

Hiikhe
Sheekh Abdi Husseen

# Hiikkaa Qur'aanaa

kan

# **Juuza Ammaa fii Tabaaraka**

kan

Afaan Oromootiin

Hiikhe
Sheekh Abdi Husseen

# Suuraalee


1. Al-Faatihah
67. Al-Mulk
68. Al-Qalam
69. Al-Haaqqaa
70. Al-Ma'aarij
71. An-Nuuh
72. Al-Jinn
73. Al-Muzzammil
74. Al-Muddaththir
75. Al-Qiyaama
76. Al-Insaan
77. Al-Mursalaat
78. An-Naba
79. An-Naazi'aat
80. Abasa
81. At-Takwir
82. Al-Infitaar
83. Al-Mutaffifin
84. Al-Inshiqaaq
85. Al-Burooj
86. At-Taariq
87. Al-A'laa
88. Al-Ghaashiya
89. Al-Fajr
90. Al-Balad
91. Ash-Shams
92. Al-Lail
93. Ad-Dhuhaa
94. Ash-Sharh
95. At-Tin
96. Al-Alaq
97. Al-Qadr
98. Al-Bayyina
99. Az-Zalzala
100. Al-Aadiyaat
101 Al-Qaari'a
102. At-Takaathur
103. Al-Asr
104. Al-Humaza
105. Al-Fil
106. Quraish
107. Al-Maa'un
108. Al-Kawthar
109. Al-Kaafiroon
110. An-Nasr
111. Al-Masad
112. Al-Ikhlaas
113. Al-Falaq
114. An-Naas

# 67.Suura Al-Mulk

# سُورَةُ المُلْكِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

تَبَٰرَكَ ٱلَّذِي بِيَدِهِ ٱلۡمُلۡكُ وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ
شَيۡءٖ قَدِيرٌ ١

1. Rabbiin guddate khan mootummaan waa hundaa isa harka jirtu, Rabbiin waa hundarrattuu dandayaa dha.

ٱلَّذِي خَلَقَ ٱلۡمَوۡتَ وَٱلۡحَيَوٰةَ لِيَبۡلُوَكُمۡ أَيُّكُمۡ
أَحۡسَنُ عَمَلٗاۚ وَهُوَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡغَفُورُ ٢

2. Rabbiin khan du'aa jiruu uume, isin laaluudhaaf, isinirraa eenyuu dalagaa gaarii dalagaa, Rabbiin injifataa dha, Rabbiin araaramaa dha nama toowbateef.

ٱلَّذِي خَلَقَ سَبۡعَ سَمَٰوَٰتٖ طِبَاقٗاۖ مَّا تَرَىٰ
فِي خَلۡقِ ٱلرَّحۡمَٰنِ مِن تَفَٰوُتٖۖ فَٱرۡجِعِ
ٱلۡبَصَرَ هَلۡ تَرَىٰ مِن فُطُورٖ ٣

3. Rabbiin samii torba wal-gubbaa godhee uume, waan Rahmaan uume kheeysatti wal-dhabbiifi eeybii hin agartu, samii Rabbiin uume irra deddeebi'ii mee laali baqaqaa wahi agartaa?

ثُمَّ ٱرۡجِعِ ٱلۡبَصَرَ كَرَّتَيۡنِ يَنقَلِبۡ إِلَيۡكَ
ٱلۡبَصَرُ خَاسِئٗا وَهُوَ حَسِيرٞ ٤

4. Ammallee mee itti deddeebi'ii laali samii Rabbiin uume san, ijjitee gama khee deebiti haala xiqqaattuu taateen, haala dadhabduu taateen.

وَلَقَدۡ زَيَّنَّا ٱلسَّمَآءَ ٱلدُّنۡيَا بِمَصَٰبِيحَ
وَجَعَلۡنَٰهَا رُجُومٗا لِّلشَّيَٰطِينِۖ وَأَعۡتَدۡنَا
لَهُمۡ عَذَابَ ٱلسَّعِيرِ ٥

5. Dhugaa samii duniyaa tana urjiidhaan bareechine, urjuma sanuu kha sheeyxaanaan darbannu goone, ibidda belbelaa sheeyxaanaaf qopheeysine.

6. Warra Rabbii isaaniitti kafre ibidda jahannamii isaanii jira, deebi’iin gama ibiddaa tahuun san waa hammaattee.

وَلِلَّذِينَ كَفَرُوا۟ بِرَبِّهِمْ عَذَابُ جَهَنَّمَ ۖ
وَبِئْسَ ٱلْمَصِيرُ ٦

7. Ummanni kaafiraa hoggaa ibiddatti darbaman didichaa ibidda jahannam ni dhagayan, ibiddi san isaaniin danfiti.

إِذَآ أُلْقُوا۟ فِيهَا سَمِعُوا۟ لَهَا شَهِيقًا وَهِىَ تَفُورُ
٧

8. Ibiddi jahannam dallansuu kheeysa ciccituuf dhihaatti, lakkuma ummanni kaafiraa ibidda jahannami darbaman murna murnaan, malaaykaan ibiddaa isaan gaafatti, “ergaan Rabbiin erge isinitti hin dhufnee?”

تَكَادُ تَمَيَّزُ مِنَ ٱلْغَيْظِ ۖ كُلَّمَآ أُلْقِىَ فِيهَا
فَوْجٌ سَأَلَهُمْ خَزَنَتُهَآ أَلَمْ يَأْتِكُمْ نَذِيرٌ ٨

9. (Ummanni kaafiraa) ni ja’an : “Dhugaa! ergaan Rabbii nutti dhufte, ni kijibsiifne. Inumaa Rabbiin kitaaba tokkollee waa hin buufne janneen, isin jallina guddaa kheeysa malee waa hin taane” janneen.

قَالُوا۟ بَلَىٰ قَدْ جَآءَنَا نَذِيرٌ فَكَذَّبْنَا وَقُلْنَا
مَا نَزَّلَ ٱللَّهُ مِن شَىْءٍ إِنْ أَنتُمْ إِلَّا فِى
ضَلَـٰلٍ كَبِيرٍ ٩

10. Ummanni kaafiraa ni ja’an: ‘‘osoo gorsa Quraanaa dhageenyee, takkaa aylii qabaannee, silaa warra ibiddaa waa hin taanu.’’

وَقَالُوا۟ لَوْ كُنَّا نَسْمَعُ أَوْ نَعْقِلُ مَا كُنَّا فِىٓ
أَصْحَـٰبِ ٱلسَّعِيرِ ١٠

11. Ummanni kaafiraa dilii isaanii amanan. Hoongoon warra ibiddaa irratti haa jiraattuu.

فَٱعْتَرَفُوا۟ بِذَنۢبِهِمْ فَسُحْقًا لِّأَصْحَـٰبِ
ٱلسَّعِيرِ ١١

12. Duniyaa irratti warri gheeybiin (waan irraa fagaatee dhokhate)Rabbii isaanii sodaatan, araarama Rabbii isaanii jira, galata

إِنَّ ٱلَّذِينَ يَخْشَوْنَ رَبَّهُم بِٱلْغَيْبِ لَهُم
مَّغْفِرَةٌ وَأَجْرٌ كَبِيرٌ ١٢

guddaa isaanii jira.

13. Suuta dubbattaniis takkaa olfuutanii dubbattaniis, Rabbiin waan qomatti yaaddan ni beekha.

وَأَسِرُّواْ قَوۡلَكُمۡ أَوِ ٱجۡهَرُواْ بِهِۦٓۖ إِنَّهُۥ عَلِيمُۢ
بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ١٣

14. Rabbiin uumaa ifii uume hin beekhuu? Rabbiin gabroottan isaatiif tola oolaa dha, Rabbiin haala gabrootaa kheeysa beekhaa dha (Rabbiin amrii xiqqoo hunda beekhaa dha).

أَلَا يَعۡلَمُ مَنۡ خَلَقَ وَهُوَ ٱللَّطِيفُ ٱلۡخَبِيرُ ١٤

15. Rabbiin dachii isinii laaffisee akka irra deemtan isinii godhe, moggaalee dachii hunda kheeysa deemaa, rizqii Rabbii nyaadhaa. Eega duutanii deebi'iin gama isaati.

هُوَ ٱلَّذِي جَعَلَ لَكُمُ ٱلۡأَرۡضَ ذَلُولٗا
فَٱمۡشُواْ فِي مَنَاكِبِهَا وَكُلُواْ مِن رِّزۡقِهِۦۖ وَإِلَيۡهِ
ٱلنُّشُورُ ١٥

16. Rabbiin samii ol jiru dachii nuun gad hin khutuu amantanii, isaaniin gad deemti(dachii).

ءَأَمِنتُم مَّن فِي ٱلسَّمَآءِ أَن يَخۡسِفَ بِكُمُ
ٱلۡأَرۡضَ فَإِذَا هِيَ تَمُورُ ١٦

17. Takkaa Rabbiin samii ol jiru dhagaa nutti hin roobsu jachuu amatanii? Beekhuuf jiraattan azaabaan isiniin sodaachise san.

أَمۡ أَمِنتُم مَّن فِي ٱلسَّمَآءِ أَن يُرۡسِلَ عَلَيۡكُمۡ
حَاصِبٗاۖ فَسَتَعۡلَمُونَ كَيۡفَ نَذِيرِ ١٧

18. Dhugaa ummani ummata khee dura dabran ergaa isaanii khijibsiisaa turan. Qixaaxni khiyya bakka argate moo hin arganne?

وَلَقَدۡ كَذَّبَ ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡ فَكَيۡفَ كَانَ
نَكِيرِ ١٨

19. Allaattii hin arkanii khan isaan gubbaa barartu goblaa isii ballisaa, goblaa isii walitti qabaa, Rabbi malee khufiinsa irraa namni isii qabuu dandahu waa hin jiru. Rabbiin

أَوَلَمۡ يَرَوۡاْ إِلَى ٱلطَّيۡرِ فَوۡقَهُمۡ صَٰٓفَّٰتٖ
وَيَقۡبِضۡنَۚ مَا يُمۡسِكُهُنَّ إِلَّا ٱلرَّحۡمَٰنُۚ إِنَّهُۥ

waan hunda argaa dha.

بِكُلِّ شَىْءٍۭ بَصِيرٌ ﴿١٩﴾

20. Mee eenyuutu Rabbii gaditti isinii tumsee azaaba isaa duraa isin baasa? Ummanni kaafiraa daguu kheeysatti malee waa hin taane.

أَمَّنْ هَٰذَا ٱلَّذِى هُوَ جُندٌ لَّكُمْ يَنصُرُكُم مِّن دُونِ ٱلرَّحْمَٰنِ ۚ إِنِ ٱلْكَٰفِرُونَ إِلَّا فِى غُرُورٍ ﴿٢٠﴾

21. Mee eenyuutu rizqii isinii khanna yoo Rabbiin rizqii isaa isin dhoorgate? Dhugaa! Ummanni kaafiraa jallina kheeysatti turan, ammallee haqarraa dheeysan.

أَمَّنْ هَٰذَا ٱلَّذِى يَرْزُقُكُمْ إِنْ أَمْسَكَ رِزْقَهُۥ ۚ بَل لَّجُّوا۟ فِى عُتُوٍّ وَنُفُورٍ ﴿٢١﴾

22. Nama khufee fuulaan lafarra deemuutu qaceelaadha moo, nama dhaabbatee ol-diriiree deemuu irra qaceelaadha?

أَفَمَن يَمْشِى مُكِبًّا عَلَىٰ وَجْهِهِۦٓ أَهْدَىٰٓ أَمَّن يَمْشِى سَوِيًّا عَلَىٰ صِرَٰطٍ مُّسْتَقِيمٍ ﴿٢٢﴾

23. Ja’iin yaa ergamaa Rabbii: “Rabbiin khan isin uume, gurra isinii godhe, ija isinii godhe, qalbii isinii godhe,galanni Rabbii galchitan hamma xiqqaa dha.”

قُلْ هُوَ ٱلَّذِىٓ أَنشَأَكُمْ وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمْعَ وَٱلْأَبْصَٰرَ وَٱلْأَفْـِٔدَةَ ۖ قَلِيلًا مَّا تَشْكُرُونَ ﴿٢٣﴾

24. Ja’iin yaa ergamaa Rabbii: “Rabbiin isin uume lafa tanarratti isin heddummeeyse, (qabrii khaafamtanii gaaffiidhaaf) gama isaa deebitan.”

قُلْ هُوَ ٱلَّذِى ذَرَأَكُمْ فِى ٱلْأَرْضِ وَإِلَيْهِ تُحْشَرُونَ ﴿٢٤﴾

25. Ummanni kaafiraa ni ja’an: “khaafamiinsi guyyaa qiyaamaa yoomi, yoo khan dhugaa dubbattan taatan?”

وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَٰذَا ٱلْوَعْدُ إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴿٢٥﴾

26. Ja’iin yaa ergamaa Rabbii: “Guyyaa qiyaamaan taatu Rabbumaatu beekha, ani dirree baheetiin azaaba Rabbii isin sodaachisa.”

قُلۡ إِنَّمَا ٱلۡعِلۡمُ عِندَ ٱللَّهِ وَإِنَّمَآ أَنَا۠ نَذِيرٞ
مُّبِينٞ ٢٦

27. Hoggaa azaabni isaanitti dhihoo tahuu argan, fuulli ummata kaafiraa rifatuu kheeysa hammaatti. Ummata kaafiraatiin ni ja’ama: “azaabni duniyaarratti ni jiraa jattanii jerjerfattan khunoo khana.”

فَلَمَّا رَأَوۡهُ زُلۡفَةٗ سِيٓـَٔتۡ وُجُوهُ ٱلَّذِينَ
كَفَرُواْ وَقِيلَ هَٰذَا ٱلَّذِي كُنتُم بِهِۦ
تَدَّعُونَ ٢٧

28. Ja’iin yaa ergamaa Rabbii: “mee naa odeeysaa! Yoo Rabbiin naafii ummata mu’uminaa waliin nu fixe, takkaa rahmata nuuf godhe, ummata kaafiraa eenyuutu ibidda laaleeysaa duraa isaan baasa?”

قُلۡ أَرَءَيۡتُمۡ إِنۡ أَهۡلَكَنِيَ ٱللَّهُ وَمَن مَّعِيَ أَوۡ
رَحِمَنَا فَمَن يُجِيرُ ٱلۡكَٰفِرِينَ مِنۡ عَذَابٍ
أَلِيمٖ ٢٨

29. Ja’iin yaa ergamaa Rabbii: “Rahmaan Rabbii kheenya tahuu itti amanne, amrii teenya hunda isarratti irkifne. Nuufii isinirraa eenyuutu jallina ifa bahaa kheeysa jiraa beekhuuf jiraattan yaa ummata kaafiraa.”

قُلۡ هُوَ ٱلرَّحۡمَٰنُ ءَامَنَّا بِهِۦ وَعَلَيۡهِ تَوَكَّلۡنَاۖ
فَسَتَعۡلَمُونَ مَنۡ هُوَ فِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٖ ٢٩

30. Ja’iin yaa ergamaa Rabbii: “Mee naa odeeysaa! Bishaan dhuuydan yoo dachii isin duraa seene, bishaan dachii gubbaa yaa’u eenyuutu isinii fida?”

قُلۡ أَرَءَيۡتُمۡ إِنۡ أَصۡبَحَ مَآؤُكُمۡ غَوۡرٗا فَمَن
يَأۡتِيكُم بِمَآءٖ مَّعِينِۭ ٣٠

# 68. Suurat Al-Qalam

# سُورَةُ القَلَمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Nuun, Qalamaafii waan qalamni barreeysuun khakhadhe.

نٓۚ وَٱلۡقَلَمِ وَمَا يَسۡطُرُونَ ١

2. Ati maraataa waan taane Rabbiin tola siif oolee ergamaa isaa si godhuun.

مَآ أَنتَ بِنِعۡمَةِ رَبِّكَ بِمَجۡنُونٖ ٢

3. Galata guddaa hin dhumne Rabbii biraa qabda(yaa ergamaa Rabbii).

وَإِنَّ لَكَ لَأَجۡرًا غَيۡرَ مَمۡنُونٖ ٣

4. Ati haala gaarii gama hundaan guutuu tahe qabda(yaa ergamaa Rabbii).

وَإِنَّكَ لَعَلَىٰ خُلُقٍ عَظِيمٖ ٤

5. Arguuf jiraatta(yaa ergamaa Rabbii), (Ummanni kaafiraalleen) arguuf jiraatan-

فَسَتُبۡصِرُ وَيُبۡصِرُونَ ٥

6. Siifii isaan (maraatummaan) eenyuutu mokkoramee beekuuf taa'an.

بِأَييِّكُمُ ٱلۡمَفۡتُونُ ٦

7. Rabbuma kheetii beekha nama kharaa isaarraa jallateefii, ammallee isumaa beekha nama kharaa qaceelloo irra jiru.

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ أَعۡلَمُ بِمَن ضَلَّ عَن
سَبِيلِهِۦ وَهُوَ أَعۡلَمُ بِٱلۡمُهۡتَدِينَ ٧

8. Tole jattee amrii isaanii hin godhin(warra Qur'aana Rabbii khijibsiise).

فَلَا تُطِعِ ٱلۡمُكَذِّبِينَ ٨

9. (ummanni kaafiraa) ni jaalatan odoo isaanii laaftee, isaaniis sii laaffatanii.

وَدُّواْ لَوۡ تُدۡهِنُ فَيُدۡهِنُونَ ٩

| | |
|---|---|
| 10. Tole jattee amrii isaanii hin godhin warra kijibaan khakhatu hunda. (Mahiin=Tuffatamaa) | وَلَا تُطِعۡ كُلَّ حَلَّافٖ مَّهِينٍ ١٠ |
| 11. Kha akkaan nama hamatu, faradaan nama jidduu deemuudhaan nama walitti diru. | هَمَّازٖ مَّشَّآءِۭ بِنَمِيمٖ ١١ |
| 12. Horii isaa kharaa Rabbii kheeysatti baasuurraa dhoorgataa khan tahe, badii dalaguu kheeysatti daangaa tarkaanfate, dilaawaa kha tahe. | مَّنَّاعٖ لِّلۡخَيۡرِ مُعۡتَدٍ أَثِيمٍ ١٢ |
| 13. Nama hamaa qalbii jabaatu, eega waan dubbanneetii kha abbaan isaa hin beekkamne. | عُتُلِّۭ بَعۡدَ ذَٰلِكَ زَنِيمٍ ١٣ |
| 14. Horiifii ilmaan qabaachuu jecha Rabbii kafre. | أَن كَانَ ذَا مَالٖ وَبَنِينَ ١٤ |
| 15. Yoo aayaanni Qur’aana kheenyaa irra qara’ame, ni ja’a(Qur’aanaan): “kijiba warra duraati ja’aan.” | إِذَا تُتۡلَىٰ عَلَيۡهِ ءَايَٰتُنَا قَالَ أَسَٰطِيرُ ٱلۡأَوَّلِينَ ١٥ |
| 16. Qara funyaan isaa irratti mallattoo isaaf goona! | سَنَسِمُهُۥ عَلَى ٱلۡخُرۡطُومِ ١٦ |
| 17. (kaafira Makkaa rooba irraa muruudhaan) isaan mokkorre, akkuma warra masnoo (balaa itti buusuudhaan) isaan mokkorretti, yeroo isaan khakhatan midhaan ooyruu isaanii ganama akka guurratan. | إِنَّا بَلَوۡنَٰهُمۡ كَمَا بَلَوۡنَآ أَصۡحَٰبَ ٱلۡجَنَّةِ إِذۡ أَقۡسَمُواْ لَيَصۡرِمُنَّهَا مُصۡبِحِينَ ١٧ |
| 18. Yoo Rabbiin ja’e waan janne. | وَلَا يَسۡتَثۡنُونَ ١٨ |
| 19. Balaan Rabbi biraa taate ooyruu isaaniitti buute, isaanii hirriiba jiran. | فَطَافَ عَلَيۡهَا طَآئِفٞ مِّن رَّبِّكَ وَهُمۡ نَآئِمُونَ ١٩ |
| 20. Gubachuu kheeysa akka halkan gurraachaa taate. | فَأَصۡبَحَتۡ كَٱلصَّرِيمِ ٢٠ |

| | |
|---|---|
| 21. Bariisaa kha’anii walitti lallaban. | فَتَنَادَوْاْ مُصْبِحِينَ ٢١ |
| 22. Gama ooyruu teeysanii ganamfadhaa, yoo nama murachuu deemu taatan. | أَنِ ٱغْدُواْ عَلَىٰ حَرْثِكُمْ إِن كُنتُمْ صَٰرِمِينَ ٢٢ |
| 23. Walitti hasaasaa gama ooyruu isaanii deeman. | فَٱنطَلَقُواْ وَهُمْ يَتَخَٰفَتُونَ ٢٣ |
| 24. (Waliin ja’an): “Miskaana tokkollee ooyruu teeysan hin naqinaa.” | أَن لَّا يَدْخُلَنَّهَا ٱلْيَوْمَ عَلَيْكُم مِّسْكِينٌ ٢٤ |
| 25. Ni ganamfatan, yaada midhaan ni murannaatiin. | وَغَدَوْاْ عَلَىٰ حَرْدٍ قَٰدِرِينَ ٢٥ |
| 26. (Ooyruu isaanii tan gubatte) hoggaa argan, “nuutu karaa bade” ja’an. | فَلَمَّا رَأَوْهَا قَالُوٓاْ إِنَّا لَضَآلُّونَ ٢٦ |
| 27. “Lakkii kharaa waan bannee, numaatu midhaan ooyruu teenyaa if hoongeeysee.” | بَلْ نَحْنُ مَحْرُومُونَ ٢٧ |
| 28. Irra beekhaan isaanii ni ja’e: “ani hoggaa sanuu maaliif yoo Rabbiin fedhe ja’uu dhabdan isiniin hin jannee.” | قَالَ أَوْسَطُهُمْ أَلَمْ أَقُل لَّكُمْ لَوْلَا تُسَبِّحُونَ ٢٨ |
| 29. Ni ja’an: “Rabbiin keenya qulqullaawe, numaatu lubbuu teenya miidhe (haqa hiyyeeysaa dhoorkachuudhaan).” | قَالُواْ سُبْحَٰنَ رَبِّنَآ إِنَّا كُنَّا ظَٰلِمِينَ ٢٩ |
| 30. Gariin isaanii walitti deebi’uudhaan wal komachutti seenan. | فَأَقْبَلَ بَعْضُهُمْ عَلَىٰ بَعْضٍ يَتَلَٰوَمُونَ ٣٠ |
| 31. Ni ja’an: “yaa khasaaraa teenya, numaatu kharaa Rabbiirraa jallate!- | قَالُواْ يَٰوَيْلَنَآ إِنَّا كُنَّا طَٰغِينَ ٣١ |
| 32. Rabbiin keenya ooyruu teenya caaltu nuu khannuun dhugaadha, nuti rahmata Rabbii kheenyaa ni khajeella.” | عَسَىٰ رَبُّنَآ أَن يُبْدِلَنَا خَيْرًا مِّنْهَآ إِنَّآ إِلَىٰ رَبِّنَا رَٰغِبُونَ ٣٢ |

33. Azaabni nama amrii Rabbii didee akkana(addunyaarratti), azaaba aakhiraatu irra akkaan jabaadha, osoo nama waa beekhu tahanii!

كَذَٰلِكَ ٱلۡعَذَابُۖ وَلَعَذَابُ ٱلۡأٓخِرَةِ أَكۡبَرُۚ لَوۡ كَانُواْ يَعۡلَمُونَ ﴿٣٣﴾

34. Warra Rabbi sodaateef, Rabbii isaanii bira jannata qananii isaanii jira.

إِنَّ لِلۡمُتَّقِينَ عِندَ رَبِّهِمۡ جَنَّٰتِ ٱلنَّعِيمِ ﴿٣٤﴾

35. Ummata islaamaa galata kheeysatti wal-qixxeeysinaa ummata kaafiraatiin?

أَفَنَجۡعَلُ ٱلۡمُسۡلِمِينَ كَٱلۡمُجۡرِمِينَ ﴿٣٥﴾

36. Maaliif murtii akkanaa murteeysitan (yaa ummata kaafiraa)?

مَا لَكُمۡ كَيۡفَ تَحۡكُمُونَ ﴿٣٦﴾

37. Kitaaba isin qaraatanii jiraa yaa (ummata kaafiraa).-

أَمۡ لَكُمۡ كِتَٰبٌ فِيهِ تَدۡرُسُونَ ﴿٣٧﴾

38. Waan isin feetanii aakhiratti isiniif jiraa khan ja'u?

إِنَّ لَكُمۡ فِيهِ لَمَا تَخَيَّرُونَ ﴿٣٨﴾

39. Takkaa khakhuu ahaddiin gad-jabeeyfamte tan hamma guyyaa qiyaamaa deemtu nu biraa qabdanii(yaa ummata kaafiraa) waan feetan ni arkattanii khan ja'u?

أَمۡ لَكُمۡ أَيۡمَٰنٌ عَلَيۡنَا بَٰلِغَةٌ إِلَىٰ يَوۡمِ ٱلۡقِيَٰمَةِ إِنَّ لَكُمۡ لَمَا تَحۡكُمُونَ ﴿٣٩﴾

40. Mee gaafadhu( yaa ergamaa Rabbii, ummata kaafiraa), eenyuutu isaanii if-qabe waan isaan fedhan aakhiratti ni argannaa khan ja'u!

سَلۡهُمۡ أَيُّهُم بِذَٰلِكَ زَعِيمٌ ﴿٤٠﴾

41. Rabbii gaditti Rabbii biraa qabanii (ummanni kaafiraa)?, mee haa fidan waan isaan Rabbii gaditti gabbaran san, yoo waan ja'an kheeysatti nama dhugaa dubbatu tahan.

أَمۡ لَهُمۡ شُرَكَآءُ فَلۡيَأۡتُواْ بِشُرَكَآئِهِمۡ إِن كَانُواْ صَٰدِقِينَ ﴿٤١﴾

42. Mee yaadadhu yaa ergamaa Rabbii guyyaa qiyaamaa, guyyaa cinqiin kheeysatti jabduu san, kha ummata kaafiraa sujuudaaf yaaman, Rabbiif sujuuda bu'uu hin dandayan

يَوۡمَ يُكۡشَفُ عَن سَاقٍ وَيُدۡعَوۡنَ إِلَى ٱلسُّجُودِ فَلَا يَسۡتَطِيعُونَ ﴿٤٢﴾

43. Ijji isaanii guyyaa san sodaattuu dha, xiqqeenyaatu fuula isaanii hagooga, duniyaarratti isaanii nagayaa

خَٰشِعَةً أَبۡصَٰرُهُمۡ تَرۡهَقُهُمۡ ذِلَّةٌۖ وَقَدۡ

fayyaa qaban, sujuudatti ajajamanii sujuuda bu’uu didan.

كَانُوا۟ يُدْعَوْنَ إِلَى ٱلسُّجُودِ وَهُمْ سَٰلِمُونَ
﴿٤٣﴾

44. Naafii warra Qur’aana kijibsiise walitti nu dhiisi(yaa ergamaa Rabbii), suuta suutaan isaan qabna, kharaa isaan hin beeyneen.

فَذَرْنِى وَمَن يُكَذِّبُ بِهَٰذَا ٱلْحَدِيثِ ۖ
سَنَسْتَدْرِجُهُم مِّنْ حَيْثُ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٤٤﴾

45. Baallamaan qabaafii itti hin jerjeru, malli khiyya jabaadha.

وَأُمْلِى لَهُمْ ۚ إِنَّ كَيْدِى مَتِينٌ ﴿٤٥﴾

46. (Ummata kaafiraa) ergaa itti geeysuu kheeysatti galata gaafattee, galanni san itti ulfaachuu jecha baasuu dadhabuudhaaf amanuu didanii?

أَمْ تَسْـَٔلُهُمْ أَجْرًا فَهُم مِّن مَّغْرَمٍ مُّثْقَلُونَ
﴿٤٦﴾

47. Kitaaba gheeybii waan fagoo dubbatuu isaan bira jiraa? kha isaan kitaaba sanirraa barreeyfatan.

أَمْ عِندَهُمُ ٱلْغَيْبُ فَهُمْ يَكْتُبُونَ ﴿٤٧﴾

48. Obsaan eegi (yaa ergamaa Rabbii)waan Rabbiin khee (Ummata kaafiraa) irratti murteeysu, akka Nabi yuunus ummata isaarratti dallanee kheeysaa deeme hin tahin, yeroo Rabbii isaatti waywaate garaa qurxummii kheeysaa, haala yaada guutamaa taheen.

فَٱصْبِرْ لِحُكْمِ رَبِّكَ وَلَا تَكُن كَصَاحِبِ
ٱلْحُوتِ إِذْ نَادَىٰ وَهُوَ مَكْظُومٌ ﴿٤٨﴾

49. Odoo (Nabi yuunus) rahmanni Rabbii isa dhaqqabuu baatee, silaa (garaa qurxummii kheeysaa) gammoojjii kheeysatti darbama, haala Rabbiin irra laaleen.

لَّوْلَآ أَن تَدَٰرَكَهُۥ نِعْمَةٌ مِّن رَّبِّهِۦ لَنُبِذَ
بِٱلْعَرَآءِ وَهُوَ مَذْمُومٌ ﴿٤٩﴾

50. Eegasii Rabbiin isa filatee, namoota gaariirraa isa godhe.

فَٱجْتَبَٰهُ رَبُّهُۥ فَجَعَلَهُۥ مِنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ﴿٥٠﴾

51. Ummanni kaafiraa ija hamtuun si laaluu kheeysatti lafatti si khuffisuuf dhihaatan, hoggaa qaraatii Qur’aanaa khee dhaggeeyfatan, “inni maraataadha” ja’an.

وَإِن يَكَادُ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ لَيُزْلِقُونَكَ
بِأَبْصَٰرِهِمْ لَمَّا سَمِعُوا۟ ٱلذِّكْرَ وَيَقُولُونَ

إِنَّهُۥ لَمَجۡنُونٞ ﴿٥١﴾

52. Qur’aanni khun gorsa aalamaa malee waan taane.

وَمَا هُوَ إِلَّا ذِكۡرٞ لِّلۡعَٰلَمِينَ ﴿٥٢﴾

## 69. Suurat Al-Haaqqa

## سُورَةُ الحَاقَّةِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Haaqqaa (Maqaa guyyaa qiyaamaati.)

ٱلۡحَآقَّةُ ﴿١﴾

2. Maali Haaqqaan?

مَا ٱلۡحَآقَّةُ ﴿٢﴾

3. Maaltu si beeysise waani Haaqqaan taate?

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا ٱلۡحَآقَّةُ ﴿٣﴾

4. Ummanni Samuudii fi ummanni ‘Aad guyyaa qiyaamaa ni kijibsiisan.

كَذَّبَتۡ ثَمُودُ وَعَادُۢ بِٱلۡقَارِعَةِ ﴿٤﴾

5. Ummanni Samuud (Nabi saalih) kijibsiisuudhaan iyyansa malaaykaatiin halaakaman.

فَأَمَّا ثَمُودُ فَأُهۡلِكُواْ بِٱلطَّاغِيَةِ ﴿٥﴾

6. Ummanni ‘Aad (Nabi Huud) kijibsiisuudhaan bubbee akkaan didichituun halaakaman.

وَأَمَّا عَادٞ فَأُهۡلِكُواْ بِرِيحٖ صَرۡصَرٍ عَاتِيَةٖ ﴿٦﴾

7. Halkan torbaafii guyyaa saddeet kha addaan hin cinne walitti dhaabee Rabbiin qilleensa itti gad-dhiise, Ummata san isaanii dhumanii ciciisan agarta, akka gufuu hundee muka

سَخَّرَهَا عَلَيۡهِمۡ سَبۡعَ لَيَالٖ وَثَمَٰنِيَةَ أَيَّامٍ
حُسُومٗا فَتَرَى ٱلۡقَوۡمَ فِيهَا صَرۡعَىٰ كَأَنَّهُمۡ

timiraa kheeysi qaawee tahan.

أَعْجَازُ نَخْلٍ خَاوِيَةٍ ٧

8. Mee isaanirraa nama tokkollee kha hafe wahi agartaa?

فَهَلْ تَرَىٰ لَهُم مِّنۢ بَاقِيَةٍ ٨

9. Fir’oownaafii warri isa duraalleen ni dhufan, ummata Rabbiin dachii gara galcheen dalagaa diliitiin dhufan.

وَجَآءَ فِرْعَوْنُ وَمَن قَبْلَهُۥ وَٱلْمُؤْتَفِكَٰتُ بِٱلْخَاطِئَةِ ٩

10. Ergamaa Rabbiin isaanitti erge ni didan, Rabbiin qabiitii jabduu isaan qabe.

فَعَصَوْا۟ رَسُولَ رَبِّهِمْ فَأَخَذَهُمْ أَخْذَةً رَّابِيَةً ١٠

11. Nuti gaafa bishaan hisaabaa bahe san, safiinaa (Nabi Nuuh) isin yaabbachiifne.

إِنَّا لَمَّا طَغَا ٱلْمَآءُ حَمَلْنَٰكُمْ فِى ٱلْجَارِيَةِ ١١

12. Galteen argamte san akka gorsa isinii taatuufi,
Akka gurri waa dhagahu ittiin gorfamuufi.

لِنَجْعَلَهَا لَكُمْ تَذْكِرَةً وَتَعِيَهَآ أُذُنٌ وَٰعِيَةٌ ١٢

13. Gaafa garriin duraa afuufamte,

فَإِذَا نُفِخَ فِى ٱلصُّورِ نَفْخَةٌ وَٰحِدَةٌ ١٣

14. Dachiifii gaarran malaaykaan olfuutee yeruma takkatti waliin dhahuudhaan dhukkee gooti.

وَحُمِلَتِ ٱلْأَرْضُ وَٱلْجِبَالُ فَدُكَّتَا دَكَّةً وَٰحِدَةً ١٤

15. Guyyaa san qiyaamaan taati.

فَيَوْمَئِذٍ وَقَعَتِ ٱلْوَاقِعَةُ ١٥

16. Guyyaan san guyyaa samiin babbaqayxee laaftuu taatu.

وَٱنشَقَّتِ ٱلسَّمَآءُ فَهِىَ يَوْمَئِذٍ وَاهِيَةٌ ١٦

17. Malaaykaan gaafa san moggatti irraa achi baatee dhaabbatti, Arshii Rabbii kheetii gaafa san malaaykoota saddeetiitu baadhata.

وَٱلْمَلَكُ عَلَىٰٓ أَرْجَآئِهَا ۚ وَيَحْمِلُ عَرْشَ رَبِّكَ فَوْقَهُمْ يَوْمَئِذٍ ثَمَٰنِيَةٌ ١٧

18. Guyyaa san fuula Rabbii dura fidamtan, dalagaan teeysan hundi isin duraa hin dhokhattu.

يَوۡمَئِذٖ تُعۡرَضُونَ لَا تَخۡفَىٰ مِنكُمۡ خَافِيَةٞ ١٨

19. Namni khenname kitaaba dalagaa isaa harka mirgaatiin, gammachuurraa ni ja’a “hoodhaa kitaaba kiyya khana naaf dubbisaa!”

فَأَمَّا مَنۡ أُوتِيَ كِتَٰبَهُۥ بِيَمِينِهِۦ فَيَقُولُ
هَآؤُمُ ٱقۡرَءُواْ كِتَٰبِيَهۡ ١٩

20. “Guyyaa qiyaamaa niin gaafatamaa beekheetiin addunyaa irratti gaarii dalage.”

إِنِّي ظَنَنتُ أَنِّي مُلَٰقٍ حِسَابِيَهۡ ٢٠

21. Jiruu jaalatamtuu jannataa kheeysatti jiraata.

فَهُوَ فِي عِيشَةٖ رَّاضِيَةٖ ٢١

22. Jannata darajaan isii ol-fuudhamtuu taate kheeysatti jiraata.

فِي جَنَّةٍ عَالِيَةٖ ٢٢

23. Midhaan isii kha akkaan namaa gad-dhihaatu.

قُطُوفُهَا دَانِيَةٞ ٢٣

24. (Isaaniin ni ja’ama): “Nyaadhaa dhugaa nyaata gaarii Jannataa, waan isin duniyaa irratti gaarii dalaydanii dabarfattaniif jecha.”

كُلُواْ وَٱشۡرَبُواْ هَنِيٓـَٔۢا بِمَآ أَسۡلَفۡتُمۡ فِي
ٱلۡأَيَّامِ ٱلۡخَالِيَةِ ٢٤

25. Namni khenname kitaaba dalagaa isaa harka bitaatiin, rifaatuurraa ni ja’a: “yaa shenaatoo osoon kitaaba khiyya khana khennamuu baadhee,-

وَأَمَّا مَنۡ أُوتِيَ كِتَٰبَهُۥ بِشِمَالِهِۦ فَيَقُولُ
يَٰلَيۡتَنِي لَمۡ أُوتَ كِتَٰبِيَهۡ ٢٥

26. “Osoon qoratamuu khiyya khana beekhuu baadhee.

وَلَمۡ أَدۡرِ مَا حِسَابِيَهۡ ٢٦

27. “Osoon akkumaan du’e saniin qabrii khaafamuu baadhee achumaan hafee.

يَٰلَيۡتَهَا كَانَتِ ٱلۡقَاضِيَةَ ٢٧

28. “Duniyaan tiyyalleen arraan tana waa nan fayyanne.

مَآ أَغۡنَىٰ عَنِّي مَالِيَهۡۜ ٢٨

29. “Mootummaafii darajaan tiyyalleen na duraa badde.”

هَلَكَ عَنِّي سُلۡطَٰنِيَهۡ ٢٩

| | |
|---|---|
| 30. (Rabbiin ni ja’aan): “Qabaa, harka isaa mormarratti ol-hidhaa,- | خُذُوهُ فَغُلُّوهُ ٣٠ |
| 31. “Eegasii ibidda jahannam seensisaa, | ثُمَّ ٱلۡجَحِيمَ صَلُّوهُ ٣١ |
| 32. “Ammallee sansalata dheerinni isaa dhundhuma torbaatam tahu itti naqaa.” | ثُمَّ فِي سِلۡسِلَةٖ ذَرۡعُهَا سَبۡعُونَ ذِرَاعٗا فَٱسۡلُكُوهُ ٣٢ |
| 33. Rabbii guddaa adunyaarratti kha dhugoomsu waan taane. | إِنَّهُۥ كَانَ لَا يُؤۡمِنُ بِٱللَّهِ ٱلۡعَظِيمِ ٣٣ |
| 34. Miskiina nyaachisuu kheeysatti kha nama khakhaasu waa hin taane! | وَلَا يَحُضُّ عَلَىٰ طَعَامِ ٱلۡمِسۡكِينِ ٣٤ |
| 35. Aanaan isaa guyyaa qiyaama san kha isaa waa godhuu dandahu waa hin jiru. | فَلَيۡسَ لَهُ ٱلۡيَوۡمَ هَٰهُنَا حَمِيمٞ ٣٥ |
| 36. Waan nyaatu waa hin qabu, malaa warra ibiddaa kheeysaa yaa’u yoo taate malee, | وَلَا طَعَامٌ إِلَّا مِنۡ غِسۡلِينٖ ٣٦ |
| 37. (Malaa warra ibiddaa san) namni nyaatu waan jiru warra dilaawaa tahe malee. | لَّا يَأۡكُلُهُۥٓ إِلَّا ٱلۡخَٰطِـُٔونَ ٣٧ |
| 38. Waan isin agartaniin khakhadhe. (khakhataan Rabbi.) | فَلَآ أُقۡسِمُ بِمَا تُبۡصِرُونَ ٣٨ |
| 39. Waan isin hin agarreeniis khakhadhe. (khakhataan Rabbi). | وَمَا لَا تُبۡصِرُونَ ٣٩ |
| 40. Qur’aana khana Jibriil Rabbi biratti kabajaa guddaa qabuutu sirra qara’a, yaa ergamaa Rabbii. | إِنَّهُۥ لَقَوۡلُ رَسُولٖ كَرِيمٖ ٤٠ |
| 41. Qur’aanni khun walaloo namni baasee miti, namni Qur’aana khana dhugoomsu hamma xiqqaadha. | وَمَا هُوَ بِقَوۡلِ شَاعِرٖۚ قَلِيلٗا مَّا تُؤۡمِنُونَ ٤١ |
| 42. Ammallee Qur’aanni khun jecha warra nama raaga laaluutii miti, Namni qur’aana khanaan gorfamu hamma | وَلَا بِقَوۡلِ كَاهِنٖۚ قَلِيلٗا مَّا تَذَكَّرُونَ ٤٢ |

xiqqaadha.

43. Qur’aanni khun Rabbii aalamaa biraa buufame.

تَنزِيلٌ مِّن رَّبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿٤٣﴾

44. Osoo (Nabi Muhammad) garii jechaa waaniin isatti hin buusin (Qur’aanatti) itti ida’ee,

وَلَوۡ تَقَوَّلَ عَلَيۡنَا بَعۡضَ ٱلۡأَقَاوِيلِ ﴿٤٤﴾

45. Jabeeysinee harka mirgaatiin isa qabna.

لَأَخَذۡنَا مِنۡهُ بِٱلۡيَمِينِ ﴿٤٥﴾

46. Eegasii hidda onnee isaa muruudhaan (ajjeefna).

ثُمَّ لَقَطَعۡنَا مِنۡهُ ٱلۡوَتِينَ ﴿٤٦﴾

47. Namni tokkolleen isinirraa isa adabuurraa khan na dhoorkuu dandahu waa hin jiru

فَمَا مِنكُم مِّنۡ أَحَدٍ عَنۡهُ حَٰجِزِينَ ﴿٤٧﴾

48. (Qur’aanni) khun gorsa warra Rabbi sodaatuuti.

وَإِنَّهُۥ لَتَذۡكِرَةٞ لِّلۡمُتَّقِينَ ﴿٤٨﴾

49. Isinirraa nama (Qur’aana) kijibsiisullee ni beeyna.

وَإِنَّا لَنَعۡلَمُ أَنَّ مِنكُم مُّكَذِّبِينَ ﴿٤٩﴾

50. (Qur’aanni khun) guyyaa boruu ummata kaafiraa irratti sheenaa tahuuf taa’a.

وَإِنَّهُۥ لَحَسۡرَةٌ عَلَى ٱلۡكَٰفِرِينَ ﴿٥٠﴾

51. (Qur’aanni khun) kalaama Rabbii tahuun haqa beekkamaa dha.

وَإِنَّهُۥ لَحَقُّ ٱلۡيَقِينِ ﴿٥١﴾

52. Maqaa Rabbii kheetii guddaa waan isaan hin malle hundarraa qulqulleeysi.

فَسَبِّحۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلۡعَظِيمِ ﴿٥٢﴾

# 70. Suurat Al-Ma'aarij

# سُورَةُ المَعَارِجِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

سَأَلَ سَآئِلُۢ بِعَذَابٖ وَاقِعٖ ١

1. Gaafataan ni gaafate, azaaba inninuu argamuuf taa'u.

لِّلۡكَٰفِرِينَ لَيۡسَ لَهُۥ دَافِعٞ ٢

2. Namni azaaba san ummata kaafiraa irraa deebisu waa hin jiru,

مِّنَ ٱللَّهِ ذِي ٱلۡمَعَارِجِ ٣

3. Azaabni sanuu Rabbi biraa khan argamu, khan malaaykaan gama isaa ol-baatu,

تَعۡرُجُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ وَٱلرُّوحُ إِلَيۡهِ فِي يَوۡمٖ
كَانَ مِقۡدَارُهُۥ خَمۡسِينَ أَلۡفَ سَنَةٖ ٤

4. Malaaykaafii Jibriil illeen gama isaa ol bahan, guyyaan qiyaamaa san guyyaa dheerinni rakkoo isaa ummata kaafiraa irratti Rabbiin amata kum shantam isaan irratti godhu.

فَٱصۡبِرۡ صَبۡرٗا جَمِيلًا ٥

5. Obsa gaarii obsi (yaa ergamaa Rabbii)

إِنَّهُمۡ يَرَوۡنَهُۥ بَعِيدٗا ٦

6. Ummanni kaafiraa guyyaa qiyaamaa fagoo sehan.

وَنَرَىٰهُ قَرِيبٗا ٧

7. Nuti dhihoo tahuu garra.

يَوۡمَ تَكُونُ ٱلسَّمَآءُ كَٱلۡمُهۡلِ ٨

8. Guyyaan san guyyaa samiin akka rajaa zeytaa taatu.

وَتَكُونُ ٱلۡجِبَالُ كَٱلۡعِهۡنِ ٩

9. Guyyaan san guyyaa gaarran akka suufa carqaawee (dulloomee) tahan.

وَلَا يَسۡـَٔلُ حَمِيمٌ حَمِيمٗا ١٠

10. Guyyaan san guyyaa aanaan aanaa ofii haala kheeysa jiru hin gaafanne.

11. Ni garsiifaman, kaafirri ni gaabba, osoo ibidda guyyaa sanii duraa ilmaan isaatiin of bitee jaalata.

يُبَصَّرُونَهُمْ ۚ يَوَدُّ ٱلْمُجْرِمُ لَوْ يَفْتَدِى مِنْ
عَذَابِ يَوْمِئِذٍۭ بِبَنِيهِ ﴿١١﴾

12. Warraa fii obbaleeysa isaatiin if bitee jaalata.

وَصَـٰحِبَتِهِۦ وَأَخِيهِ ﴿١٢﴾

13. Gosa isaa tan isa maxxanfattuun osoo if bitee jaalata.

وَفَصِيلَتِهِ ٱلَّتِى تُـْٔوِيهِ ﴿١٣﴾

14. Ammallee waan dachiirra jiru hundaan if bitee mataa isaatiin najaa bahuu jaalata.

وَمَن فِى ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا ثُمَّ يُنجِيهِ ﴿١٤﴾

15. Yaada akkanaa irraa haa dhoorgamuu! ibadda belbelatti gubachuu taa’a,-

كَلَّآ ۖ إِنَّهَا لَظَىٰ ﴿١٥﴾

16. Ibiddi san khalloo mataa gubduu dha.

نَزَّاعَةً لِّلشَّوَىٰ ﴿١٦﴾

17. Ibidii san nama diin Rabbiirraa gara gale ifitti yaamti.

تَدْعُوا۟ مَنْ أَدْبَرَ وَتَوَلَّىٰ ﴿١٧﴾

18. Nama horii walitti qabee ol khaayuudhaan haqa hiyyeeysaa irraa hin baasinillee ifitti yaamti.

وَجَمَعَ فَأَوْعَىٰٓ ﴿١٨﴾

19. Ilmi namaa haala bololaa tahuu irratti uumame;

۞ إِنَّ ٱلْإِنسَـٰنَ خُلِقَ هَلُوعًا ﴿١٩﴾

20. Yoo hamtuun isa tuuyxe obsa dhabuudhaan waywaata;

إِذَا مَسَّهُ ٱلشَّرُّ جَزُوعًا ﴿٢٠﴾

21. Yoo horiillee argate dhoorkataa dha;

وَإِذَا مَسَّهُ ٱلْخَيْرُ مَنُوعًا ﴿٢١﴾

22. Warra salaatu malee;

إِلَّا ٱلْمُصَلِّينَ ﴿٢٢﴾

23. Warra salaata isaanii jabeeyfachuudhaan hin dhiifne malee.

ٱلَّذِينَ هُمْ عَلَىٰ صَلَاتِهِمْ دَآئِمُونَ ﴿٢٣﴾

| | |
|---|---|
| 24. Warra horii isaanii kheeysa haqni beekkamaan jiru malee- | وَٱلَّذِينَ فِيٓ أَمۡوَٰلِهِمۡ حَقّٞ مَّعۡلُومٞ ٢٤ |
| 25. Nama waa khadhatuufii, nama nama hin khadhanneefillee horii isaa irraa khan khennu malee. | لِّلسَّآئِلِ وَٱلۡمَحۡرُومِ ٢٥ |
| 26. Ammallee isaan warra guyyaa galataa dhugoomsan. | وَٱلَّذِينَ يُصَدِّقُونَ بِيَوۡمِ ٱلدِّينِ ٢٦ |
| 27. Ammallee isaan warra azaaba Rabbii sodaatan. | وَٱلَّذِينَ هُم مِّنۡ عَذَابِ رَبِّهِم مُّشۡفِقُونَ ٢٧ |
| 28. Azaabni Rabbii isaanii hin amanamu. | إِنَّ عَذَابَ رَبِّهِمۡ غَيۡرُ مَأۡمُونٖ ٢٨ |
| 29. Ammallee isaan warra oowraa (humna hormaataa) isaanii tiiyfatan. | وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِفُرُوجِهِمۡ حَٰفِظُونَ ٢٩ |
| 30. Warraa fii gabroottan isaanii yoo taate malee, warraa fii gabroottan isaanii irratti hin komatan (hin zigaalaman). | إِلَّا عَلَىٰٓ أَزۡوَٰجِهِمۡ أَوۡ مَا مَلَكَتۡ أَيۡمَٰنُهُمۡ فَإِنَّهُمۡ غَيۡرُ مَلُومِينَ ٣٠ |
| 31. Namni warraafii gabroottan isaatii alatti haraam dalaguu barbaade, isaan warra daangaa Rabbii tarkaanfachuudhaan hamtuu dalage; | فَمَنِ ٱبۡتَغَىٰ وَرَآءَ ذَٰلِكَ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡعَادُونَ ٣١ |
| 32. Ammallee isaan warra amaanaafii ’ahadii (baallama) isaanii tiiyfatan; | وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِأَمَٰنَٰتِهِمۡ وَعَهۡدِهِمۡ رَٰعُونَ ٣٢ |
| 33. Ammallee isaan warra ragaa haqaa bahan; | وَٱلَّذِينَ هُم بِشَهَٰدَٰتِهِمۡ قَآئِمُونَ ٣٣ |
| 34. Ammallee isaan warra salaata shanan tiiyfachuudhaan hin qadeeysine; | وَٱلَّذِينَ هُمۡ عَلَىٰ صَلَاتِهِمۡ يُحَافِظُونَ ٣٤ |
| 35. Warri sifa akkanaa qabu, warra jannata Rabbiitiin qananeeyfaman. | أُوْلَٰٓئِكَ فِي جَنَّٰتٖ مُّكۡرَمُونَ ٣٥ |

36. Maaliif Ummanni kaafiraa gama khee orihan (yaa ergamaa Rabbii)?

فَمَالِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ قِبَلَكَ مُهۡطِعِينَ ٣٦

37. Mirgaa bitaan, tuuta tuutaan.

عَنِ ٱلۡيَمِينِ وَعَنِ ٱلشِّمَالِ عِزِينَ ٣٧

38. Ummanni kaafiraa hundi jannata seensifamanii qanani’uu khajeellaa qabanii?

أَيَطۡمَعُ كُلُّ ٱمۡرِيٕٖ مِّنۡهُمۡ أَن يُدۡخَلَ جَنَّةَ نَعِيمٖ ٣٨

39. Yaada akkanaa irraa haa dhoorgamanii! Nuti waan isaan beekan irraa isaan uumne.

كَلَّآۖ إِنَّا خَلَقۡنَٰهُم مِّمَّا يَعۡلَمُونَ ٣٩

40. Rabbii baha fi dhiha aduu uumeen khakhadhe, nuti dandahoo dha,

فَلَآ أُقۡسِمُ بِرَبِّ ٱلۡمَشَٰرِقِ وَٱلۡمَغَٰرِبِ إِنَّا لَقَٰدِرُونَ ٤٠

41. Ummata kaafiraa san dhabamsiifnee uumaa isaan caaltu fiduurratti dandahoo dha; nu duraa bahuufii nu dadhabsiisuullee hin dandayan.

عَلَىٰٓ أَن نُّبَدِّلَ خَيۡرٗا مِّنۡهُمۡ وَمَا نَحۡنُ بِمَسۡبُوقِينَ ٤١

42. Itti dhiisi (yaa ergamaa Rabbii), hamtuu hunda seenuudhaan haa laaqqatanii, duniyaa isaaniitiinillee haa taphatanii, hamma guyyaa baallama isaanii qunnamanitti.

فَذَرۡهُمۡ يَخُوضُواْ وَيَلۡعَبُواْ حَتَّىٰ يُلَٰقُواْ يَوۡمَهُمُ ٱلَّذِى يُوعَدُونَ ٤٢

43. Guyyaan qiyaamaa san guyyaa isaan daddaffiidhaan qabrii bahan, Fakkiin isaanii akka nama gama waan gabbaruu orihuuti.-

يَوۡمَ يَخۡرُجُونَ مِنَ ٱلۡأَجۡدَاثِ سِرَاعٗا كَأَنَّهُمۡ إِلَىٰ نُصُبٖ يُوفِضُونَ ٤٣

44. Ijji isaanii sodaattuu haala taateen, xiqqeenyaaatu fuula isaanii hagooga, guyyaan qiyaamaa san guyyaa Rabbiin baallama isaanii godhe.

خَٰشِعَةً أَبۡصَٰرُهُمۡ تَرۡهَقُهُمۡ ذِلَّةٞۚ ذَٰلِكَ ٱلۡيَوۡمُ ٱلَّذِى كَانُواْ يُوعَدُونَ ٤٤

# 71. Suurat Nooh

# سُورَةُ نُوحٍ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Nuti nabi nuuh ummata isaatti ni ergine, ummata kheetiif dinniini osoo azaabni laaleeysaan isaanitti hin dhufan.

إِنَّآ أَرۡسَلۡنَا نُوحًا إِلَىٰ قَوۡمِهِۦٓ أَنۡ أَنذِرۡ قَوۡمَكَ مِن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَهُمۡ عَذَابٌ أَلِيمٞ ١

2. Nabi Nuuh ni ja'e: “yaa ummata khiyya ani dirree baheetiin azaaba Rabbiirraa isiniif diinniina;

قَالَ يَٰقَوۡمِ إِنِّي لَكُمۡ نَذِيرٞ مُّبِينٌ ٢

3. “Rabbi qofa gabbaraa, isuma sodaadhaa, amrii khiyya godhaa.

أَنِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ وَٱتَّقُوهُ وَأَطِيعُونِ ٣

4. “Rabbiin dilii teeysan isiniif araarama, Rabbiin umrii teeysan booda aansa hamma baallamni du'aa inni ja’e geeysutti. Baallamni Rabbiin isiniif itti qabe booda hin aanfamu, osoo kha waa beeytan taatanii.”

يَغۡفِرۡ لَكُم مِّن ذُنُوبِكُمۡ وَيُؤَخِّرۡكُمۡ إِلَىٰٓ أَجَلٖ مُّسَمًّىۚ إِنَّ أَجَلَ ٱللَّهِ إِذَا جَآءَ لَا يُؤَخَّرُۖ لَوۡ كُنتُمۡ تَعۡلَمُونَ ٤

5. Nabi nuuh Rabbiin ni ja'e: “ani halkanii guyyaan ummata khiyya kharaa kheetirra yaame;

قَالَ رَبِّ إِنِّي دَعَوۡتُ قَوۡمِي لَيۡلٗا وَنَهَارٗا ٥

6. “ yaamiinsi khiyya dheefa malee isaaniif hin idaane-

فَلَمۡ يَزِدۡهُمۡ دُعَآءِيٓ إِلَّا فِرَارٗا ٦

| | |
|---|---|
| 7. “Lakkumaan ani isaan yaamu hunda, akka isaaniif araaramtuuf, qubbeen isaanii gurra kheeysa khaayan gorsa dhagayuu diddaaf, ammallee huccuu isaaniitiin if hagoogan, kufrii irratti didan, Rabbitti amanuu irraa akkaan boonan. | وَإِنِّي كُلَّمَا دَعَوۡتُهُمۡ لِتَغۡفِرَ لَهُمۡ جَعَلُوٓاْ أَصَٰبِعَهُمۡ فِيٓ ءَاذَانِهِمۡ وَٱسۡتَغۡشَوۡاْ ثِيَابَهُمۡ وَأَصَرُّواْ وَٱسۡتَكۡبَرُواْ ٱسۡتِكۡبَارٗا ٧ |
| 8. “Eegasii ammallee sagalee ol fuudheetiin kharaa Rabbiirratti isaan yaame; | ثُمَّ إِنِّي دَعَوۡتُهُمۡ جِهَارٗا ٨ |
| 9. “Ammallee yeroo garii ifa baasee, yeroo garii dhooysee imaanarratti isaan yaame, | ثُمَّ إِنِّيٓ أَعۡلَنتُ لَهُمۡ وَأَسۡرَرۡتُ لَهُمۡ إِسۡرَارٗا ٩ |
| 10. “Rabbii kheeysan araarama khadhadhaan ja'een. Rabbiin dilii kha akkaan namaaf araaramu tahe; | فَقُلۡتُ ٱسۡتَغۡفِرُواْ رَبَّكُمۡ إِنَّهُۥ كَانَ غَفَّارٗا ١٠ |
| 11. “Rabbiin rooba walitti isiniif dhaaba; | يُرۡسِلِ ٱلسَّمَآءَ عَلَيۡكُم مِّدۡرَارٗا ١١ |
| 12. “Horii fii ilmaan isiniif heddumeeysuudhaan tola isinii oola, ammallee ooyruu hedduu isinii magarsa, laggeen hedduu isiniif yaasa. | وَيُمۡدِدۡكُم بِأَمۡوَٰلٖ وَبَنِينَ وَيَجۡعَل لَّكُمۡ جَنَّٰتٖ وَيَجۡعَل لَّكُمۡ أَنۡهَٰرٗا ١٢ |
| 13. “Maaliif guddina Rabbii sodaachuu dhabdan, (yaa ummata kaafiraa)? | مَّا لَكُمۡ لَا تَرۡجُونَ لِلَّهِ وَقَارٗا ١٣ |
| 14. “Dhugaa, Rabbiin suuta suutaan isin uume.(Nuxfaarra alaqaa, alaqqaarraa mudghaa) | وَقَدۡ خَلَقَكُمۡ أَطۡوَارًا ١٤ |
| 15. “Hin agartanii yaa ilmaan namaa, akkaataa Rabbiin samii torba wal gubbaa godhee uume, | أَلَمۡ تَرَوۡاْ كَيۡفَ خَلَقَ ٱللَّهُ سَبۡعَ سَمَٰوَٰتٖ طِبَاقٗا ١٥ |

| | |
|---|---|
| 16. “Rabbiin ji'a kheeysatti ifaa godhe, ammallee aduudhaaf ifaa jabaa godheef. | وَجَعَلَ ٱلْقَمَرَ فِيهِنَّ نُورًا وَجَعَلَ ٱلشَّمْسَ سِرَاجًا ١٦ |
| 17. “Rabbiin dandeeytii isaatiin biyyeerraa isin uume, | وَٱللَّهُ أَنۢبَتَكُم مِّنَ ٱلْأَرْضِ نَبَاتًا ١٧ |
| 18. “Eegasii hoggaa duutan dachi deebitanii awwaalamtan, guyyaa qiyaamaa qabriidhaa khaafamtan, | ثُمَّ يُعِيدُكُمْ فِيهَا وَيُخْرِجُكُمْ إِخْرَاجًا ١٨ |
| 19. “Rabbiin dachii isinii ballise | وَٱللَّهُ جَعَلَ لَكُمُ ٱلْأَرْضَ بِسَاطًا ١٩ |
| 20. “Akka kheeysa kharaa godhattanii deemtaniif.” | لِّتَسْلُكُوا۟ مِنْهَا سُبُلًا فِجَاجًا ٢٠ |
| 21. Nabi Nuuh Rabbiin ni ja'e: “isaan na didan, nama horii isaatiifii ilmaan isaa khasaaraa malee hin idaaneef jala deeman, | قَالَ نُوحٌ رَّبِّ إِنَّهُمْ عَصَوْنِى وَٱتَّبَعُوا۟ مَن لَّمْ يَزِدْهُ مَالُهُۥ وَوَلَدُهُۥٓ إِلَّا خَسَارًا ٢١ |
| 22. “Ummanni kaafiraa mala gurguddaa baasan- | وَمَكَرُوا۟ مَكْرًا كُبَّارًا ٢٢ |
| 23. Ummanni kaafiraa ni ja'an: ‘waan gabbartan hin dhiisinaa, hin dhiisinaa waddii, suwaa’a, yaghuusa, ya’uuqa fi nasraa;’ | وَقَالُوا۟ لَا تَذَرُنَّ ءَالِهَتَكُمْ وَلَا تَذَرُنَّ وَدًّا وَلَا سُوَاعًا وَلَا يَغُوثَ وَيَعُوقَ وَنَسْرًا ٢٣ |
| 24. “Dhugaa gurguddaan kaafiraa nama hedduu jallisan, Yaa Rabbi ummata kaafiraa jallina malee hin ida'iniif.” | وَقَدْ أَضَلُّوا۟ كَثِيرًا ۖ وَلَا تَزِدِ ٱلظَّٰلِمِينَ إِلَّا ضَلَٰلًا ٢٤ |
| 25. Sababaa dilii isaaniitiin Rabbiin bishaaniin isaan halaake, ibidda seensifaman, Rabbii gaditti namni isaanii tumsee azaaba Rabbii duraa isaan baasu waan arganne. | مِّمَّا خَطِيٓـَٰٔتِهِمْ أُغْرِقُوا۟ فَأُدْخِلُوا۟ نَارًا فَلَمْ يَجِدُوا۟ لَهُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ أَنصَارًا ٢٥ |

26. Nabi Nuuh Rabbiin ni ja'e: “dachii irratti kaafira tokkollee hin dhiisin!

وَقَالَ نُوحٌ رَّبِّ لَا تَذَرْ عَلَى ٱلْأَرْضِ مِنَ
ٱلْكَٰفِرِينَ دَيَّارًا ﴿٢٦﴾

27. “Yaa Rabbi yoo orma jallaa san dachii irratti dhiifte, gabroottan khee jallisan, kaafira badaa malee hin dhalan.

إِنَّكَ إِن تَذَرْهُمْ يُضِلُّوا۟ عِبَادَكَ وَلَا
يَلِدُوٓا۟ إِلَّا فَاجِرًا كَفَّارًا ﴿٢٧﴾

28. “Yaa Rabbi naafii haadhaa abbaa khiyyaaf araarami, mu'umina mana khiyya seeneefillee araarami, dhiira mu'uminaatiifii dubartii mu'uminaatiifillee araarami, yaa Rabbi ummata kaafiraa halaakaafii khasaaraa malee hin ida'iniif!”

رَّبِّ ٱغْفِرْ لِى وَلِوَٰلِدَىَّ وَلِمَن دَخَلَ
بَيْتِىَ مُؤْمِنًا وَلِلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ وَلَا
تَزِدِ ٱلظَّٰلِمِينَ إِلَّا تَبَارًۢا ﴿٢٨﴾

## 72. Suurat Al-Jinn

## سُورَةُ الجِنّ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Rabbiin na beeysise ja’ii (ummata keetiif himi yaa ergamaa Rabbii): “jama’aan jinni anaa salaata subii kheeysatti quraana qara’u qaraatii tiyya dhaggeeyfatan, ‘nuti quraana ajaa’iba qabu dhageenye’ ja’an.

قُلْ أُوحِىَ إِلَىَّ أَنَّهُ ٱسْتَمَعَ نَفَرٌ مِّنَ ٱلْجِنِّ
فَقَالُوٓا۟ إِنَّا سَمِعْنَا قُرْءَانًا عَجَبًا ﴿١﴾

2. ‘Qur’aana kharaa haqaa nama

يَهْدِىٓ إِلَى ٱلرُّشْدِ فَـَٔامَنَّا بِهِۦ ۖ وَلَن نُّشْرِكَ

qaceelchu, Qur’aana sanitti amanne’ ja’anii ummata isaanii gorsan, ‘arra booda Rabbii kheenya waan takkallee isatti idaanee hin gabbarru.’

بِرَبِّنَآ أَحَدًا ٢

3. ‘Guddinni Rabbii kheenyaa ol-tahe, Rabbiin jaartiifii ilmoollee hin qabu.

وَأَنَّهُۥ تَعَٰلَىٰ جَدُّ رَبِّنَا مَا ٱتَّخَذَ صَٰحِبَةً وَلَا وَلَدًا ٣

4. ‘Goowwaan kheenya Rabbirra kijiba khan khaayu tahe.

وَأَنَّهُۥ كَانَ يَقُولُ سَفِيهُنَا عَلَى ٱللَّهِ شَطَطًا ٤

5. ‘Nuti (jammaan jinnii) wanni seene, ilma namaatiifii jinniin kijiba Rabbirra ni kaayan jannee waa hin yaanne.

وَأَنَّا ظَنَنَّآ أَن لَّن تَقُولَ ٱلْإِنسُ وَٱلْجِنُّ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًا ٥

6. ‘Dhiirti ilma namaa dhiira jinni gurguddoon kha maganfatan tahan, maganfachuun ilma namaa jinniidhaaf boonaafii jallina ida’eef.

وَأَنَّهُۥ كَانَ رِجَالٌ مِّنَ ٱلْإِنسِ يَعُوذُونَ بِرِجَالٍ مِّنَ ٱلْجِنِّ فَزَادُوهُمْ رَهَقًا ٦

7. ‘Kaafirri jinnii ni sehan akkuma isin kaafirri namaa seetanitti, Rabbiin nama tokkollee guyyaa qiyaamaa qabriidhaa hin kaasuu.

وَأَنَّهُمْ ظَنُّوا۟ كَمَا ظَنَنتُمْ أَن لَّن يَبْعَثَ ٱللَّهُ أَحَدًا ٧

8. ‘Nuti (jammaan jinnii) samii ol-bahuu barbaannee, samiin malaaykaa jajjaboofii belbela ibiddaatiin tan guutamtu tahuu agarre.

وَأَنَّا لَمَسْنَا ٱلسَّمَآءَ فَوَجَدْنَٰهَا مُلِئَتْ حَرَسًا شَدِيدًا وَشُهُبًا ٨

9. ‘Nuti (jama’aan jinnii) osoo Nabi Muhammad hin ergamin duratti, samiirraa bakka teenyee oduu malaaykaan walii odeeysitu caqafnuutu

وَأَنَّا كُنَّا نَقْعُدُ مِنْهَا مَقَٰعِدَ لِلسَّمْعِ ۖ فَمَن يَسْتَمِعِ ٱلْـَٔانَ يَجِدْ لَهُۥ شِهَابًا رَّصَدًا ٩

nuuf jira, eega Nabi Muhammad ergamee, namni nurraa akka duritti waa caqasuuf samitti ol-deeme, belbela isa gubuutu qopheeyfameef.

10. ‘Nuti (jama’aan jinnii) warra dachiidhaa hamtuu isaaniin fedhe moo, takkaa Rabbiin kheeyrii isaaniin fedhee waa hin beeyne.

وَأَنَّا لَا نَدۡرِيٓ أَشَرٌّ أُرِيدَ بِمَن فِي ٱلۡأَرۡضِ
أَمۡ أَرَادَ بِهِمۡ رَبُّهُمۡ رَشَدٗا ١٠

11. ‘Nuti (jama’aa Jinniirraa) nama gaariitu jira, nurraa nama gaarii hin tahiniitu jira; kharaa adda addaa irra jirra.

وَأَنَّا مِنَّا ٱلصَّٰلِحُونَ وَمِنَّا دُونَ ذَٰلِكَۖ كُنَّا
طَرَآئِقَ قِدَدٗا ١١

12. ‘Nuti (jama’aan jinnii) dachii kheeysatti Rabbi dadhabsiisuu akka hin dandeenye ni beeyne, dheeysineetiis duraa bahuu akka hin dandeenye ni beeyne.

وَأَنَّا ظَنَنَّآ أَن لَّن نُّعۡجِزَ ٱللَّهَ فِي ٱلۡأَرۡضِ
وَلَن نُّعۡجِزَهُۥ هَرَبٗا ١٢

13. ‘Nuti (jama’aan jinnii) hoggaa Qur’aana dhageenye itti amanne. Namni Rabbii isaa dhugoomse, Rabbiin dalagaa gaarii tiyya na duraa irrisaafii diliin ani hin dalagin narra khaayaa hin sodaatu.

وَأَنَّا لَمَّا سَمِعۡنَا ٱلۡهُدَىٰٓ ءَامَنَّا بِهِۦۖ فَمَن
يُؤۡمِنۢ بِرَبِّهِۦ فَلَا يَخَافُ بَخۡسٗا وَلَا رَهَقٗا
١٣

14. ‘Nuti (jama’aa jinniirraa) nama amantii Islaamaa seeneetu jira, nurraa khan Rabbitti kafreetu jira.’ Namni amantii Islaamaa seene kharaa gaarii qaceelloo qabate."

وَأَنَّا مِنَّا ٱلۡمُسۡلِمُونَ وَمِنَّا ٱلۡقَٰسِطُونَۖ
فَمَنۡ أَسۡلَمَ فَأُوْلَٰٓئِكَ تَحَرَّوۡاْ رَشَدٗا ١٤

15. Warri kharaa haqaarraa goruudhaan Rabbitti kafre, dhugumaan qoraan jahannam tahan.

وَأَمَّا ٱلْقَٰسِطُونَ فَكَانُوا۟ لِجَهَنَّمَ حَطَبًا
﴿١٥﴾

16. Osoo ummanni amantii Islaamaa qabachuudhaan kharaa qaceelanii, Rooba isaanii heddummeeysuudhaan jiruu duniyaa itti ballifna.

وَأَلَّوِ ٱسْتَقَٰمُوا۟ عَلَى ٱلطَّرِيقَةِ لَأَسْقَيْنَٰهُم
مَّآءً غَدَقًا ﴿١٦﴾

17. Isaan Mokkoruudhaaf, namni gorsa Qur'aanaa irraa gara gale, Rabbiin azaaba jabaa isa seensisa.

لِّنَفْتِنَهُمْ فِيهِ ۚ وَمَن يُعْرِضْ عَن ذِكْرِ رَبِّهِۦ
يَسْلُكْهُ عَذَابًا صَعَدًا ﴿١٧﴾

18. Masjiidni ibaadaa Rabbiitiif jaarame, Rabbii waliin waan takkallee hin gabbarinaa.

وَأَنَّ ٱلْمَسَٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا۟ مَعَ ٱللَّهِ
أَحَدًا ﴿١٨﴾

19. Hoggaa (nabi Muhammad) ibaadaa Rabbiitiif dhaabbate, (jama'aan Jinnii) Qur'aana isaa caqasuudhaaf wal gubbaa bahuuf dhihaatan.

وَأَنَّهُۥ لَمَّا قَامَ عَبْدُ ٱللَّهِ يَدْعُوهُ كَادُوا۟
يَكُونُونَ عَلَيْهِ لِبَدًا ﴿١٩﴾

20. "Ani Rabbii kiyyaan gabbara" ja'iin (yaa ergamaa Rabbii), "waan takkallee isatti ida'uudhaan hin gabbaru."

قُلْ إِنَّمَآ أَدْعُوا۟ رَبِّى وَلَآ أُشْرِكُ بِهِۦٓ أَحَدًا
﴿٢٠﴾

21. "Hamtuu takkallee isinirraa deebisuu hin dandahu, kheeyriillee isinii fiduu hin dandahu" ja'iin (yaa ergamaa Rabbii).

قُلْ إِنِّى لَآ أَمْلِكُ لَكُمْ ضَرًّا وَلَا رَشَدًا ﴿٢١﴾

22. "Azaaba Rabbii duraa nam-tokkolleen na baasuu hin dandahu, Rabbii gaditti irkoon itti irkadhu waa

قُلْ إِنِّى لَن يُجِيرَنِى مِنَ ٱللَّهِ أَحَدٌ وَلَنْ أَجِدَ
مِن دُونِهِۦ مُلْتَحَدًا ﴿٢٢﴾

hin argadhu” ja’iin (yaa ergamaa Rabbii).

23. “Yoon ergaa Rabbii isinitti fide malee azaaba Rabbii duraa bahuu hin dandahu, namni amrii Rabbiitiifii tan Rasuulaa dide ibadda jahannamii isaa jira, zalaalam kheeysatti taha.” ja’iin (yaa ergamaa Rabbii).

إِلَّا بَلَٰغًا مِّنَ ٱللَّهِ وَرِسَٰلَٰتِهِۦۚ وَمَن يَعۡصِ
ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ فَإِنَّ لَهُۥ نَارَ جَهَنَّمَ خَٰلِدِينَ
فِيهَآ أَبَدًا ٢٣

24. Ummanni kaafiraa azaaba Rabbiin baallama seeneef hoggaa argan, beekhuuf taa’an nama tumsa xiqqaatuufii gurmuu xiqqaatullee.

حَتَّىٰٓ إِذَا رَأَوۡاْ مَا يُوعَدُونَ فَسَيَعۡلَمُونَ مَنۡ
أَضۡعَفُ نَاصِرٗا وَأَقَلُّ عَدَدٗا ٢٤

25. Ja’iin (yaa ergamaa Rabbii): “Ani waan beekhu, azaaba Rabbiin baallama isiniif seene dhihotti isinitti taha moo, takkaa Rabbiin isinirraa achi fageeysaa waa hin beekhu.

قُلۡ إِنۡ أَدۡرِيٓ أَقَرِيبٞ مَّا تُوعَدُونَ أَمۡ
يَجۡعَلُ لَهُۥ رَبِّيٓ أَمَدًا ٢٥

26. “Rabbiin khan waan fagoo beekhu, beekkoomsa waan fagoo namtokkollee waa hin beeysifne.”

عَٰلِمُ ٱلۡغَيۡبِ فَلَا يُظۡهِرُ عَلَىٰ غَيۡبِهِۦٓ أَحَدًا
٢٦

27. Nama ifii beeysisuu fedhe malee ergaa isaarraa, Rabbiin duraa duuba ergaa isaa malaaykaa isa eeydu isaaf godha.

إِلَّا مَنِ ٱرۡتَضَىٰ مِن رَّسُولٖ فَإِنَّهُۥ يَسۡلُكُ
مِنۢ بَيۡنِ يَدَيۡهِ وَمِنۡ خَلۡفِهِۦ رَصَدٗا ٢٧

28. Rabbiin ni beekha ergamoonni isaa ergaa firraa dabarsanii, haala isaanii hunda akkaan beekha, lakkoofsa uumaa hunda Rabbiin ni beekha.

لِّيَعۡلَمَ أَن قَدۡ أَبۡلَغُواْ رِسَٰلَٰتِ رَبِّهِمۡ وَأَحَاطَ
بِمَا لَدَيۡهِمۡ وَأَحۡصَىٰ كُلَّ شَيۡءٍ عَدَدَۢا ٢٨

# 73. Suurat Al-Muzammil

# سُورَةُ المُزَّمِّلِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Yaa khan huccuu mammaratee ciisu!

يَٰٓأَيُّهَا ٱلۡمُزَّمِّلُ ﴿١﴾

2. Salaata halkanii kha’ii salaati hamma xiqqaa raftu malee (yaa ergamaa Rabbii)

قُمِ ٱلَّيۡلَ إِلَّا قَلِيلٗا ﴿٢﴾

3. Halkan cinaa saa dhaabbadhu, yookaa cinaarraa xiqqo irraa irrisi.

نِّصۡفَهُۥٓ أَوِ ٱنقُصۡ مِنۡهُ قَلِيلًا ﴿٣﴾

4. Takkaa cinaa irratti ida’uudhaan harka lama dhaabbadhu, Qur’aana hoggaa qaraatu suuta qara’i.

أَوۡ زِدۡ عَلَيۡهِ وَرَتِّلِ ٱلۡقُرۡءَانَ تَرۡتِيلًا ﴿٤﴾

5. Nuti Qur’aana khabajaa guddaa qabu sirratti buufna (yaa ergamaa Rabbii).

إِنَّا سَنُلۡقِي عَلَيۡكَ قَوۡلٗا ثَقِيلًا ﴿٥﴾

6. Salaata halkan hirriiba itti kha’anii salaataniitu qalbiidhaan akkaan wal fudhatti, qaraatii Qur’aanaatiifillee yeroo santu gaariidha.

إِنَّ نَاشِئَةَ ٱلَّيۡلِ هِيَ أَشَدُّ وَطۡـٔٗا وَأَقۡوَمُ قِيلًا ﴿٦﴾

7. Ati guyyaa kheeysa yeroo dheertuu qabda waan itti haajamte dalaguudhaaf.

إِنَّ لَكَ فِي ٱلنَّهَارِ سَبۡحٗا طَوِيلٗا ﴿٧﴾

| | |
|---|---|
| 8. Maqaa Rabbii kheetii faarsi, waan hundarraa gama Rabbii kheetii citi. | وَٱذۡكُرِ ٱسۡمَ رَبِّكَ وَتَبَتَّلۡ إِلَيۡهِ تَبۡتِيلٗا ٨ |
| 9. Rabbiin bahaa fi dhiha aduu khan uume, haqaan gabbaramaan Rabbi malee waa hin jiru. Rabbuma irkoo godhadhu. | رَّبُّ ٱلۡمَشۡرِقِ وَٱلۡمَغۡرِبِ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ<br>فَٱتَّخِذۡهُ وَكِيلٗا ٩ |
| 10. Waan ummanni kaafiraa siin ja’anirratti obsi, oodiinsa gaarii isaaniin oodi (yaa ergamaa Rabbii). | وَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَا يَقُولُونَ وَٱهۡجُرۡهُمۡ هَجۡرٗا<br>جَمِيلٗا ١٠ |
| 11. Naafii warra Qur’aana kijibsiise khanneen duniyaadhaan isaan qananiise walitti nu dhiisi, yeroo gabaabduu takka qabiif. | وَذَرۡنِي وَٱلۡمُكَذِّبِينَ أُوْلِي ٱلنَّعۡمَةِ وَمَهِّلۡهُمۡ<br>قَلِيلًا ١١ |
| 12. Waan namaan jiilchinu hundi nu bira jira, ammallee ibidda jahannamii isaanii jira. | إِنَّ لَدَيۡنَآ أَنكَالٗا وَجَحِيمٗا ١٢ |
| 13. Nyaata fokkataa isaan hudhuu isaaniif jira, ammallee azaaba laaleeysaa isaaniif jira. | وَطَعَامٗا ذَا غُصَّةٖ وَعَذَابًا أَلِيمٗا ١٣ |
| 14. Guyyaan san guyyaa dachii fii gaarran sossoohan, gaarran akka cirracha hurraayee tahan. | يَوۡمَ تَرۡجُفُ ٱلۡأَرۡضُ وَٱلۡجِبَالُ وَكَانَتِ<br>ٱلۡجِبَالُ كَثِيبٗا مَّهِيلًا ١٤ |
| 15. Nuti nabi Muhammad isinitti ergine khan ragaa isinirratti bahu, akkuma (mootii misraa) Fir’oonatti | إِنَّآ أَرۡسَلۡنَآ إِلَيۡكُمۡ رَسُولٗا شَٰهِدًا عَلَيۡكُمۡ<br>كَمَآ أَرۡسَلۡنَآ إِلَىٰ فِرۡعَوۡنَ رَسُولٗا ١٥ |

(nabi Muusaa) erginetti.

16. Fir’oownaan ergaa Rabbii dura dhaabbachuudhaan itti amanuu dide, qabiitii jabduu isa qabne.

فَعَصَىٰ فِرۡعَوۡنُ ٱلرَّسُولَ فَأَخَذۡنَٰهُ أَخۡذٗا
وَبِيلٗا ١٦

17. Maa azaaba Rabbii sodaachuu dhabdan yeroo Rabbitti kafartan? Guyyaan san guyyaa joolleen xixiqqoon naasuu fi rifaatuurraa arrooytu.

فَكَيۡفَ تَتَّقُونَ إِن كَفَرۡتُمۡ يَوۡمٗا يَجۡعَلُ
ٱلۡوِلۡدَٰنَ شِيبًا ١٧

18. Kha samiin babbaqeyxu, guyyaa Rabbiin baallama namaa seene san waa hin oolu.

ٱلسَّمَآءُ مُنفَطِرُۢ بِهِۦۚ كَانَ وَعۡدُهُۥ مَفۡعُولًا
١٨

19. Suuraan tun gorsituudha, isinirraa namni fedhe waan gaarii dalagee gama Rabbii isaa haa deemuu!

إِنَّ هَٰذِهِۦ تَذۡكِرَةٞۖ فَمَن شَآءَ ٱتَّخَذَ إِلَىٰ
رَبِّهِۦ سَبِيلًا ١٩

20. Rabbiin kee akka ati halkanirraa harka lamaa gad salaataaf dhaabbachaa bultu ni beekha, ammallee cinaa halkanii takkaa harka takka salaataa bultu ni beekha, gariin sahaabaalleen akka sii wajjiin dhaabbachaa bulan Rabbiin ni beekha. Qiyaasa halkaniifii guyyaa Rabbumaatu beekha. Salaata halkanii dhaabbachaa buluu akka hin dandeenye ni beekha, toowbaa isinii qeebaluudhaan (salaata halkanii isinirratti laaffise). Hamma dandeeysan salaata halkanii salaataa. Isinirraa gariin kheeysan dhukkubsataa tahuudhaan halkan dhaabbachaa buluu

۞إِنَّ رَبَّكَ يَعۡلَمُ أَنَّكَ تَقُومُ أَدۡنَىٰ مِن ثُلُثَيِ
ٱلَّيۡلِ وَنِصۡفَهُۥ وَثُلُثَهُۥ وَطَآئِفَةٞ مِّنَ ٱلَّذِينَ
مَعَكَۚ وَٱللَّهُ يُقَدِّرُ ٱلَّيۡلَ وَٱلنَّهَارَۚ عَلِمَ أَن
لَّن تُحۡصُوهُ فَتَابَ عَلَيۡكُمۡۖ فَٱقۡرَءُواْ مَا تَيَسَّرَ
مِنَ ٱلۡقُرۡءَانِۚ عَلِمَ أَن سَيَكُونُ مِنكُم
مَّرۡضَىٰ وَءَاخَرُونَ يَضۡرِبُونَ فِي ٱلۡأَرۡضِ
يَبۡتَغُونَ مِن فَضۡلِ ٱللَّهِ وَءَاخَرُونَ يُقَٰتِلُونَ
فِي سَبِيلِ ٱللَّهِۖ فَٱقۡرَءُواْ مَا تَيَسَّرَ مِنۡهُۚ

وَأَقِيمُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتُواْ ٱلزَّكَوٰةَ وَأَقۡرِضُواْ
ٱللَّهَ قَرۡضًا حَسَنٗاۚ وَمَا تُقَدِّمُواْ لِأَنفُسِكُم
مِّنۡ خَيۡرٖ تَجِدُوهُ عِندَ ٱللَّهِ هُوَ خَيۡرٗا وَأَعۡظَمَ
أَجۡرٗاۚ وَٱسۡتَغۡفِرُواْ ٱللَّهَۖ إِنَّ ٱللَّهَ غَفُورٞ رَّحِيمُۢ
٢٠

akka hin dandeenye Rabbiin ni beekha, gariin kheeysan biyya kheeysa naggadaaf deemuudhaan rizqii Rabbii barbaaddan, gariin kheeysan jihaada gootan kharaa Rabbii kheeysatti. Hamma dandeeysan salaata halkaniirraa salaataa, ammallee salaata shanan salaataa, duniyaa teeysan irraa zakaa baafadhaa, sadaqaa sunnaadhaa kharaa Rabbii kheeysatti khannadhaa. Gaarii waan sadaqqatanii dabarfattan galata isaa Rabbi biraa ni argattan, galata Rabbi biraa argattaniitu irra guddaadha waan sadaqqatani dabarfattanirra. Araarama Rabbirraa barbaadaa. Rabbiin araaramaa, abbaa rahmataati.

## 74. Suurat Al-Muddathir

## سُورَةُ المُدَّثِّر

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلۡمُدَّثِّرُ ١

1. Yaa kha huccuu mammaratee ciisu!

قُمۡ فَأَنذِرۡ ٢

2. Kha'ii ummataaf dinniini!

وَرَبَّكَ فَكَبِّرۡ ٣

3. Rabbii khee waan isaan hin malle hundarraa guddisi!

4. Huccuutee xaahari!

وَثِيَابَكَ فَطَهِّرۡ ٤

5. Footoo (sanama) gabbaruurraa fagaadhu!

وَٱلرُّجۡزَ فَٱهۡجُرۡ ٥

6. Waan xiqqoo namaa khannitee guddoo namarraa hin eeggatin!

وَلَا تَمۡنُن تَسۡتَكۡثِرُ ٦

7. Rabbii kheetii jecha obsi!

وَلِرَبِّكَ فَٱصۡبِرۡ ٧

8. Afuuffaan lamaanii hoggaa afuufamte,

فَإِذَا نُقِرَ فِي ٱلنَّاقُورِ ٨

9. Guyyaan qiyaamaa san guyyaa jabaadha-

فَذَٰلِكَ يَوۡمَئِذٖ يَوۡمٌ عَسِيرٌ ٩

10. Kaafiraaf guyyaan qiyaamaa san guyyaa laafaa miti.

عَلَى ٱلۡكَٰفِرِينَ غَيۡرُ يَسِيرٖ ١٠

11. Naafii namaan ani khophaa uume walitti nu dhiisi (Al-Waliid bin Al-Mughiiraa Al-Makhzuumii).

ذَرۡنِي وَمَنۡ خَلَقۡتُ وَحِيدٗا ١١

12. Duniyaa hedduu isaa khannuudhaan itti ballise.

وَجَعَلۡتُ لَهُۥ مَالٗا مَّمۡدُودٗا ١٢

13. Kha ilmaan isaa yeroo hunda bira jiran.

وَبَنِينَ شُهُودٗا ١٣

14. Khaniin waa hunda kheeysatti isaaf ballise.

وَمَهَّدتُّ لَهُۥ تَمۡهِيدٗا ١٤

15. Eegasii akkaan isaaf duniyaa ida’uuf khajeele.

ثُمَّ يَطۡمَعُ أَنۡ أَزِيدَ ١٥

16. Lakkii! hin idaanuuf, inni aayaata Qur’aana kheenyaa dura dhaabbachuudhaan itti amanuu dide.

كَلَّآۖ إِنَّهُۥ كَانَ لِأٓيَٰتِنَا عَنِيدٗا ١٦

| | |
|---|---|
| 17. Gaara ibiddaa ol-bahuurratti isa dirqina! | سَأُرْهِقُهُۥ صَعُودًا ١٧ |
| 18. Waan Qur’aanaan ja’u qopheeyfachuudhaan yaadutti seene. | إِنَّهُۥ فَكَّرَ وَقَدَّرَ ١٨ |
| 19. Halaakame! Waan Qur’aanaan ja’u akkamitti qopheeyfata? | فَقُتِلَ كَيْفَ قَدَّرَ ١٩ |
| 20. Ammallee halaakame! Waan Qur’aanaan ja’u akkamitti qopheeyfata! | ثُمَّ قُتِلَ كَيْفَ قَدَّرَ ٢٠ |
| 21. If-cinaa lallaale. | ثُمَّ نَظَرَ ٢١ |
| 22. Fuula akkaan walitti guure; | ثُمَّ عَبَسَ وَبَسَرَ ٢٢ |
| 23. Eegasii iimanarraa gara galee, (kharaa ergamaan Rabbii itti isa yaamurraa) boone. | ثُمَّ أَدْبَرَ وَٱسْتَكْبَرَ ٢٣ |
| 24. Ni ja’e: “Qur’aanni khuni waa hin taane falfala(sihrii) namarraa barate malee, | فَقَالَ إِنْ هَٰذَآ إِلَّا سِحْرٌ يُؤْثَرُ ٢٤ |
| 25. “Qur’aanni khuni waa hin taane jecha ilma namaa malee!” | إِنْ هَٰذَآ إِلَّا قَوْلُ ٱلْبَشَرِ ٢٥ |
| 26. Ibidda saqar ja’amuun isa naquuf taa’a. | سَأُصْلِيهِ سَقَرَ ٢٦ |
| 27. Maaltu si beeysise waan saqar taate? | وَمَآ أَدْرَىٰكَ مَا سَقَرُ ٢٧ |
| 28. Foon namaa hin hambiftu, lafeellee hin dhiiftu. | لَا تُبْقِى وَلَا تَذَرُ ٢٨ |
| 29. Ibiddi san qaama namaa gubduudha. | لَوَّاحَةٌ لِّلْبَشَرِ ٢٩ |

30. Malaaykaa kudha sagal ibidda sanirratti goone.

عَلَيۡهَا تِسۡعَةَ عَشَرَ ٣٠

31. Warra ibidda eegu malaaykaa jajjaboo malee waa hin goone. Lakkoofsa malaaykoota san waan goone akka ummanni kaafiraa jallataniif malee, wanni lakkoofsa isaanii hangas gooneef akka warri kitaaba kennaman nabi Muhammad ergamaa Rabbii tahuu isaa hubataniifi, akka warri Rabbi dhugoomse imaana ida’atuuf, akka warri kitaaba kennamee fii ummanni mu’uminaa lakkoofsa malaaykaa san hin shakkineef, warra qalbii isaanii kheeysa dhukkubni munaafiqummaa jiruufii kaafiroonni: “malaaykaa kudha sagalan san Rabbiin maal itti fedhe?” akka isaan ja’aniifi. Fakkii tanaan Rabbiin nama fedhe jallisa, nama fedhellee ni qaceelcha. Waraana Rabbii kheetii namni beekhu waa hin jiru Rabbi malee. Ibiddi dubbatamuun san waa hin taane, akka ilmi namaa ittiin gorfamu malee.

وَمَا جَعَلۡنَآ أَصۡحَٰبَ ٱلنَّارِ إِلَّا مَلَٰٓئِكَةٗۙ وَمَا
جَعَلۡنَا عِدَّتَهُمۡ إِلَّا فِتۡنَةٗ لِّلَّذِينَ كَفَرُواْ
لِيَسۡتَيۡقِنَ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ وَيَزۡدَادَ
ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِيمَٰنٗاۙ وَلَا يَرۡتَابَ ٱلَّذِينَ
أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡمُؤۡمِنُونَۙ وَلِيَقُولَ ٱلَّذِينَ
فِي قُلُوبِهِم مَّرَضٞ وَٱلۡكَٰفِرُونَ مَاذَآ أَرَادَ ٱللَّهُ
بِهَٰذَا مَثَلٗاۚ كَذَٰلِكَ يُضِلُّ ٱللَّهُ مَن يَشَآءُ
وَيَهۡدِي مَن يَشَآءُۚ وَمَا يَعۡلَمُ جُنُودَ رَبِّكَ
إِلَّا هُوَۚ وَمَا هِيَ إِلَّا ذِكۡرَىٰ لِلۡبَشَرِ ٣١

32. Lakkii! Ji’aan khakhadhe.

كَلَّا وَٱلۡقَمَرِ ٣٢

33. Deemiinsa halkaniitiinis khakhadhe.

وَٱلَّيۡلِ إِذۡ أَدۡبَرَ ٣٣

34. Ifa bariisaatiin khakhadhe.

وَٱلصُّبۡحِ إِذَآ أَسۡفَرَ ٣٤

35. Ibiddi jahannam balaa gurguddoorraa takka.

إِنَّهَا لَإِحۡدَى ٱلۡكُبَرِ ٣٥

36. (Ibiddi jahannam dubbatamuun) ilma namaatiif dinniinuudha.

نَذِيرٗا لِّلۡبَشَرِ ٣٦

37. Namni isinirraa Rabbi dhihaachuu fedhe (kheeyrii carraaquudhaan), takkaa namni isinirraa ibiddatti booda aanuu fedhe (waan hamtuu dalaguudhaan),

لِمَن شَآءَ مِنكُمۡ أَن يَتَقَدَّمَ أَوۡ يَتَأَخَّرَ ٣٧

38. Lubbuun hundi balleeysaa isiitiif Rabbiin isii qaba,

كُلُّ نَفۡسِۭ بِمَا كَسَبَتۡ رَهِينَةٌ ٣٨

39. Warra galmee dalagaa isaanii harka mirgaatiin fudhatan malee.

إِلَّآ أَصۡحَٰبَ ٱلۡيَمِينِ ٣٩

40. Warri jannataa, jannata kheeysatti wal gaafatan,

فِي جَنَّٰتٖ يَتَسَآءَلُونَ ٤٠

41. Abbootii jallinaa irraa(wal gaafatan):

عَنِ ٱلۡمُجۡرِمِينَ ٤١

42. “Ibidda saqar ja’amu maaltu isin naqe?”

مَا سَلَكَكُمۡ فِي سَقَرَ ٤٢

43. Ummanni jallaan san ni ja’an: “duniyaa irratti nuti warra salaaturraa waa hin taane,

قَالُواْ لَمۡ نَكُ مِنَ ٱلۡمُصَلِّينَ ٤٣

44. “ miskiina beelawaallee khan nyaachifnu waa hin taane;

وَلَمۡ نَكُ نُطۡعِمُ ٱلۡمِسۡكِينَ ٤٤

45. “Warra amantii Islaamaa arrabsuu waliin arrabsuu turre.

وَكُنَّا نَخُوضُ مَعَ ٱلۡخَآئِضِينَ ٤٥

46. “Guyyaa galataa kijibsiisuu turre.

وَكُنَّا نُكَذِّبُ بِيَوۡمِ ٱلدِّينِ ٤٦

47. “Hamma duuti nutti dhuftee ijaan agarrutti.”

حَتَّىٰٓ أَتَىٰنَا ٱلۡيَقِينُ ٤٧

48. Ummata san waa hin fayyaddu magantaan warra Rabbirraa magantaa namaa barbaaduu.

فَمَا تَنفَعُهُمۡ شَفَٰعَةُ ٱلشَّٰفِعِينَ ٤٨

| | |
|---|---|
| 49. Maaltu isaan arkatee, gorsa Qur’aanaarraa gara galan? | فَمَا لَهُمۡ عَنِ ٱلتَّذۡكِرَةِ مُعۡرِضِينَ ﴿٤٩﴾ |
| 50. Fakkiin isaanii akka harree waa dheeysituuti. | كَأَنَّهُمۡ حُمُرٞ مُّسۡتَنفِرَةٞ ﴿٥٠﴾ |
| 51. Harreen sanuu khan leenca dheeysitu. | فَرَّتۡ مِن قَسۡوَرَةِۭ ﴿٥١﴾ |
| 52. Dhugaa, ummanni kaafiraa hundi ni jaalatan namuu matatti kitaabni Rabbi biraa isaaniif bu’uu. | بَلۡ يُرِيدُ كُلُّ ٱمۡرِيٕٖ مِّنۡهُمۡ أَن يُؤۡتَىٰ صُحُفٗا مُّنَشَّرَةٗ ﴿٥٢﴾ |
| 53. Lakkii! Duuneeti guyyaa aakhiraa khaafamnaa hin sodaatan. | كَلَّاۖ بَل لَّا يَخَافُونَ ٱلۡأٓخِرَةَ ﴿٥٣﴾ |
| 54. Lakkii! Qur’aanni khuni gorsaadha. | كَلَّآ إِنَّهُۥ تَذۡكِرَةٞ ﴿٥٤﴾ |
| 55. Abbaan fedhe gorsa Qur’aanaatiin haa gorfamuu. | فَمَن شَآءَ ذَكَرَهُۥ ﴿٥٥﴾ |
| 56. Nama Rabbiin fedheen malee gorsa Qur’aanaatiin waa hin gorfaman; Rabbuma tokkicha khan isa sodaachuudhaan malu, ammallee Rabbuma tokkicha khan namaa araaramuun male. | وَمَا يَذۡكُرُونَ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُۚ هُوَ أَهۡلُ ٱلتَّقۡوَىٰ وَأَهۡلُ ٱلۡمَغۡفِرَةِ ﴿٥٦﴾ |

## 75. Suurat Al-Qiyaama

## سُورَةُ القِيَامَةِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

لَآ أُقۡسِمُ بِيَوۡمِ ٱلۡقِيَٰمَةِ ١

1. Guyyaa qiyaamaatin khakhadhe.

وَلَآ أُقۡسِمُ بِٱلنَّفۡسِ ٱللَّوَّامَةِ ٢

2. Lubbuu mu'uminaa if-zigaaltuun khakhadhe.

أَيَحۡسَبُ ٱلۡإِنسَٰنُ أَلَّن نَّجۡمَعَ عِظَامَهُۥ ٣

3. Ilmi namaa kha Rabbitti khafre khun lafee isaa walitti qabnee kha isa hin khaafne sehaa?

بَلَىٰ قَٰدِرِينَ عَلَىٰٓ أَن نُّسَوِّيَ بَنَانَهُۥ ٤

4. Dhugaa, nuti qubbeen isaa wal-qixxeeysinee deebisuu irratti dandayoo dha.

بَلۡ يُرِيدُ ٱلۡإِنسَٰنُ لِيَفۡجُرَ أَمَامَهُۥ ٥

5. Dhugaa! ilmi namaa qiyaamaa if-duraa tana kijibsiisuu yaada.

يَسۡـَٔلُ أَيَّانَ يَوۡمُ ٱلۡقِيَٰمَةِ ٦

6. "Guyyaan qiyaamaa san yoomi?" ja'eeti gaafata.

فَإِذَا بَرِقَ ٱلۡبَصَرُ ٧

7. Guyyaa ijji namaa rifaatuu kheeysa dhamaatu.

وَخَسَفَ ٱلۡقَمَرُ ٨

8. Guyyaa jiini nuurri irraa deemee dukkaanaawu.

وَجُمِعَ ٱلشَّمۡسُ وَٱلۡقَمَرُ ٩

9. Aduufii jiini walitti qabaman.

| | |
|---|---|
| 10. Ilmi namaa ni ja'a guyyaa qiyaamaa san: "eeysumattiin dheeysee duraa baha?" ja'a. | يَقُولُ ٱلۡإِنسَٰنُ يَوۡمَئِذٍ أَيۡنَ ٱلۡمَفَرُّ ١٠ |
| 11. Lakkii! Bakki itti azaaba Rabbii duraa bahaniin waa hin jiru! | كَلَّا لَا وَزَرَ ١١ |
| 12. Deebi'iin ilma namaa guyyaa qiyaamaa san gama Rabbii kheetiiti. | إِلَىٰ رَبِّكَ يَوۡمَئِذٍ ٱلۡمُسۡتَقَرُّ ١٢ |
| 13. Ilma namaatiif ni odeeyfamaaf, guyyaa qiyaamaa san, waan dalagee dabarseefii waan if boodatti dhiisellee. | يُنَبَّؤُاْ ٱلۡإِنسَٰنُ يَوۡمَئِذِۭ بِمَا قَدَّمَ وَأَخَّرَ ١٣ |
| 14. Dhugaa ilmi namaa balleeysaa ofii ni arga, | بَلِ ٱلۡإِنسَٰنُ عَلَىٰ نَفۡسِهِۦ بَصِيرَةٞ ١٤ |
| 15. Osoo rakkoo fedhe himatellee isa hin fayyaddu. | وَلَوۡ أَلۡقَىٰ مَعَاذِيرَهُۥ ١٥ |
| 16. Arraba khee hin sossoosin (yaa ergamaa Rabbii) akka daftee qabattuuf. | لَا تُحَرِّكۡ بِهِۦ لِسَانَكَ لِتَعۡجَلَ بِهِۦٓ ١٦ |
| 17. Qur'aana qoma tee kheeysatti walitti siif qabuun nurratti jirti. | إِنَّ عَلَيۡنَا جَمۡعَهُۥ وَقُرۡءَانَهُۥ ١٧ |
| 18. Hoggaa kharaa jibriiliin Qur'aana sirratti qaraane yaa ergamaa Rabbii, qaraatii isaa hordofuudhaan caqasi. | فَإِذَا قَرَأۡنَٰهُ فَٱتَّبِعۡ قُرۡءَانَهُۥ ١٨ |
| 19. Hiikkaa Qur'aanaa addaan siif baasuun nurratti jirti. | ثُمَّ إِنَّ عَلَيۡنَا بَيَانَهُۥ ١٩ |
| 20. Dhugaa isin jerjetuu duniyaa tana jaalattan, | كَلَّا بَلۡ تُحِبُّونَ ٱلۡعَاجِلَةَ ٢٠ |
| 21. Aakhiraaf dalaguu ni dhiiftan. | وَتَذَرُونَ ٱلۡأٓخِرَةَ ٢١ |

22. Fuulli Ummata mu’uminaa guyyaa qiyaamaa san iftuu dha;

وُجُوهٞ يَوۡمَئِذٖ نَّاضِرَةٌ ٢٢

23. Jannata kheeysatti Rabbii isii laalti.

إِلَىٰ رَبِّهَا نَاظِرَةٞ ٢٣

24. Fuulli ummata kaafiraa guyyaa qiyaamaa san walitti guuramtuu dha,

وَوُجُوهٞ يَوۡمَئِذِۭ بَاسِرَةٞ ٢٤

25. Lubbuun badii dalayde balaa duuyda isii khutuu irra dalagamaa ni beeyti.

تَظُنُّ أَن يُفۡعَلَ بِهَا فَاقِرَةٞ ٢٥

26. Lakkii! Hoggaa ruuhiin isaa bahuudhaaf kokkee geeyse,

كَلَّآ إِذَا بَلَغَتِ ٱلتَّرَاقِيَ ٢٦

27. Aanaan isaa ni ja’a: “eenyumaatu nuu wallaana?” ja’an.

وَقِيلَ مَنۡۜ رَاقٖ ٢٧

28. Namni shiddaan du’aa itti jirtu san ni beekha, duniyaa fi warra khiyyaan adda baanee;

وَظَنَّ أَنَّهُ ٱلۡفِرَاقُ ٢٨

29. Miilli lamaan walitti marama.

وَٱلۡتَفَّتِ ٱلسَّاقُ بِٱلسَّاقِ ٢٩

30. Lubbuun hundi guyyaa qiyaamaa san gama Rabbii kheetii oofamti!

إِلَىٰ رَبِّكَ يَوۡمَئِذٍ ٱلۡمَسَاقُ ٣٠

31. Qur’aana Rabbii hin dhugoomsine, Rabbiif hin salaanne!

فَلَا صَدَّقَ وَلَا صَلَّىٰ ٣١

32. Haataatuu Qur’aana Rabbii kijibsiisee, imaanarraa gara gale!

وَلَٰكِن كَذَّبَ وَتَوَلَّىٰ ٣٢

33. Boonaati gama warra isaa deeme!

ثُمَّ ذَهَبَ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِۦ يَتَمَطَّىٰٓ ٣٣

34. Siif wayya siif wayya yaa ilma namaa!

أَوۡلَىٰ لَكَ فَأَوۡلَىٰ ٣٤

35. Ammallee siif wayya siif wayya yaa ilma namaa!

ثُمَّ أَوْلَىٰ لَكَ فَأَوْلَىٰٓ ٣٥

36. Ilmi namaa guyyaa qiyaamaa gaaffii malee bilaash dhiifama sehaa.

أَيَحْسَبُ ٱلْإِنسَـٰنُ أَن يُتْرَكَ سُدًى ٣٦

37. Ilmi nama bishaan nuxfaa bultii afurtamaa garaa haadhaa bule hin taanee? bishaan sanuu gadaameeysaa haadhaatitti kha naqamu.

أَلَمْ يَكُ نُطْفَةً مِّن مَّنِىٍّ يُمْنَىٰ ٣٧

38. Eegasii ni tahe, dhiiga ititaa bultii saddeetamaa; Rabbiin isa uumee, uumaa isaa wal-qixxeeyse.

ثُمَّ كَانَ عَلَقَةً فَخَلَقَ فَسَوَّىٰ ٣٨

39. Dandeeytii isaatiin ilma namaa sanirraa qindii lama, dhiiraa dhalaa uume.

فَجَعَلَ مِنْهُ ٱلزَّوْجَيْنِ ٱلذَّكَرَ وَٱلْأُنثَىٰٓ ٣٩

40. Rabbiin bishaan laafaa sanirraa dhiiraa dhalaa uume dandayaa hin taanee? Nama du'e deebisee guyyaa qiyaamaa jiraachisuu irratti.

أَلَيْسَ ذَٰلِكَ بِقَـٰدِرٍ عَلَىٰٓ أَن يُحْـِۧىَ ٱلْمَوْتَىٰ ٤٠

## 76. Suurat Al-Insaan

## سورة الإنسان

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَـٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Dhugaa, ilma namaa zamanni dheeraan irra hin dabarree, nama ja'amee khan dubbatamin?

هَلْ أَتَىٰ عَلَى ٱلْإِنسَـٰنِ حِينٌ مِّنَ ٱلدَّهْرِ لَمْ يَكُن شَيْـًٔا مَّذْكُورًا ١

2. (Dandeeytii teenyaan) ilma namaa bishaan nuxfaa ja'amurraa isa

إِنَّا خَلَقْنَا ٱلْإِنسَـٰنَ مِن نُّطْفَةٍ أَمْشَاجٍ

uumne, bishaan sanuu khan dhiiraafii dhalaa irraa walitti makhame, isa laaluudhaaf, ilma namaa sanuu ni goone kha gurraan dhagahu khan ijaan argu.

نَّبۡتَلِيهِ فَجَعَلۡنَٰهُ سَمِيعَۢا بَصِيرًا ٢

3. Kharaa gaariifi hamaa addaan baafneef, takkaa mu'umina qananii Rabbii beekhee faarsu tahuu, yookaa hongawaa qananii Rabbiitti kafru tahuu.

إِنَّا هَدَيۡنَٰهُ ٱلسَّبِيلَ إِمَّا شَاكِرٗا وَإِمَّا كَفُورًا ٣

4. Ummata kaafiraatiif ni qopheeysineef sansalata hidhamaniin, harki isaanii morma irratti ol-hidhama, ibadda belbelatti gubatan.

إِنَّآ أَعۡتَدۡنَا لِلۡكَٰفِرِينَ سَلَٰسِلَاْ وَأَغۡلَٰلٗا وَسَعِيرًا ٤

5. Ummanni mu'uminaa farshoo jannataa irraa dhugan, farshoon sanuu laga kaafuur ja'amurraa khan areeramteef.

إِنَّ ٱلۡأَبۡرَارَ يَشۡرَبُونَ مِن كَأۡسٖ كَانَ مِزَاجُهَا كَافُورًا ٥

6. Lagni kaafuur sanuu laga gabroottan Rabbii irraa dhugan, gara fedhan yaafatan, yaafachuu.

عَيۡنٗا يَشۡرَبُ بِهَا عِبَادُ ٱللَّهِ يُفَجِّرُونَهَا تَفۡجِيرٗا ٦

7. Qodhaa Rabbiif ja'anii godhan ni guutan, guyyaa qiyaamaa ni sodaatan, kha hamtuun isaa faca'ee dachii samii wal gahu.

يُوفُونَ بِٱلنَّذۡرِ وَيَخَافُونَ يَوۡمٗا كَانَ شَرُّهُۥ مُسۡتَطِيرٗا ٧

8. Beelawaa nyaachisan, osoo nyaata san itti haajamanii, miskiina humaa hin qabneefii joolleen yataamaa nyaachisan, booji'amaa islaamaallee nyaachisan.

وَيُطۡعِمُونَ ٱلطَّعَامَ عَلَىٰ حُبِّهِۦ مِسۡكِينٗا وَيَتِيمٗا وَأَسِيرًا ٨

9. ( Ni ja'an): "Fuula Rabbii barbaadaaf isin nyaachifne, isinirraa hin feenu galata nuu galchuu, nu faarsuullee isinirraa hin feenu.

إِنَّمَا نُطۡعِمُكُمۡ لِوَجۡهِ ٱللَّهِ لَا نُرِيدُ مِنكُمۡ جَزَآءٗ وَلَا شُكُورًا ٩

10. “Nuti Rabbii keenyarraa sodaanna guyyaa fuulli namaa akkaan walitti guuramtu.”

إِنَّا نَخَافُ مِن رَّبِّنَا يَوْمًا عَبُوسًا قَمْطَرِيرًا ﴿١٠﴾

11. Hamtuu guyyaa qiyaamaa duraa Rabbiin isaan tiiyse, bareedummina ifa qananii isaanii khanne, gammachuu isaanii khanne.

فَوَقَىٰهُمُ ٱللَّهُ شَرَّ ذَٰلِكَ ٱلْيَوْمِ وَلَقَّىٰهُمْ نَضْرَةً وَسُرُورًا ﴿١١﴾

12. Rabbiin galata gaarii isaanii galche waan isaan ibaadaa Rabbii irratti obsaniif jecha, jannata kheeysatti hariira isaan uwwise.

وَجَزَىٰهُم بِمَا صَبَرُوا۟ جَنَّةً وَحَرِيرًا ﴿١٢﴾

13. Warri Jannataa sireelee jannataa irratti irkatan, Jannata kheeysatti oowwa aduu fi qabbanallee hin arkan.

مُّتَّكِـِٔينَ فِيهَا عَلَى ٱلْأَرَآئِكِ ۖ لَا يَرَوْنَ فِيهَا شَمْسًا وَلَا زَمْهَرِيرًا ﴿١٣﴾

14. Gaaddisni muka jannataa isaanii gad-dhihaatee gaaddiseeysaaf, midhaan muka jannataa isaaniif dhiheeyfamtuudha.

وَدَانِيَةً عَلَيْهِمْ ظِلَـٰلُهَا وَذُلِّلَتْ قُطُوفُهَا تَذْلِيلًا ﴿١٤﴾

15. Joollee jannataa tan isaan kaddamtuu isaanirra naannawa weelkaa meetaatiin, geeba birillee fakkaatu khan meetarraa tolfameen isaanirra naannawan.

وَيُطَافُ عَلَيْهِم بِـَٔانِيَةٍ مِّن فِضَّةٍ وَأَكْوَابٍ كَانَتْ قَوَارِيرَا۟ ﴿١٥﴾

16. Geebni sanuu birillee irraa khan tolfame. Qiyaasa nama dhuguurratti qiyaafamteef (shalagamteef).

قَوَارِيرَا۟ مِن فِضَّةٍ قَدَّرُوهَا تَقْدِيرًا ﴿١٦﴾

17. Warri jannataa ni obaafaman jannata kheeysatti farshoo laga zanjabiil ja’amurraa kha areeramteef.

وَيُسْقَوْنَ فِيهَا كَأْسًا كَانَ مِزَاجُهَا زَنجَبِيلًا ﴿١٧﴾

18. Lagni zanjabiil sanuu laga salsabiil ja’amee yaamamu.

عَيۡنٗا فِيهَا تُسَمَّىٰ سَلۡسَبِيلٗا ﴿١٨﴾

19. Joollee zalaalam hin guddanneetu khidmaaf isaanirra naannawa. Yoo ijoollee jannataa san agarte ni seeta bareeddummina kheeysa faaya faca’e fakkaatan.

۞ وَيَطُوفُ عَلَيۡهِمۡ وِلۡدَٰنٞ مُّخَلَّدُونَ إِذَا رَأَيۡتَهُمۡ حَسِبۡتَهُمۡ لُؤۡلُؤٗا مَّنثُورٗا ﴿١٩﴾

20. Yoo jannata Rabbii san agarte, ni agarta qananii jannataafii mootummaa Rabbii guddoo agarta.

وَإِذَا رَأَيۡتَ ثَمَّ رَأَيۡتَ نَعِيمٗا وَمُلۡكٗا كَبِيرًا ﴿٢٠﴾

21. Huccuu warri jannataa gubbaan uffatan hariira, bifti isaa magarroo dha, hariira furdifamaa tahees ni uffatan, shawaaliyaa meetaatiinis ni faayaman, Rabbiin isaanii dhugaatii gaarii xaahara taate isaan obaase.

عَٰلِيَهُمۡ ثِيَابُ سُندُسٍ خُضۡرٞ وَإِسۡتَبۡرَقٞۖ وَحُلُّوٓاْ أَسَاوِرَ مِن فِضَّةٖ وَسَقَىٰهُمۡ رَبُّهُمۡ شَرَابٗا طَهُورًا ﴿٢١﴾

22. (Isaaniin ni ja’ama): “khuni galata dalagaa waan isin addunyaa irratti dalaydaniiti, dalagaan teeysan hundi qeebalamtuu jaalatamtuudha Rabbi biratti.”

إِنَّ هَٰذَا كَانَ لَكُمۡ جَزَآءٗ وَكَانَ سَعۡيُكُم مَّشۡكُورًا ﴿٢٢﴾

23. Nutiitu Qur’aana sirratti buuse addaan babaasuudhaan (Yaa ergamaa Rabbii).

إِنَّا نَحۡنُ نَزَّلۡنَا عَلَيۡكَ ٱلۡقُرۡءَانَ تَنزِيلٗا ﴿٢٣﴾

24. Obsi (yaa ergamaa Rabbii) murtii Rabbiin khee godhurratti, tole jattee amrii nama dilaawaa fi kafraa hin godhin.

فَٱصۡبِرۡ لِحُكۡمِ رَبِّكَ وَلَا تُطِعۡ مِنۡهُمۡ ءَاثِمًا أَوۡ كَفُورٗا ﴿٢٤﴾

25. Rabbiif salaati (yaa ergamaa Rabbii) ganamaa fi galgala.

وَٱذۡكُرِ ٱسۡمَ رَبِّكَ بُكۡرَةٗ وَأَصِيلٗا ﴿٢٥﴾

26. Rabbiif jecha salaata halkanii salaati (yaa ergamaa Rabbii), waan Rabbiin hin malle hundarraa isa qulqulleeysi halkan keeysa.

وَمِنَ ٱلَّيۡلِ فَٱسۡجُدۡ لَهُۥ وَسَبِّحۡهُ لَيۡلٗا طَوِيلًا ﴿٢٦﴾

27. Ummanni kaafiraa jejertuu duniyaa jaalatan, guyyaa qiyaamaa kha amrii isaa akkaan ulfaattu if boodatti dhiisan.

إِنَّ هَٰٓؤُلَآءِ يُحِبُّونَ ٱلۡعَاجِلَةَ وَيَذَرُونَ
وَرَآءَهُمۡ يَوۡمٗا ثَقِيلٗا ٢٧

28. Dandeeytii teenyaan isaan uumne, humna isaanii jabeeysineef. Osoo feenee ummata kaafiraa san dachiirraa dhabamsiifnee bakka isaanii ummata biraa fiduudhaan jijjiirra.

نَّحۡنُ خَلَقۡنَٰهُمۡ وَشَدَدۡنَآ أَسۡرَهُمۡۖ وَإِذَا
شِئۡنَا بَدَّلۡنَآ أَمۡثَٰلَهُمۡ تَبۡدِيلًا ٢٨

29. Suuraan tun gorsituudha, namni Rabbiin kheeyrii isaan fedhe kharaa Rabbii isaa qabatee haa deemuu.

إِنَّ هَٰذِهِۦ تَذۡكِرَةٞۖ فَمَن شَآءَ ٱتَّخَذَ إِلَىٰ
رَبِّهِۦ سَبِيلٗا ٢٩

30. Fedhii teeysaniin waan takkallee dalaguu hin dandeeysan, yoo Rabbiin isiniin fedhe malee. Rabbiin beekhaadha, khan waan hunda bakka isiin maltu khaayu.

وَمَا تَشَآءُونَ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُۚ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ
عَلِيمًا حَكِيمٗا ٣٠

31. Rabbiin nama fedhe jannata isaa seensisa, kaafiraaf Rabbiin ibidda azaabaa khan akkaan nama laaleeysu qopheeyseef.

يُدۡخِلُ مَن يَشَآءُ فِي رَحۡمَتِهِۦۚ وَٱلظَّٰلِمِينَ
أَعَدَّ لَهُمۡ عَذَابًا أَلِيمَۢا ٣١

# 77. Suurat Al-Mursalaat

# سُورَةُ المُرۡسَلَاتِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Qilleensa walitti dhaabbattee bubbiftuun khakhadhe.

وَٱلۡمُرۡسَلَٰتِ عُرۡفٗا ١

2. Qilleensa akkaan dhukkee khaaftuun khakhadhe.

فَٱلۡعَٰصِفَٰتِ عَصۡفٗا ٢

3. Malaaykaa qilleensa ooftuun khakhadhe.

وَٱلنَّٰشِرَٰتِ نَشۡرٗا ٣

4. Malaaykaa haqaa fi baaxil addaan baaftuun khakhadhe.

فَٱلۡفَٰرِقَٰتِ فَرۡقٗا ٤

5. Malaaykaa Qur’aana buuftuun khakhadhe.

فَٱلۡمُلۡقِيَٰتِ ذِكۡرًا ٥

6. Guyyaa qiyaamaa ilma namaa waan himatu dhoorkuufi Rabbiin Qur’aana buuse, yookaan azaabaan isaan sodaachisuuf.

عُذۡرًا أَوۡ نُذۡرًا ٦

7. Qiyaamaan Rabbiin Qur’aanatti dubbate argamuuf teeysi.

إِنَّمَا تُوعَدُونَ لَوَٰقِعٞ ٧

8. Gaafa urjii nuurri irraa deemsifame.

فَإِذَا ٱلنُّجُومُ طُمِسَتۡ ٨

9. Yeroo samiin babbaqayxee.

وَإِذَا ٱلسَّمَآءُ فُرِجَتۡ ٩

10. Yeroo gaarran dachiirraa buqqa'ee deemsifaman.

وإذا الجبال نسفت ﴿١٠﴾

11. Yeroo ergamoota Rabbii baallamni qabameef.

وإذا الرسل أقتت ﴿١١﴾

12. Guyyaa khamiif baallamni ergamootaa booda aanfame?

لأي يوم أجلت ﴿١٢﴾

13. Guyyaa Rabbiin gabroottan isaa jidduutti amrii laalee, haqaafi baaxil addaan baasu.

ليوم الفصل ﴿١٣﴾

14. Maaltuu si beeysise, guyyaa haqaafii baaxil addaan bahu?

وما أدراك ما يوم الفصل ﴿١٤﴾

15. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

ويل يومئذ للمكذبين ﴿١٥﴾

16. Ummata duraa warra amanuu dide dachiirraa hin halaaknee?

ألم نهلك الأولين ﴿١٦﴾

17. Warra boodaatiis halaakuudhaan itti hin aansinee.

ثم نتبعهم الآخرين ﴿١٧﴾

18. Kaafira akkasuma goona.

كذلك نفعل بالمجرمين ﴿١٨﴾

19. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

ويل يومئذ للمكذبين ﴿١٩﴾

20. Isin hin uumnee yaa ilmaan namaa, bishaan laafaa dhiiraa dhalaa jidduu bahurraa?

ألم نخلقكم من ماء مهين ﴿٢٠﴾

21. Bishaan sanuu ni goone, bakka tiiyfamaa gadaameeysaa haadhaa kheeysatti.

فجعلناه في قرار مكين ﴿٢١﴾

22. Yeroo beekkamtuu Rabbi biratti beekkamaa taate.

إِلَىٰ قَدَرٍ مَّعْلُومٍ ﴿٢٢﴾

23. Dandeeytii teenyaan ilma namaa uumne. Rabbiin dandeeytii isaatiin ilma namaa uume waa gaariidhaa.

فَقَدَرْنَا فَنِعْمَ ٱلْقَـٰدِرُونَ ﴿٢٣﴾

24. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٢٤﴾

25. Dachii ta walitti isin qabdu hin goonee,-

أَلَمْ نَجْعَلِ ٱلْأَرْضَ كِفَاتًا ﴿٢٥﴾

26. Jiraa kheeysan duuyda isii gubbaa, du’aa kheeysan garaa isii kheeysa?

أَحْيَآءً وَأَمْوَٰتًا ﴿٢٦﴾

27. Dachii tana gubbaa gaarran gurguddaa akkaan dhedheeraa hin keenyee? Bishaan mi’aawaa isin hin obaafnee?

وَجَعَلْنَا فِيهَا رَوَٰسِىَ شَـٰمِخَـٰتٍ
وَأَسْقَيْنَـٰكُم مَّآءً فُرَاتًا ﴿٢٧﴾

28. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٢٨﴾

29. Gara waan kijibsiiftanii deemaa.

ٱنطَلِقُوٓا۟ إِلَىٰ مَا كُنتُم بِهِۦ تُكَذِّبُونَ ﴿٢٩﴾

30. Gama gaaddisa jahannam khan damee sadii qabuu deemaa.

ٱنطَلِقُوٓا۟ إِلَىٰ ظِلٍّ ذِى ثَلَـٰثِ شُعَبٍ ﴿٣٠﴾

31. Gaaddisa faayidaatii miti, belbela ibidda jahannam khan namarraa deebisuu miti.

لَّا ظَلِيلٍ وَلَا يُغْنِى مِنَ ٱللَّهَبِ ﴿٣١﴾

32. Ibiddi jahannam qaanqee akka fooqii ifirraa darbiti.

إِنَّهَا تَرْمِى بِشَرَرٍ كَٱلْقَصْرِ ﴿٣٢﴾

33. Qaanqeen sanuu bifti isii khan akka gaala daalachaati.

كَأَنَّهُۥ جِمَـٰلَتٌ صُفْرٌ ﴿٣٣﴾

34. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

وَيۡلٞ يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ٣٤

35. Guyyaan qiyaamaa san, guyyaa ilmi namaa hin dubbanne,

هَٰذَا يَوۡمُ لَا يَنطِقُونَ ٣٥

36. Hayyamni hin godhamuuf, kha silaa rakkoo isaanii kheeysatti himatan.

وَلَا يُؤۡذَنُ لَهُمۡ فَيَعۡتَذِرُونَ ٣٦

37. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

وَيۡلٞ يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ٣٧

38. Guyyaan arraa khuni, guyyaa haqaafii baaxil addaan bahu. Isiniifii warra duraa walitti isin qabne.

هَٰذَا يَوۡمُ ٱلۡفَصۡلِۖ جَمَعۡنَٰكُمۡ وَٱلۡأَوَّلِينَ ٣٨

39. Yoo mala azaaba ibidda Rabbii jalaa baataniin qabaattan, mala dhawadhaa azaaba ibidda Rabbii jalaa baataniin.

فَإِن كَانَ لَكُمۡ كَيۡدٞ فَكِيدُونِ ٣٩

40. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

وَيۡلٞ يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ٤٠

41. Warra Rabbii saanii sodaateef, gaaddisa jannataafii laggeen jannataa kheeysatti tahan.

إِنَّ ٱلۡمُتَّقِينَ فِي ظِلَٰلٖ وَعُيُونٖ ٤١

42. Jannata kheeysatti khudraa fedhanii isaanii jira.

وَفَوَٰكِهَ مِمَّا يَشۡتَهُونَ ٤٢

43. "Nyaadhaa dhugaa waan addunyaa irratti gaarii dalaydanii dabarfattaniif jecha."

كُلُواْ وَٱشۡرَبُواْ هَنِيٓـَٔۢا بِمَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ ٤٣

44. Nama gaarii dalage akkasumatti galata gaarii isaanii galchina aakhiratti.

إِنَّا كَذَٰلِكَ نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ٤٤

45. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa

وَيۡلٞ يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ٤٥

kijibsiiseef.

46. Nyaadhaa qananaawaa yaa (ummata kaafiraa) hamma xiqqaa duniyaarra jirtan, isin warra Rabbitti kafree.

كُلُوا۟ وَتَمَتَّعُوا۟ قَلِيلًا إِنَّكُم مُّجْرِمُونَ ﴿٤٦﴾

47. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٤٧﴾

48. Yoo ummata kaafiraatiin ja’ame: “Rabbiif salaataa!” hin salaatan.

وَإِذَا قِيلَ لَهُمُ ٱرْكَعُوا۟ لَا يَرْكَعُونَ ﴿٤٨﴾

49. Azaaba jabaa isaanii jira, guyyaa qiyaamaa san, warra guyyaa qiyaamaa kijibsiiseef.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٤٩﴾

50. Oduu tam dhugoomsitan (yaa ummata kaafiraa) yoo Qur’aana Rabbii hin dhugoomsine?

فَبِأَيِّ حَدِيثٍۭ بَعْدَهُۥ يُؤْمِنُونَ ﴿٥٠﴾

## 78. Suuraa Naba' a

## سُورَةُ النَّبَإِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Ummanni Kaafiraa maalirraa wal gaafatan.

عَمَّ يَتَسَآءَلُونَ ١

2. Oduu jabduu guyyaa qiyaamaarraa wal gaafatan.

عَنِ ٱلنَّبَإِ ٱلۡعَظِيمِ ٢

3. Oduun jabduun sanuu khan isaan keeysatti wal dhaban.

ٱلَّذِي هُمۡ فِيهِ مُخۡتَلِفُونَ ٣

4. Haa dhoorgaman, wiliidha beekuuf taa'an ummani Kaafiraa.

كَلَّا سَيَعۡلَمُونَ ٤

5. Ammallee wilii beekuuf taa'an ummanni Kaafiraa.

ثُمَّ كَلَّا سَيَعۡلَمُونَ ٥

6. Dachii isaanii hin ballisnee?

أَلَمۡ نَجۡعَلِ ٱلۡأَرۡضَ مِهَٰدٗا ٦

7. Gaarran dachiirra dhaabuudhaan utubaa dachiidhaa goonee.

وَٱلۡجِبَالَ أَوۡتَادٗا ٧

8. Dhiiraa dhalaa qindi qindii isin uumne.

وَخَلَقۡنَٰكُمۡ أَزۡوَٰجٗا ٨

9. Hirriiba keeysan harabaafannaa qaama keeysanii goone

وَجَعَلۡنَا نَوۡمَكُمۡ **سُبَاتٗا** ٩

10. Halkan kha isin sattaru goone.

وَجَعَلۡنَا ٱلَّيۡلَ لِبَاسٗا ١٠

11. Guyyaa kha kheeysa deemtanii dalagattan goone.

وَجَعَلۡنَا ٱلنَّهَارَ مَعَاشٗا ﴿١١﴾

12. Isin gubbaa Samii torba jajjabduu dhaabne.

وَبَنَيۡنَا فَوۡقَكُمۡ سَبۡعٗا شِدَادٗا ﴿١٢﴾

13. Aduu ifaa guddaa qabdu isiniif hin goone.

وَجَعَلۡنَا سِرَاجٗا وَهَّاجٗا ﴿١٣﴾

14. Dumeessarraa Bishaan akkaan dhangala'u isiniif roobsine.

وَأَنزَلۡنَا مِنَ **ٱلۡمُعۡصِرَٰتِ** مَآءٗ
ثَجَّاجٗا ﴿١٤﴾

15. Bishaan saniin ni magarsine firii midhaaniitii fi waan horiin dheedu.

لِّنُخۡرِجَ بِهِۦ حَبّٗا وَنَبَاتٗا ﴿١٥﴾

16. Ooyruu Mukkeen heddumaatullee rooba saniin isinii magarsinee.

وَجَنَّٰتٍ أَلۡفَافًا ﴿١٦﴾

17. Guyyaa haqaa fii baaxil addaan bahu Rabbi bira beekkamaadha.

إِنَّ يَوۡمَ ٱلۡفَصۡلِ كَانَ مِيقَٰتٗا ﴿١٧﴾

18. Guyyaa garriin lamaanii afuufamtee, jama'a jama'aan fuula Rabbii dhuftan.

يَوۡمَ يُنفَخُ فِي ٱلصُّورِ فَتَأۡتُونَ
أَفۡوَاجٗا ﴿١٨﴾

19. Hulaaleen samiidhaa addaan babbanamti.

وَفُتِحَتِ ٱلسَّمَآءُ فَكَانَتۡ أَبۡوَٰبٗا ﴿١٩﴾

20. Gaarran dachiirraa buqqa'ee deemsifaman, akka dhukkeedhaa tahan (siribii).

وَسُيِّرَتِ ٱلۡجِبَالُ فَكَانَتۡ سَرَابًا ﴿٢٠﴾

21. Ibbidi jahannam warra Rabbi kafare kha eeggattu taate.

إِنَّ جَهَنَّمَ كَانَتۡ مِرۡصَادٗا ﴿٢١﴾

22. Ibiddi jahannam sanuu, deebii warra duniyaarra jallateeti.

لِّلطَّٰغِينَ مَـَٔابٗا ﴿٢٢﴾

| | |
|---|---|
| 23. Zamana dheeraa dhuminsa hin qabne ibidda keeysa taa’an. | لَّٰبِثِينَ فِيهَآ أَحۡقَابٗا ٢٣ |
| 24. Hin dhandhaman, ibidda keeysatti qabbanaa fi dhugaatii gaariillee hin dhandhaman. | لَّا يَذُوقُونَ فِيهَا بَرۡدٗا وَلَا شَرَابًا ٢٤ |
| 25. Bishaan danfaa fi malaa warra ibidda keeysa yaa’u yoo taate malee. | إِلَّا حَمِيمٗا وَغَسَّاقٗا ٢٥ |
| 26. Galata dalagaa isaanii fakkaatu Rabbiin isaani galche. | جَزَآءٗ وِفَاقًا ٢٦ |
| 27. Isaaniitu duniyaarratti guyyaa qiyaamaa ni gaafatamnaa hin yaanne. | إِنَّهُمۡ كَانُواْ لَا يَرۡجُونَ حِسَابٗا ٢٧ |
| 28. Aayaata Qur’aanaa keenyaa kijibsiisan (kijibsiisu). | وَكَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِنَا كِذَّابٗا ٢٨ |
| 29. Dalagaa isaanii hunda katabnee harkaa qabna guyyaa boruu isaan gaafatu teenya. | وَكُلَّ شَيۡءٍ أَحۡصَيۡنَٰهُ كِتَٰبٗا ٢٩ |
| 30. Dhandhamaa laalaa ibiddaa yaa ummata Kaafiraa, isinii hin idaanu azaaba gubbaan azaaba malee. | فَذُوقُواْ فَلَن نَّزِيدَكُمۡ إِلَّا عَذَابًا ٣٠ |
| 31. Warra duniyaarra Rabbii sodaateef milkii isaanii jira guyyaa qiyaamaa. | إِنَّ لِلۡمُتَّقِينَ مَفَازًا ٣١ |
| 32. Ooyruu gurguddoo Eynabaa isaanii jira. | حَدَآئِقَ وَأَعۡنَٰبٗا ٣٢ |
| 33. Dubra jannataa kha isaaniin qixaa isaanii jira. | وَكَوَاعِبَ أَتۡرَابٗا ٣٣ |
| 34. Farshoo jannataa guutamtuu taatee isaanii jira. | وَكَأۡسٗا دِهَاقٗا ٣٤ |

35. Hin dhagayan, jannata keeysatti, waan hamtuu fi oduu kijibaallee hin dhagayan.

لَّا يَسۡمَعُونَ فِيهَا لَغۡوٗا وَلَا
كِذَّٰبٗا ٣٥

36. Isaan san arkachuun galata Rabbii khee biraa tahe, khannaa gayaa tahe isaanii khanne.

جَزَآءٗ مِّن رَّبِّكَ عَطَآءً حِسَابٗا ٣٦

37. Rabbiin sanuu kha Samii fii dachii uume, waan jidduu kana jirullee kha uume, maqaan isaa Rahmaan khatahe, nam tokkolleen Rabbii dubbisuu hin dandayan.

رَّبِّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا بَيۡنَهُمَا
ٱلرَّحۡمَٰنِۖ لَا يَمۡلِكُونَ مِنۡهُ
خِطَابٗا ٣٧

38. Guyyaa Jibriilii fii malaay’ikkoonni salfii dhaabbatan, nam tokkolleen dubbachu hin dandayan nama Rahmaan dubbadhu ja’een malee, dubbatullee dubbii dhugaa dubbata.

يَوۡمَ يَقُومُ ٱلرُّوحُ وَٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ صَفّٗاۖ
لَّا يَتَكَلَّمُونَ إِلَّا مَنۡ أَذِنَ لَهُ
ٱلرَّحۡمَٰنُ وَقَالَ صَوَابٗا ٣٨

39. Guyyaan qiyaamaa san guyyaa dhugaati, isinirra namni fadhe dalagaa gaarii dalagee gama Rabbii isaa haa deebi’u.

ذَٰلِكَ ٱلۡيَوۡمُ ٱلۡحَقُّۖ فَمَن شَآءَ ٱتَّخَذَ
إِلَىٰ رَبِّهِۦ مَـَٔابًا ٣٩

40. Nuti isin sodaachisne, azaaba dhihoo taheen, guyyaa ilmi namaa argu, waan harki isaa daleeyde dabarsite, guyyaa qiyaamaa Kaafirri ni ja’a , yaa sheenaatoo, osoon du’ee biyyee tahe achumaan hafe.

إِنَّآ أَنذَرۡنَٰكُمۡ عَذَابٗا قَرِيبٗا يَوۡمَ
يَنظُرُ ٱلۡمَرۡءُ مَا قَدَّمَتۡ يَدَاهُ وَيَقُولُ
ٱلۡكَافِرُ يَٰلَيۡتَنِي كُنتُ تُرَٰبَۢا ٤٠

# 79. Suuraa An-Naazi’aat

# سُورَةُ النَّازِعَاتِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Malaay’ikaa Ruuhii kaafiraa fuutuun khakhadhe, fuudhinsa jabaa.

وَٱلنَّٰزِعَٰتِ غَرۡقٗا ١

2. Malaay’ikaa ruuhii mu’uminaa suuta fuutuunis khakhadhe.

وَٱلنَّٰشِطَٰتِ نَشۡطٗا ٢

3. Malaay’ikaa amrii Rabbiitiin buutun khakhadhe.

وَٱلسَّٰبِحَٰتِ سَبۡحٗا ٣

4. Malaay’ikaa ruuhii mu’uminaa fuutee gama jannataatti wal dorgomtuun khakhadhe.

فَٱلسَّٰبِقَٰتِ سَبۡقٗا ٤

5. Malaay’ikaa amrii duniyaa harka khaayamteen khakhadhe.

فَٱلۡمُدَبِّرَٰتِ أَمۡرٗا ٥

6. Guyya garriin duraa afuufamtee wa hundi sossoohe.

يَوۡمَ تَرۡجُفُ ٱلرَّاجِفَةُ ٦

7. Afuuffaa lamaaffanilleen ittuma aanti.

تَتۡبَعُهَا ٱلرَّادِفَةُ ٧

8. Qalbiin ilma namaa guyyaa qiyaamaa san sodaattuudha.

قُلُوبٞ يَوۡمَئِذٖ وَاجِفَةٌ ٨

9. Ijji isaanii xiqqaatuudha.

أَبۡصَٰرُهَا خَٰشِعَةٞ ٩

10. Ummanni kaafiraa duniyaarratti ni ja’an, ni deebifamnaa? qabrii kaafamnee akka haala duraanitti

يَقُولُونَ أَءِنَّا لَمَرۡدُودُونَ فِي ٱلۡحَافِرَةِ ١٠

deebinaa?

11. Eega lafeen teenya dhumtee biyyee taate kaafamnaa?

أَءِذَا كُنَّا عِظَٰمٗا نَّخِرَةٗ ١١

12. Ummanni kaafiraa ni ja'an yoo deebiin teenya sun dhugaa taate hoggaas khasaaraa kheeysa jirra.

قَالُواْ تِلۡكَ إِذٗا كَرَّةٌ خَاسِرَةٞ ١٢

13. Kaafamiinsi ilma namaa afuufuma takka.

فَإِنَّمَا هِيَ زَجۡرَةٞ وَٰحِدَةٞ ١٣

14. Wanni Rabbiin uume hundi qabrii bahanii fuula Rabbii dhaabbatan.

فَإِذَا هُم بِٱلسَّاهِرَةِ ١٤

15. Dhageeysee yaa ergamaa Rabbii oduu Nabi Muusaa.

هَلۡ أَتَىٰكَ حَدِيثُ مُوسَىٰٓ ١٥

16. Yeroo Rabbiin isa dubbate, laga qulqulluu Xuwaa ja'amutti.

إِذۡ نَادَىٰهُ رَبُّهُۥ بِٱلۡوَادِ ٱلۡمُقَدَّسِ طُوًى ١٦

17. Mootii Misraa Fir'oowna dhaqii, Fira'oowni jallina kheeysa daangaa tarkaaftee Rabbummaa himate.

ٱذۡهَبۡ إِلَىٰ فِرۡعَوۡنَ إِنَّهُۥ طَغَىٰ ١٧

18. Ja'iin khajeellaa ni qabdaa dilii teetirraa qulqullaawu dhaaf.

فَقُلۡ هَل لَّكَ إِلَىٰٓ أَن تَزَكَّىٰ ١٨

19. Gama Rabbii keetitti si qaceelcha, hoggaas Rabbii ni sodaatta.

وَأَهۡدِيَكَ إِلَىٰ رَبِّكَ فَتَخۡشَىٰ ١٩

20. Nabi Mussaan mu'ujizaa guddaa ni garsiise.

فَأَرَىٰهُ ٱلۡأٓيَةَ ٱلۡكُبۡرَىٰ ٢٠

21. Fir'oowni Nabi Muusaa kijibsiise, amrii Rabbii khallafe.

فَكَذَّبَ وَعَصَىٰ ٢١

22. Eegasii Rabbitti amanurraa gara galee deeme.

ثُمَّ أَدۡبَرَ يَسۡعَىٰ ٢٢

23. Orma falfala akkaan beekhu wali qabattee itti dubbatte.

فَحَشَرَ فَنَادَىٰ ﴿٢٣﴾

24. Ana Rabbiin kheeysan kha oltahe ja'een.

فَقَالَ أَنَا۠ رَبُّكُمُ ٱلۡأَعۡلَىٰ ﴿٢٤﴾

25. Rabbiin Fir'oowna ni qabe, isa jiilchuudhaaf, jecha isaa kha duraatii fii kha boodaatii ja'ee.

فَأَخَذَهُ ٱللَّهُ نَكَالَ ٱلۡأٓخِرَةِ
وَٱلۡأُولَىٰٓ ﴿٢٥﴾

26. Waan dubbannee dabarsine khana kheeysatti gorsaatu jira nama Rabbii sodaatuuf.

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَعِبۡرَةٗ لِّمَن يَخۡشَىٰٓ ﴿٢٦﴾

27. Uumaa teesaniitu jabduu moo yaa ummata Kaafiraa samii Rabbiin uumeetu irra jabdu.

ءَأَنتُمۡ أَشَدُّ خَلۡقًا أَمِ ٱلسَّمَآءُۚ
بَنَىٰهَا ﴿٢٧﴾

28. Dhaabaa isii olfuudhee uumaa isii wal qixxeesse.

رَفَعَ سَمۡكَهَا فَسَوَّىٰهَا ﴿٢٨﴾

29. Halkan isii dukkana godhee guyyaa isii ifaa godhe.

وَأَغۡطَشَ لَيۡلَهَا وَأَخۡرَجَ ضُحَىٰهَا ﴿٢٩﴾

30. Eega samii dhaabee dachii bal'ise.

وَٱلۡأَرۡضَ بَعۡدَ ذَٰلِكَ دَحَىٰهَآ ﴿٣٠﴾

31. Dachirraa bishaan isinii baasee citaa horiin dheedu isinii magarse.

أَخۡرَجَ مِنۡهَا مَآءَهَا وَمَرۡعَىٰهَا ﴿٣١﴾

32. Gaarran dachirra dhaabe.

وَٱلۡجِبَالَ أَرۡسَىٰهَا ﴿٣٢﴾

33. Faay'idaa teessanii fii faay'idaa horii keeysaniitiif magarsine.

مَتَٰعٗا لَّكُمۡ وَلِأَنۡعَٰمِكُمۡ ﴿٣٣﴾

34. Gaafa garriin lamaan guddoon afuufamte.

فَإِذَا جَآءَتِ ٱلطَّآمَّةُ ٱلۡكُبۡرَىٰ ﴿٣٤﴾

35. Guyyaa san guyyaa ilmi namaa

يَوۡمَ يَتَذَكَّرُ ٱلۡإِنسَٰنُ

dalagaa isaa hunda yaadatu.

مَا سَعَىٰ ٣٥

36. Ammallee guyyaa Ibiddi jahannam nama isii arguuf mul'ifamtu.

وَبُرِّزَتِ ٱلۡجَحِيمُ لِمَن يَرَىٰ ٣٦

37. Namni jallate jallina kheeysa daangaa tarkaanfate.

فَأَمَّا مَن طَغَىٰ ٣٧

38. Jiruu duniyaa dhumtuu filate.

وَءَاثَرَ ٱلۡحَيَوٰةَ ٱلدُّنۡيَا ٣٨

39. Ibiddi jahannam mana isaati.

فَإِنَّ ٱلۡجَحِيمَ هِيَ ٱلۡمَأۡوَىٰ ٣٩

40. Namni guyyaa boruu dalagaa hamtuudhaan fuula Rabbii isaa dhaabachuu sodaate, lubbuu isaa haraam isiin feeturraa dhoorge.

وَأَمَّا مَنۡ خَافَ مَقَامَ رَبِّهِۦ وَنَهَى
ٱلنَّفۡسَ عَنِ ٱلۡهَوَىٰ ٤٠

41. Jannatni Rabbii mana isaati.

فَإِنَّ ٱلۡجَنَّةَ هِيَ ٱلۡمَأۡوَىٰ ٤١

42. Sigaafatan yaa ergamaa Rabii, guyyaa qiyaamaarraa, yoom taati ja'anii sigaafatan.

يَسۡـَٔلُونَكَ عَنِ ٱلسَّاعَةِ
أَيَّانَ مُرۡسَىٰهَا ٤٢

43. Ati maalitti beeyta yaa ergamaa Rabbii guyyaa isiin taatu.

فِيمَ أَنتَ مِن ذِكۡرَىٰهَآ ٤٣

44. Booddeen beekkumsa isii Rabbumaatu beekha.

إِلَىٰ رَبِّكَ مُنتَهَىٰهَآ ٤٤

45. Ati azaaba Rabbiitiin isaan sodaachisuudha, nama isii sodaatuf.

إِنَّمَآ أَنتَ مُنذِرُ مَن يَخۡشَىٰهَا ٤٥

46. Guyyaa qiyaamaa argan, akka waan duniyarraa hin jiraanne itti fakkaata, asrii guyyaa tokkoo malee, yookaan ganama guyyaa tokkoo malee.

كَأَنَّهُمۡ يَوۡمَ يَرَوۡنَهَا لَمۡ يَلۡبَثُوٓاْ
إِلَّا عَشِيَّةً أَوۡ ضُحَىٰهَا ٤٦

# 80. Suuraa Abasa

# سُورَةُ عَبَسَ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Fuula guuree, irraa garagale.

عَبَسَ وَتَوَلَّىٰٓ ﴿١﴾

2. Ballaan isa dhufuu jecha.

أَن جَآءَهُ ٱلۡأَعۡمَىٰ ﴿٢﴾

3. Maaltu si beeysise yaa ergamaa Rabbii, dilii isaarraa qulqulaawun dhugaadha.

وَمَا يُدۡرِيكَ لَعَلَّهُۥ يَزَّكَّىٰٓ ﴿٣﴾

4. Takkaa Qur'aanaan gorfamee, gorsi Qur'aanaa isa fayyada.

أَوۡ يَذَّكَّرُ فَتَنفَعَهُ ٱلذِّكۡرَىٰٓ ﴿٤﴾

5. Namni Iimaanarraa duroome.

أَمَّا مَنِ ٱسۡتَغۡنَىٰ ﴿٥﴾

6. Ati isaaf cinaa galtee wajjiin haasoytaa, yaa ergamaa Rabbii.

فَأَنتَ لَهُۥ تَصَدَّىٰ ﴿٦﴾

7. Maaltu sii dhaba, jallina isaarraa qulqullaawu baatullee.

وَمَا عَلَيۡكَ أَلَّا يَزَّكَّىٰ ﴿٧﴾

8. Nama ilmii barbaaduuf .deemaa si dhufe.

وَأَمَّا مَن جَآءَكَ يَسۡعَىٰ ﴿٨﴾

9. Kha Rabbii isaa sodaatu.

وَهُوَ يَخۡشَىٰ ﴿٩﴾

10. Ati isarraa shaakhalamtaa (heewasamtaa), yaa ergamaa Rabbii.

فَأَنتَ عَنۡهُ تَلَهَّىٰ ﴿١٠﴾

11. Wulii dalagaa akkanaa itti hin deebi'in, aayaanni tun gorsituudha.

كَلَّآ إِنَّهَا تَذۡكِرَةٞ ﴿١١﴾

12. Namni fadhe isiidhaan haa gorfamu.

فَمَن شَآءَ ذَكَرَهُۥ ﴿١٢﴾

13. Aayaanni sun, kitaaba Rabbii biratti khabajaa qabu biraahi buufamte.

فِي صُحُفٖ مُّكَرَّمَةٖ ١٣

14. Darajaan isii olfuudhamtuu, waa hundarraa qulqullooytuu taate.

مَّرۡفُوعَةٖ مُّطَهَّرَةِۭ ١٤

15. Harka malaay'ikootaatiin buufamte.

بِأَيۡدِي سَفَرَةٖ ١٥

16. Malaay'ikoonni sanuu Rabbii bira kabajaa qaban, ajaja Rabbii isaanii godhan.

كِرَامِۭ بَرَرَةٖ ١٦

17. Ilmi namaa Rahmata Rabbiirraa fageefame, maaltu kufrii isaa guddise (isa kafarsiise).

قُتِلَ ٱلۡإِنسَٰنُ مَآ أَكۡفَرَهُۥ ١٧

18. Ilmi namaa waan Rabbiin irraa isa uume hin beekhuu.

مِنۡ أَيِّ شَيۡءٍ خَلَقَهُۥ ١٨

19. Bishaan Nuxfaa ja'amurraa isa uumee, nama isa godhe.

مِن نُّطۡفَةٍ خَلَقَهُۥ فَقَدَّرَهُۥ ١٩

20. Eegasii Rabbiin kharaa garaa haadhaatii bahuun isaa laaffise.

ثُمَّ ٱلسَّبِيلَ يَسَّرَهُۥ ٢٠

21. Eegasii isa ajjeesee, awaalcha kharaa isaa godhe.

ثُمَّ أَمَاتَهُۥ فَأَقۡبَرَهُۥ ٢١

22. Eegasii Rabbiin yeroo fadheetti qabriidhaa isa khaasa.

ثُمَّ إِذَا شَآءَ أَنشَرَهُۥ ٢٢

23. Haa doorgamu ilmi namaa waan Rabbiin isa ajaje waa hin dalayne.

كَلَّا لَمَّا يَقۡضِ مَآ أَمَرَهُۥ ٢٣

24. Ilmi namaa midhaan ifii nyaatu khana mee haalaalu.

فَلۡيَنظُرِ ٱلۡإِنسَٰنُ إِلَىٰ طَعَامِهِۦٓ ٢٤

25. Nuuti Rooba itti Roobsineef.

أَنَّا صَبَبۡنَا ٱلۡمَآءَ صَبّٗا ٢٥

| | |
|---|---|
| 26. Eegasii waan lafaa mayruun dachii babbaqeeysine. | ثُمَّ شَقَقۡنَا ٱلۡأَرۡضَ شَقّٗا ٢٦ |
| 27. Firii midhaanii isaanii magarsine. | فَأَنۢبَتۡنَا فِيهَا حَبّٗا ٢٧ |
| 28. Inaba fii waan ashiitaan isaa nyaadhamullee isaanii magarsine. | وَعِنَبٗا وَقَضۡبٗا ٢٨ |
| 29. Zaytuunaa fii Timirallee isaa magarsine. | وَزَيۡتُونٗا وَنَخۡلٗا ٢٩ |
| 30. Ooyruu Mukkeen heeddumaatullee isaanii magarsine. | وَحَدَآئِقَ غُلۡبٗا ٣٠ |
| 31. Khudraa fi waan horiin dheeddullee isaaniif magarsine. | وَفَٰكِهَةٗ وَأَبّٗا ٣١ |
| 32. Faa'idaa kheeysanii fii faa'iidaa horii kheeysaniitiif magarsine. | مَّتَٰعٗا لَّكُمۡ وَلِأَنۡعَٰمِكُمۡ ٣٢ |
| 33. Gaafa garriin lamaan afuufamte, qiyaamaan dhaabbatte. | فَإِذَا جَآءَتِ ٱلصَّآخَّةُ ٣٣ |
| 34. Guyyaa san guyyaa ilmi namaa obboleeysa ifii irraa dheeysu. | يَوۡمَ يَفِرُّ ٱلۡمَرۡءُ مِنۡ أَخِيهِ ٣٤ |
| 35. Haadhaa fii abbaa isaarraa dheeysu. | وَأُمِّهِۦ وَأَبِيهِ ٣٥ |
| 36. Haadha manaatiifii ilmaan isaa irraa dheeysu. | وَصَٰحِبَتِهِۦ وَبَنِيهِ ٣٦ |
| 37. Ilma namaa hundaaf guyyaa qiyaamaa san, waan isa shaakhaluutu (heewasuutu) isaa jira. | لِكُلِّ ٱمۡرِيٕٖ مِّنۡهُمۡ يَوۡمَئِذٖ شَأۡنٞ يُغۡنِيهِ ٣٧ |
| 38. Fuulli ummata mu'uminaa, guyyaa qiyaamaa san iftuudha. | وُجُوهٞ يَوۡمَئِذٖ مُّسۡفِرَةٞ ٣٨ |

39. Kofaltuu gammadduu, waan Rabbiin isii khanne jannata keeysatti.

ضَاحِكَةٌ مُّسْتَبْشِرَةٌ ﴿٣٩﴾

40. Fuulli ummata Kaafiraa guyyaa qiyaamaa san dhukkoytuudha.

وَوُجُوهٌ يَوْمَئِذٍ عَلَيْهَا غَبَرَةٌ ﴿٤٠﴾

41. Gurraachoominaatu isii hagooga.

تَرْهَقُهَا قَتَرَةٌ ﴿٤١﴾

42. Ummanni Kuffaaraa san, Kaafira kijiboodha.

أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْكَفَرَةُ ٱلْفَجَرَةُ ﴿٤٢﴾

## 81. Suuraa At-Takwiir

## سُورَةُ التَّكْوِيرِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Gaafa aduun ajaja Rabbiitiin mammaramte.

إِذَا ٱلشَّمْسُ كُوِّرَتْ ﴿١﴾

2. Gaafa Urjiin Samiidhaa harcaate.

وَإِذَا ٱلنُّجُومُ ٱنكَدَرَتْ ﴿٢﴾

3. Gaafa Gaarran bakka isaatii sossohe dhabame.

وَإِذَا ٱلْجِبَالُ سُيِّرَتْ ﴿٣﴾

4. Gaafa dhaltuun gaalaa abboottii dhabde.

وَإِذَا ٱلْعِشَارُ عُطِّلَتْ ﴿٤﴾

5. Gaafa bineensi alaa dirree qiyaamaatti wali qabame.

وَإِذَا ٱلْوُحُوشُ حُشِرَتْ ﴿٥﴾

6. Gaafa Baharrii duniyaarraa qabsiifamee balbale.

وَإِذَا ٱلْبِحَارُ سُجِّرَتْ ﴿٦﴾

7. Gaafa lubbuun akka wal fakkaattuun wali qindeeyfamte.

وَإِذَا ٱلنُّفُوسُ زُوِّجَتْ ﴿٧﴾

| | |
|---|---|
| 8. Gaafa intalti xiqqoon jirtuu awwaalamtee dirree qiyaamatti gaafatamte. | وَإِذَا ٱلۡمَوۡءُۥدَةُ سُئِلَتۡ ٨ |
| 9. Dilii maal daleeydee ajjeefamte. | بِأَيِّ ذَنۢبٖ قُتِلَتۡ ٩ |
| 10. Gaafa galmeen banamtee bal’ifamte. | وَإِذَا ٱلصُّحُفُ نُشِرَتۡ ١٠ |
| 11. Gaafa Samiin bakka amma jirturraa deemsifamte. | وَإِذَا ٱلسَّمَآءُ **كُشِطَتۡ** ١١ |
| 12. Gaafa ibiddi jahannam qabsiifamte. | وَإِذَا ٱلۡجَحِيمُ سُعِّرَتۡ ١٢ |
| 13. Gaafa jannanni Rabbii warra jannataatiif dhiheefamte. | وَإِذَا ٱلۡجَنَّةُ أُزۡلِفَتۡ ١٣ |
| 14. Gaafas lubbuun namaa hundi ni beeyti, waan duniyaarratti dalayde hunda. | عَلِمَتۡ نَفۡسٞ مَّآ أَحۡضَرَتۡ ١٤ |
| 15. Urjii guyyaa dhokhattuun khakhadhe. | فَلَآ أُقۡسِمُ بِٱلۡخُنَّسِ ١٥ |
| 16. Urjii guyyaa dhokhattee, halkan ifa baatee deemtuuniis khakhadhe. | ٱلۡجَوَارِ ٱلۡكُنَّسِ ١٦ |
| 17. Dukkana halkaniitiiniis khakhadhe. | وَٱلَّيۡلِ إِذَا عَسۡعَسَ ١٧ |
| 18. Ifa subiitiiniis (ifa bariisaaniis) khakhadhe. | وَٱلصُّبۡحِ إِذَا تَنَفَّسَ ١٨ |
| 19. Qur’aana khana Jibriil Rabbi biratti kabajaa guddaa qabuutu sirra qara’a, yaa ergamaa Rabbii. | إِنَّهُۥ لَقَوۡلُ رَسُولٖ كَرِيمٖ ١٩ |
| 20. Jibriil sanuu kha humna jabaa qabu, Rabbii arshii uume biratti khabajaa qaba. | ذِي قُوَّةٍ عِندَ ذِي ٱلۡعَرۡشِ **مَكِينٖ** ٢٠ |

21. Warri samii ajaja isaa godhan, ergaa Rabbiirratti amanamaadha.

مُّطَاعٖ ثَمَّ أَمِينٖ ٢١

22. Ergamaan nuti isinitti ergine, maraataa khatahe waa hin taane.

وَمَا صَاحِبُكُم بِمَجۡنُونٖ ٢٢

23. Ergamaan Rabbii dhugumaan Jibriil Samii gama bahaarratti arge.

وَلَقَدۡ رَءَاهُ بِٱلۡأُفُقِ ٱلۡمُبِينِ ٢٣

24. Ergamaan Rabbii qur'aana nubiraa isinitti fidu khana kheeysatti nama doynummaadhaan hamatamuu miti.

وَمَا هُوَ عَلَى ٱلۡغَيۡبِ بِضَنِينٖ ٢٤

25. Quraanni kun qaraatii sheeyxaanni irra qara'uu miti.

وَمَا هُوَ بِقَوۡلِ شَيۡطَٰنٖ رَّجِيمٖ ٢٥

26. Qur'aana Rabbii dhistanii eeysa deemtan.

فَأَيۡنَ تَذۡهَبُونَ ٢٦

27. Qur'aanni Rabbii khun, gorsa Aalamaa malee waa hin taane.

إِنۡ هُوَ إِلَّا ذِكۡرٞ لِّلۡعَٰلَمِينَ ٢٧

28. Isinirraa namni fadhe kharaa qaceelloo haa qabatu.

لِمَن شَآءَ مِنكُمۡ أَن يَسۡتَقِيمَ ٢٨

29. Fedhii teeysaniin waan takkallee dalaguu hin dandeeysan, yoo Rabbiin Aalamaa isiniin fadhe malee.

وَمَا تَشَآءُونَ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُ رَبُّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٢٩

# 82. Suuraa Al-Infixaar

# سُورَةُ الانفِطَار

| | |
|---|---|
| Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe. | بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ |
| 1. Gaafa Samiin ajaja Rabbiitiin babbaqeeyxe. | إِذَا ٱلسَّمَآءُ ٱنفَطَرَتۡ ١ |
| 2. Gaafa urjiin samiidhaa harcaate. | وَإِذَا ٱلۡكَوَاكِبُ ٱنتَثَرَتۡ ٢ |
| 3. Gaafa Baharri lamaan wali gadhiifamee, hadhaawaa fii mi'aawaan wali makhame. | وَإِذَا ٱلۡبِحَارُ فُجِّرَتۡ ٣ |
| 4. Gaafa qabriin garagalfamtee, warri qabrii kheeysa awwaalame qabrii khaafame. | وَإِذَا ٱلۡقُبُورُ بُعۡثِرَتۡ ٤ |
| 5. Luubuun namaa hundi ni beeyti, waan duraan daleeydee dabarfattee fii waan if booda dhiisteellee. | عَلِمَتۡ نَفۡسٞ مَّا قَدَّمَتۡ وَأَخَّرَتۡ ٥ |
| 6. Yaa ilma namaa maaltu sidage obsa Rabbii arjaatin. | يَٰٓأَيُّهَا ٱلۡإِنسَٰنُ مَا غَرَّكَ بِرَبِّكَ ٱلۡكَرِيمِ ٦ |
| 7. Rabbiin sanuu kha si uume, uumaa khe wal qixxeesse olsidhaabee sidiriirse. | ٱلَّذِي خَلَقَكَ فَسَوَّىٰكَ فَعَدَلَكَ ٧ |
| 8. Rabbiin bifa fadheerratti si uume. | فِيٓ أَيِّ صُورَةٖ مَّا شَآءَ رَكَّبَكَ ٨ |
| 9. Haa dhoorgaman, dhugaa guyyaa galataa kijibsiistan. | كَلَّا بَلۡ تُكَذِّبُونَ بِٱلدِّينِ ٩ |

10. Malaay'ikaa dalagaa teeysan tiisitu isinirrra goone.

وَإِنَّ عَلَيۡكُمۡ لَحَٰفِظِينَ ١٠

11. Malaay'ikonni sanuu Rabbi biratti kabajaa qaban, dalagaa teeysan ni barreeysan.

كِرَامٗا كَٰتِبِينَ ١١

12. Dalagaa teeysan hunda ni beekhan.

يَعۡلَمُونَ مَا تَفۡعَلُونَ ١٢

13. Warri dalagaa gaarii dalage qananii jannataa kheeysa qubatan.

إِنَّ ٱلۡأَبۡرَارَ لَفِي نَعِيمٖ ١٣

14. Ummanni Kaafiraa ibidda jahannam kheeysa qubatan.

وَإِنَّ ٱلۡفُجَّارَ لَفِي جَحِيمٖ ١٤

15. Ibidda san guyyaa galataa seenan.

يَصۡلَوۡنَهَا يَوۡمَ ٱلدِّينِ ١٥

16. Ummani Kaafiraa san, zalaalam ibidda jahannamirraa kha fagaatan waa hin taane.

وَمَا هُمۡ عَنۡهَا بِغَآئِبِينَ ١٦

17. Maaltu sibeeysise waan guyyaan galataa tahe?

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ ١٧

18. Ammallee maaltu sibeeysise waan guyyaa galataa tahe?

ثُمَّ مَآ أَدۡرَىٰكَ مَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ ١٨

19. Guyyaa nam tokkolleen humaa walii hin goone, amrii guyyaa sanii Rabbumaa harkaa qaba.

يَوۡمَ لَا تَمۡلِكُ نَفۡسٞ لِّنَفۡسٖ شَيۡـٔٗاۖ
وَٱلۡأَمۡرُ يَوۡمَئِذٖ لِّلَّهِ ١٩

# 83.Suuraa Al-Muxaffifiin

# سُورَةُ المُطَفِّفِينَ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Azaaba jabaa isaanii jira, warra Saffarrii fii Miizaana kheeysatti haqa namaa muran.

وَيۡلٞ لِّلۡمُطَفِّفِينَ ١

2. Yoo namarraa Saffaratan, Saffarrii ni guutatan.

ٱلَّذِينَ إِذَا ٱكۡتَالُواْ عَلَى ٱلنَّاسِ
يَسۡتَوۡفُونَ ٢

3. Yoo namaa saffaran takka namaa miizaanaan, haqa namaa ni irrisan.

وَإِذَا كَالُوهُمۡ أَو وَّزَنُوهُمۡ
يُخۡسِرُونَ ٣

4. Ormi san hin beekhanii guyyaa qiyaamaa qabrii khaafamnee gaafatamnaa?

أَلَا يَظُنُّ أُوْلَٰٓئِكَ أَنَّهُم مَّبۡعُوثُونَ ٤

5. Guyyaa jabaa san (Guyyaa Qiyaamaa).

لِيَوۡمٍ عَظِيمٖ ٥

6. Guyyaa ilmi namaa fuula Rabbii aalamaa dhaabbatu.

يَوۡمَ يَقُومُ ٱلنَّاسُ لِرَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٦

7. Badiirraa haa dhoorgaman, galmeen warra dalagaa hongoo dalagee dachii torbani galti.

كَلَّآ إِنَّ كِتَٰبَ
ٱلۡفُجَّارِ لَفِي سِجِّينٖ ٧

8. Maaltu si beeysise waan sijjiin taate.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا سِجِّينٞ ٨

| | |
|---|---|
| 9. Galmee Sumuda qabu kha torban dachi galu. | كِتَٰبٞ مَّرۡقُومٞ ٩ |
| 10. Azaaba jabaa isaanii jira,warra guyyaa qiyaamaa Diin Rabbii kijibsiisuuf. | وَيۡلٞ يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ١٠ |
| 11. Warra guyyaa galataa kijibsiisuuf. | ٱلَّذِينَ يُكَذِّبُونَ بِيَوۡمِ ٱلدِّينِ ١١ |
| 12. Namni guyyaa galataa kijibsiisu waan jiru, nama badii dalaguu kheeysa daangaa tarkaanfate malee, dilaawaa kha tahe malee. | وَمَا يُكَذِّبُ بِهِۦٓ إِلَّا كُلُّ **مُعۡتَدٍ** أَثِيمٍ ١٢ |
| 13. Yoo irra qara’amte, aayaanni qur’aana kheenyaa, qur’aanaan ni ja’a kijiba warra duraa ja’an. | إِذَا تُتۡلَىٰ عَلَيۡهِ ءَايَٰتُنَا قَالَ أَسَٰطِيرُ ٱلۡأَوَّلِينَ ١٣ |
| 14. Qur’aana kijibsiisurraa haa dhoorgaman, dhugaa qalbi isaanii hagoogame dilili isaan dalaganii jecha. | كَلَّاۖ بَلۡۜ رَانَ عَلَىٰ قُلُوبِهِم مَّا كَانُواْ يَكۡسِبُونَ ١٤ |
| 15. Haa dhoorgaman umanni Kaafiraa sun guyyaa qiyaamaa Rabbii hin argan. | كَلَّآ إِنَّهُمۡ عَن رَّبِّهِمۡ يَوۡمَئِذٖ لَّمَحۡجُوبُونَ ١٥ |
| 16. Eegasii isaan ibidda jahannam seenan. | ثُمَّ إِنَّهُمۡ لَصَالُواْ ٱلۡجَحِيمِ ١٦ |
| 17. Eegasii ummata Kaafiraatin ni ja’ama, kunoo ibiddi isiin duniyaarraa dhugomsu diddanii kijibsiistan khana. | ثُمَّ يُقَالُ هَٰذَا ٱلَّذِي كُنتُم بِهِۦ تُكَذِّبُونَ ١٧ |
| 18. Haa dhoorgaman, galmeen warra dalagaa gaarii dalagee, jannata Rabbiitti gala. | كَلَّآ إِنَّ كِتَٰبَ ٱلۡأَبۡرَارِ لَفِي عِلِّيِّينَ ١٨ |

19. Maaltu si beeysise waan iliyyiin taate.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا عِلِّيُّونَ ١٩

20. Galmee Sumuda qabu kha jannata Rabbi galu.

كِتَٰبٞ مَّرۡقُومٞ ٢٠

21. Malaay'kaan akkaa Rabbii dhihaatu kha argan.

يَشۡهَدُهُ ٱلۡمُقَرَّبُونَ ٢١

22. Warri dalagaa gaarii dalage, qananii jannataa kheeysa qubatan.

إِنَّ ٱلۡأَبۡرَارَ لَفِي نَعِيمٍ ٢٢

23. Sireelee jannataarraa waan Rabbiin isaanii khanne laalan.

عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِ يَنظُرُونَ ٢٣

24. Fuula ummata mu'uminaarraa ni beeyta, ifa qananii jannataa.

تَعۡرِفُ فِي وُجُوهِهِمۡ نَضۡرَةَ
ٱلنَّعِيمِ ٢٤

25. Ni obaafaman farshoo qulqulluu warra jannataarraa.

يُسۡقَوۡنَ مِن رَّحِيقٖ مَّخۡتُومٍ ٢٥

26. Booddeen farshoo warra jannataa, akka miskiitti urgaawaa, qananii jannata argachuuf warri wal dorgamu, haa wal dorgamu.

خِتَٰمُهُۥ مِسۡكٞۚ وَفِي ذَٰلِكَ
فَلۡيَتَنَافَسِ ٱلۡمُتَنَٰفِسُونَ ٢٦

27. Farshoo warra jannataa san, Tasniim irraa areeramaaf.

وَمِزَاجُهُۥ مِن تَسۡنِيمٍ ٢٧

28. Warra akkaan rabbi dhihaatu, laga jannataarraa dhuga.

عَيۡنٗا يَشۡرَبُ بِهَا ٱلۡمُقَرَّبُونَ ٢٨

29. Ummanni Kaafiraa duniyaarratti ni tahan, ummata mu'uminarratti qishnaadha koflan.

إِنَّ ٱلَّذِينَ أَجۡرَمُواْ كَانُواْ مِنَ
ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ يَضۡحَكُونَ ٢٩

30. Yoo ummanni mu'uminaa ummata kaafiraa bira dabran, ijaan arabsan.

وَإِذَا مَرُّواْ بِهِمۡ يَتَغَامَزُونَ ٣٠

31. Hoggaa ummanni Kaafiraa gama warra isaanii deebi’an, boonaa deebi’an.

وَإِذَا ٱنقَلَبُوٓاْ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِمُ ٱنقَلَبُواْ فَكِهِينَ ٣١

32. Yoo ummanni Kaafiraa ummata mu’iminaa argan, ummanni Kaafiraa ni ja’an ormi san jallaadha.

وَإِذَا رَأَوۡهُمۡ قَالُوٓاْ إِنَّ هَٰٓؤُلَآءِ لَضَآلُّونَ ٣٢

33. Ummata Kaafiraa ummata mu’uminaatti waa hin ergine, dalagaa isaanii tiisaa janneenii.

وَمَآ أُرۡسِلُواْ عَلَيۡهِمۡ حَٰفِظِينَ ٣٣

34. Guyyaa qiyaamaa ummanni mu’uminaa ummata Kaafiraati qishnaadha koflan.

فَٱلۡيَوۡمَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مِنَ ٱلۡكُفَّارِ يَضۡحَكُونَ ٣٤

35. Sireelee jannataarraa, Kaafira qixaaxamu laalan.

عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِ يَنظُرُونَ ٣٥

36. Ummanni Kaafiraa guyyaa qiyaamaa galata wahi galfamanii, waan duniyaarra dalagan malee.

هَلۡ ثُوِّبَ ٱلۡكُفَّارُ مَا كَانُواْ يَفۡعَلُونَ ٣٦

# 84. Suuraa Al-Inshiqaaq

# سُورَةُ الانْشِقَاقِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

إِذَا ٱلسَّمَآءُ ٱنشَقَّتۡ ١

1. Gaafa Samiin ajaja Rabbiitiin babbaqeeyxe.

وَأَذِنَتۡ لِرَبِّهَا وَحُقَّتۡ ٢

2. Rabbii isii uume caqaste, dhugaa isiiti amrii Rabbii isii caqasuun.

وَإِذَا ٱلۡأَرۡضُ مُدَّتۡ ٣

3. Gaafa dachiin addaan dhifamtee ballifamte.

وَأَلۡقَتۡ مَا فِيهَا وَتَخَلَّتۡ ٤

4. Waan garaa isii kheeysatti awwaalame ifirraa darbitee, irraa qulqulooyte.

وَأَذِنَتۡ لِرَبِّهَا وَحُقَّتۡ ٥

5. Rabbi isii uume caqaste, dhugaa isiiti amrii Rabbii isii caqasuun.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلۡإِنسَٰنُ إِنَّكَ كَادِحٌ إِلَىٰ رَبِّكَ كَدۡحٗا فَمُلَٰقِيهِ ٦

6. Yaa ilma namaa ati dalagaa tee oofu jirta, dalagaa tee waliin gama Rabbii deemu jirta, eega duutee dalgaa tee waliin fuula Rabbii dhaabachuuf teeysa.

فَأَمَّا مَنۡ أُوتِيَ كِتَٰبَهُۥ بِيَمِينِهِۦ ٧

7. Namni khanname, kitaaba dalagaa isaa, harka mirgaatin.

فَسَوۡفَ يُحَاسَبُ حِسَابٗا يَسِيرٗا ٨

8. Gaafii laaftuu gafatamuuf taa'a.

وَيَنقَلِبُ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِۦ مَسۡرُورٗا ٩

9. Gama warra isaa khan jannataa kheeysa jiraniitti deebi'a, haala gammadaa taheen.

10. Namni khanname Kitaaba dalagaa isaa gama duubaatin.

وَأَمَّا مَنْ أُوتِيَ كِتَٰبَهُۥ وَرَآءَ ظَهْرِهِۦ ١٠

11. Halaakha ifi khadhata.

فَسَوْفَ يَدْعُوا۟ **ثُبُورًا** ١١

12. Ibidda seena.

وَيَصْلَىٰ سَعِيرًا ١٢

13. Duniyaarratti warra isaa waliin gamachu kheeysa kha ibaadaa Rabbirraa dagamu tahe.

إِنَّهُۥ كَانَ فِىٓ أَهْلِهِۦ مَسْرُورًا ١٣

14. Eega du'ee gama Rabbii khan deebine sahe?

إِنَّهُۥ ظَنَّ أَن لَّن يَحُورَ ١٤

15. Dhugaa Rabbiin dalagaa isaa kha argu tahe.

بَلَىٰٓ إِنَّ رَبَّهُۥ كَانَ بِهِۦ بَصِيرًا ١٥

16. Diimina yeroo Maghribaatiin khakhadhe.

فَلَآ أُقْسِمُ بِٱلشَّفَقِ ١٦

17. Ammallee halkaniifii waan inni waliqabeen khakhadhe.

وَٱلَّيْلِ وَمَا وَسَقَ ١٧

18. Hoggaa ji'ini guddatee akkaan ifuuniis khakhadhe.

وَٱلْقَمَرِ إِذَا ٱتَّسَقَ ١٨

19. Haala tokkorraa gama haala tokko dabartan.

لَتَرْكَبُنَّ طَبَقًا عَن طَبَقٍ ١٩

20. Maaliif ummanni Kaafiraa Qur'aanatti amanuu dhaban.

فَمَا لَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ٢٠

21. Hoggaa Qur'aanni isaanirraa qara'ame sujuuda hin bu'an.

وَإِذَا قُرِئَ عَلَيْهِمُ ٱلْقُرْءَانُ لَا يَسْجُدُونَ ۩ ٢١

22. Dhugaa ummanni Kaafiraa Qur'aana Rabbii kijibsiisuu kheeysa jiran.

بَلِ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ يُكَذِّبُونَ ٢٢

23. Rabbiin ni beekha waan ummanni Kaafiraa qomatti yaadan.

وَٱللَّهُ أَعۡلَمُ بِمَا يُوعُونَ ٢٣

24. Himiif yaa ergamaa Rabbii azaaba laaleessaa isaanii jira.

فَبَشِّرۡهُم بِعَذَابٍ أَلِيمٍ ٢٤

25. Warra Rabbii dhugoomsee dalgaa gaarii dalage malee, galata addaan hin cinnee isaaniif jira.

إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ
ٱلصَّٰلِحَٰتِ لَهُمۡ أَجۡرٌ
غَيۡرُ مَمۡنُونِۭ ٢٥

## 84. Suuraa Al-Buruj

## سُورَةُ البُرُوجِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Samii Urjii qabduun khakhadhe.

وَٱلسَّمَآءِ ذَاتِ ٱلۡبُرُوجِ ١

2. Guyyaa qiyaamaatiin khakhadhe.

وَٱلۡيَوۡمِ ٱلۡمَوۡعُودِ ٢

3. Guyyaa Jimmataatiin khakhadhe, guyyaa Arafaatiin khakhadhe.

وَشَاهِدٖ وَمَشۡهُودٖ ٣

4. Abaarsa fuudhan, warri ummata mu'uminaatiif boolla qote.

قُتِلَ أَصۡحَٰبُ ٱلۡأُخۡدُودِ ٤

5. Warra boolla qotee, ibidda itti qabsiise.

ٱلنَّارِ ذَاتِ ٱلۡوَقُودِ ٥

6. Ummanni kaafiraa san, naannawa ibiddaa tattaa’an.

إِذۡ هُمۡ عَلَيۡهَا قُعُودٞ ٦

7. Ummanni kaafiraa, waan ummata mu’uminaarra dalagan ijaan laalan.

وَهُمۡ عَلَىٰ مَا يَفۡعَلُونَ بِٱلۡمُؤۡمِنِينَ

شُهُودٞ ٧

8. Ummanni kaafiraa san, ummata mu’uminaa waan biraatiif haluu irraan baane, waan isaan Rabbii dhugoomsaniif malee, Rabbii jabaa waa hunda injifatu, Rabbiin waa hunda kheeysatti faarfamaadha.

وَمَا نَقَمُواْ مِنۡهُمۡ إِلَّآ أَن يُؤۡمِنُواْ بِٱللَّهِ

ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡحَمِيدِ ٨

9. Rabbiin sanuu mootummaan Samii fii dachii kha isaa kha tahe, Rabbiin waan hunda quba qaba.

ٱلَّذِي لَهُۥ مُلۡكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ

وَٱلۡأَرۡضِۚ وَٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ

شَهِيدٌ ٩

10. Warri dhiira mu’uminaatii fii dubartii mu’uminaa, boolla ibiddaatti guban, amantii isaanirraa garagalchuudhaaf, eegasii badii sanirraa hin towbatin azaaba jahannamii isaanii jira, ammallee azaaba isaan kheeysa gubataniitu isaanii jira.

إِنَّ ٱلَّذِينَ فَتَنُواْ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ

وَٱلۡمُؤۡمِنَٰتِ ثُمَّ لَمۡ يَتُوبُواْ فَلَهُمۡ

عَذَابُ جَهَنَّمَ وَلَهُمۡ عَذَابُ

ٱلۡحَرِيقِ ١٠

11. Warri Rabbii dhugoomsee dalagaa gaarii dalage, jannataatu isaanii jira, kha laggeen kheeysa yaa'an san argachuun milkii gurguddoorraahi.

إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ لَهُمْ جَنَّٰتٌ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ ۚ ذَٰلِكَ ٱلْفَوْزُ ٱلْكَبِيرُ ﴿١١﴾

12. Qabiinsi Rabbii kheetii jabaadha.

إِنَّ بَطْشَ رَبِّكَ لَشَدِيدٌ ﴿١٢﴾

13. Rabbiin kha uumaa waa hundaa jalqabe isa, kha deebi'ee aakhiraa khaasulleen isa.

إِنَّهُۥ هُوَ يُبْدِئُ وَيُعِيدُ ﴿١٣﴾

14. Rabbiin nama gama isaa deebi'ee araarama barbaaduuf araaramaadha, kha gabroottan isaa jaalatu.

وَهُوَ ٱلْغَفُورُ ٱلْوَدُودُ ﴿١٤﴾

15. Rabbiin abbaa arshii guddoo kha tahe.

ذُو ٱلْعَرْشِ ٱلْمَجِيدُ ﴿١٥﴾

16. Rabbiin waan fadhe dalaga.

فَعَّالٌ لِّمَا يُرِيدُ ﴿١٦﴾

17. Dhageeysee yaa ergamaa Rabbii, oduu waraana kaafiraa.

هَلْ أَتَىٰكَ حَدِيثُ ٱلْجُنُودِ ﴿١٧﴾

18. Waraanni sanuu waraana Fir'oonaa fii waraana ummata Samuud kha tahe.

فِرْعَوْنَ وَثَمُودَ ﴿١٨﴾

19. Dhugaa ummanni kaafiraa diin kijibsiisuu kheeysa jiran.

بَلِ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ فِى تَكْذِيبٍ ﴿١٩﴾

20. Rabbiin ummata kaafiraa duraa duuba isaanii marsee jira.

(haala isaanii akkaan beekha)

وَٱللَّهُ مِن وَرَآئِهِم مُّحِيطٌۢ ٢٠

21. Dhugaa Qur'aanni khun guddaa khabajamaadha.

بَلۡ هُوَ قُرۡءَانٞ مَّجِيدٞ ٢١

22. Qur'aana khana Lowhil Mahfuuziirraa sitti buufne.

فِي لَوۡحٖ مَّحۡفُوظِۭ ٢٢

## Suuraa Al-Taariq

## سُورَةُ الطَّارِقِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Samii fii Urjii Xaariq ja'amtuun khakhadhe.

وَٱلسَّمَآءِ وَٱلطَّارِقِ ١

2. Maaltu si beeysise, waan Xaariq taate.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا ٱلطَّارِقُ ٢

3. Urjii akkaan iftu.

ٱلنَّجۡمُ ٱلثَّاقِبُ ٣

4. Lubbuun hundi waa hin taane Maalaaykaan isii tiiysitu isii bira

إِن كُلُّ نَفۡسٖ لَّمَّا عَلَيۡهَا حَافِظٞ ٤

jiraattu malee.

5. Ilmi namaa mee if haalaalu, waan irraa uumame.

فَلۡيَنظُرِ ٱلۡإِنسَٰنُ مِمَّ خُلِقَ ٥

6. Ilmi namaa ni uumame, bishaan hoggaa bahu utaalurraa.

خُلِقَ مِن مَّآءٖ دَافِقٖ ٦

7. Bishaan sanuu nibaha duyda dhiiraarraa baha, qoma dubartiirraa baha.

يَخۡرُجُ مِنۢ بَيۡنِ ٱلصُّلۡبِ وَٱلتَّرَآئِبِ ٧

8. Rabbiin nama du'e deebisee khaasuratti dandayaadha.

إِنَّهُۥ عَلَىٰ رَجۡعِهِۦ لَقَادِرٞ ٨

9. Guyyaan san, guyyaa sirriin (iccitii) ilma namaa dirree baatu.

يَوۡمَ تُبۡلَى ٱلسَّرَآئِرُ ٩

10. Guyyaan san, guyyaa ilmi namaa humna azaaba Rabbii ifirraa deebisuun hin qabne, ammallee namni isaa dirmatee azaaba Rabbii jalaa isa baasu hin jiru.

فَمَا لَهُۥ مِن قُوَّةٖ وَلَا نَاصِرٖ ١٠

11. Samii Rooba daddeebistee roobduun khakhadhe.

وَٱلسَّمَآءِ ذَاتِ ٱلرَّجۡعِ ١١

12. Dachii midhaanirraa babbaqeeyxee, midhaan magarsituun khakhadhe.

وَٱلۡأَرۡضِ ذَاتِ ٱلصَّدۡعِ ١٢

13. Qur’aanni khun jecha haqaa fi baaxil addaan baasuu.

إِنَّهُۥ لَقَوۡلٞ فَصۡلٞ ١٣

14. Qur’aanni khun waan taphaatii miti.

وَمَا هُوَ بِٱلۡهَزۡلِ ١٤

15. Ummanni kaafiraa diin Rabbii dhaamsuuf mala baasan.

إِنَّهُمۡ يَكِيدُونَ كَيۡدٗا ١٥

16. Aniis isaan balleesuudhaaf malaan baasa. (Rabbiin mala isaan malu baasa kha makhluuqatti hin fakkaanne).

وَأَكِيدُ كَيۡدٗا ١٦

17. Itti hin jarjarin, ummata kaafiraa yeroo gabaabduu takka qabiif.

فَمَهِّلِ ٱلۡكَٰفِرِينَ أَمۡهِلۡهُمۡ
رُوَيۡدَۢا ١٧

# 87. Suuraa Al-A’alaa

# سُورَةُ الأَعْلَى

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

سَبِّحِ ٱسْمَ رَبِّكَ ٱلْأَعْلَى ۝١

1. Qulqulleessi yaa ergamaa Rabbii, maqaa Rabbii kheetii kha oltahe.

ٱلَّذِى خَلَقَ فَسَوَّىٰ ۝٢

2. Rabbiin sanuu kha waan hunda uumee wal qixxeeysee bareeche.

وَٱلَّذِى قَدَّرَ فَهَدَىٰ ۝٣

3. Rabbiin azali dabarse, waan uume hunda, waan uumee fiitti qaceelche.

وَٱلَّذِىٓ أَخْرَجَ ٱلْمَرْعَىٰ ۝٤

4. Rabbiin kha waan horiin dheedu magarse.

فَجَعَلَهُۥ غُثَآءً أَحْوَىٰ ۝٥

5. Eegasii meeyra sanuu ni godhe, goggooyse hooreeysee gurraachoomse, haala isaa jijjiire.

سَنُقْرِئُكَ فَلَا تَنسَىٰٓ ۝٦

6. Wiliidha Qur’aana si qaraasisna, yaa ergamaa Rabbii, hin irraanfattu.

إِلَّا مَا شَآءَ ٱللَّهُ ۚ إِنَّهُۥ يَعْلَمُ ٱلْجَهْرَ وَمَا يَخْفَىٰ ۝٧

7. Waan Rabbiin si irraanfachiisu fadhe malee, Rabbiin ni beekha, waan olfuudhanii dubbatanii fi waan dhooysanillee.

وَنُيَسِّرُكَ لِلْيُسْرَىٰ ۝٨

8. Siilaaffisne yaa ergamaa Rabbii, shari’aa laaftuu dalagaan isii namatti hin ulfaanne.

9. Gorsi; yaa ergamaa Rabbii yoo gorsi isaan fayyadee gorfaman.

فَذَكِّرْ إِن نَّفَعَتِ ٱلذِّكْرَىٰ ٩

10. Wiliidha gorfamuuf taa'a, namni Rabbi isaa sodaatu.

سَيَذَّكَّرُ مَن يَخْشَىٰ ١٠

11. Gorsarraa fagaachuuf taa'a hongaawaan khasaaramaan.

وَيَتَجَنَّبُهَا ٱلْأَشْقَى ١١

12. Kha ibidda guddaa Rabbiin ni seenta ja'een, gorsarraa ni fagaata.

ٱلَّذِى يَصْلَى ٱلنَّارَ ٱلْكُبْرَىٰ ١٢

13. Ibidda kheeysa du'ee, laalaa ibiddaa duraa hara hin baafatu, jiruu gaarillee hin jiraatu.

ثُمَّ لَا يَمُوتُ فِيهَا وَلَا يَحْيَىٰ ١٣

14. Dhugaa milkaawe, namni lubbu isaa ibiddaarraa qulqulleeyse.

قَدْ أَفْلَحَ مَن تَزَكَّىٰ ١٤

15. Maqaa Rabbii isaa dhawee (Allaahu Akbar) ja'e salaata shanan salaate.

وَذَكَرَ ٱسْمَ رَبِّهِۦ فَصَلَّىٰ ١٥

16. Dhugaa ni filittan, yaa ilmaan namaa jiruu duniyaadhaa.

بَلْ **تُؤْثِرُونَ** ٱلْحَيَوٰةَ ٱلدُّنْيَا ١٦

17. Aakhiraan irra caaltuudha, zalaalam haftuudha.

وَٱلْءَاخِرَةُ خَيْرٌ **وَأَبْقَىٰٓ** ١٧

18. Qur'aanni kun kitaaba duraa kheeysa jira.

إِنَّ هَٰذَا لَفِى ٱلصُّحُفِ ٱلْأُولَىٰ ١٨

19. Kitaabni sanuu, kitaaba Nabi Ibrahimi fi kitaaba Nabi Mussaa (nagayaa fi Rahmanni isaanirratti haa jiraatu.)

صُحُفِ إِبْرَٰهِيمَ وَمُوسَىٰ ١٩

# Suuraa Al-Ghaashiyaa

# سُورَةُ الغَاشِيَةِ

| | |
|---|---|
| Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe. | بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ |
| 1. Dhageeysee yaa ergamaa Rabbii, oduu hagoyduu guyyaa qiyaamaa. | هَلۡ أَتَىٰكَ حَدِيثُ ٱلۡغَٰشِيَةِ ١ |
| 2. Fuulli ummata kaafiraa guyyaa qiyaamaa xiqqaattuudha. | وُجُوهٞ يَوۡمَئِذٍ خَٰشِعَةٌ ٢ |
| 3. Duniyaarratti dilii daleeyduudha, aakhiratti cinqamtuudha. | عَامِلَةٞ نَّاصِبَةٞ ٣ |
| 4. Ni seenti, ibidda akkaan nama gubdu seenti. | تَصۡلَىٰ نَارًا حَامِيَةٗ ٤ |
| 5. Ni obaafamti laga akkaan danfaa taheerraa. | تُسۡقَىٰ مِنۡ عَيۡنٍ ءَانِيَةٖ ٥ |
| 6. Isaaniif waa hin jiru nyaanni, nyaata fokkotaa warra jahannam malee. | لَّيۡسَ لَهُمۡ طَعَامٌ إِلَّا مِن ضَرِيعٖ ٦ |
| 7. Namallee hin gabbisu, beelallee nama hin baasu. | لَّا يُسۡمِنُ وَلَا يُغۡنِي مِن جُوعٖ ٧ |
| 8. Fuulli ummata mu’uminaa guyyaa qiyaamaa san qananooytuudha. | وُجُوهٞ يَوۡمَئِذٖ نَّاعِمَةٞ ٨ |
| 9. Dalagaa isiidhaa jaalattuu dha. | لِّسَعۡيِهَا رَاضِيَةٞ ٩ |
| 10. Jannata darajaa isii olfuudhamtuu kheeysa qubatan. | فِي جَنَّةٍ عَالِيَةٖ ١٠ |

| | |
|---|---|
| 11. Jannata kheeysatti waan hamtuu hin dhageeysu. | لَّا تَسۡمَعُ فِيهَا لَٰغِيَةٗ ١١ |
| 12. Jannata kheeysatti laga yaa’uutu isaanii jira. | فِيهَا عَيۡنٞ جَارِيَةٞ ١٢ |
| 13. Jannata kheeysa Sireelee olfuudhamtuu taatee isaanii jira. | فِيهَا سُرُرٞ مَّرۡفُوعَةٞ ١٣ |
| 14. Weelkaalee khaayamtuu taatee isaanii jira. | وَأَكۡوَابٞ مَّوۡضُوعَةٞ ١٤ |
| 15. Ammallee Makhaddaalee (Boraatii) saffiin khaayamtuu taateetu isaanii jira. | وَنَمَارِقُ مَصۡفُوفَةٞ ١٥ |
| 16. Afaa jannataa afatmuu taateetu isaanii jira. | وَزَرَابِيُّ مَبۡثُوثَةٌ ١٦ |
| 17. Hin laalalanii, gaala akkataa Rabbiin itti uume. | أَفَلَا يَنظُرُونَ إِلَى ٱلۡإِبِلِ كَيۡفَ خُلِقَتۡ ١٧ |
| 18. Samii hin laalani, akkaataa Rabbiin utubaa malee olfuudhee uume. | وَإِلَى ٱلسَّمَآءِ كَيۡفَ رُفِعَتۡ ١٨ |
| 19. Gaarran hin laalanii, akkaataa Rabbiin dachiirra dhaabe. | وَإِلَى ٱلۡجِبَالِ كَيۡفَ نُصِبَتۡ ١٩ |
| 20. Ammallee dachii hin laalanii, akkaataa Rabbiin itti ballise. | وَإِلَى ٱلۡأَرۡضِ كَيۡفَ سُطِحَتۡ ٢٠ |
| 21. Gorsi yaa ergamaa Rabbii, ati wanni sirra jiru gorsuudha. | فَذَكِّرۡ إِنَّمَآ أَنتَ مُذَكِّرٞ ٢١ |
| 22. Iimaana isaan kheeysatti dirqii dhaan itti uumuu hin dandeeysu. | لَّسۡتَ عَلَيۡهِم بِمُصَيۡطِرٍ ٢٢ |
| 23. Haataatu namni Islaamummaarraa garagale kafare. | إِلَّا مَن تَوَلَّىٰ وَكَفَرَ ٢٣ |

24. Rabbiin azaaba guddaan isa azzaba.

فَيُعَذِّبُهُ ٱللَّهُ ٱلۡعَذَابَ ٱلۡأَكۡبَرَ ٢٤

25. Eega du'aanii deebiin saanii gama kheenya.

إِنَّ إِلَيۡنَآ إِيَابَهُمۡ ٢٥

26. Dalagaa isaanii hundarraa isaan gaafachuun nurra jirti.

ثُمَّ إِنَّ عَلَيۡنَا حِسَابَهُم ٢٦

## 89. Suuraa Al-Fajr

## سُورَةُ الفَجۡرِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Ifa Subiitiin khakhadhe.

وَٱلۡفَجۡرِ ١

2. Ammallee khurnan Zul hijjaatiin khakhadhe

وَلَيَالٍ عَشۡرٖ ٢

3. Lama lamaan khakhadhe, takka takkaan khakhadhe.

وَٱلشَّفۡعِ وَٱلۡوَتۡرِ ٣

4. Ammallee deeminsa halkaniitiin khakhadhe.

وَٱلَّيۡلِ إِذَا يَسۡرِ ٤

5. Waan dabarsine khana kheessatti, khakhuun hin taanee, nama aylii kheeysaa qabuuf.

هَلۡ فِي ذَٰلِكَ قَسَمٞ لِّذِي حِجۡرٍ ٥

6. Beeytee yaa ergamaa Rabbii, waan Rabbiin khee ummata Aadirratti dalage.

أَلَمۡ تَرَ كَيۡفَ فَعَلَ رَبُّكَ بِعَادٍ ٦

7. Irama ja’aman, orma akkaan dhadheeraa humna qaban.

إِرَمَ ذَاتِ ٱلۡعِمَادِ ٧

8. Ummata akka isaanii, jabeenya kheessatti, takkaa Rabbiin dachirratti hin umne.

ٱلَّتِي لَمۡ يُخۡلَقۡ مِثۡلُهَا فِي ٱلۡبِلَٰدِ ٨

9. Ummata Samuudillee beeytee akka Rabbiin isaan godhe, orma jabeenya kheeysa dhagaa uree, mana godhatee kheeysa galu.

وَثَمُودَ ٱلَّذِينَ جَابُواْ ٱلصَّخۡرَ

بِٱلۡوَادِ ٩

10. Fir’oownallee beeytee akka Rabbiin isa godhe, kha dhawaa afuriin nama rakkisu (azzabu).

وَفِرۡعَوۡنَ ذِي ٱلۡأَوۡتَادِ ١٠

11. Ummanni san, warra biyya kheessatti badii dalagu kheeysa dangaa tarkaanfatan.

ٱلَّذِينَ طَغَوۡاْ فِي ٱلۡبِلَٰدِ ١١

12. Dachii kheeysatti hamtuu dalaguu heddummeeysan.

فَأَكۡثَرُواْ فِيهَا ٱلۡفَسَادَ ١٢

13. Rabbiin khee itti buuse azaaba gosa gosaa.

فَصَبَّ عَلَيۡهِمۡ رَبُّكَ سَوۡطَ

عَذَابٍ ١٣

14. Rabbiin khee tiiysaadha, dalagaa gabroottan isaa.

إِنَّ رَبَّكَ لَبِٱلۡمِرۡصَادِ ١٤

15. Ilmi namaa yoo Rabbiin isa laaluudhaaf isa guddisee tola isaa oole, ilmi namaa ni ja’a Rabbii khiyyaa na

فَأَمَّا ٱلۡإِنسَٰنُ إِذَا مَا ٱبۡتَلَىٰهُ

رَبُّهُۥ فَأَكۡرَمَهُۥ وَنَعَّمَهُۥ فَيَقُولُ

| | |
|---|---|
| guddise ja'ee dhaadatan. | رَبِّىٓ أَكۡرَمَنِ ﴿١٥﴾ |
| 16. Yoo Rabbiin isin laaluudhaaf Rizqii harka xiqqeeyse, ilmi namaa ni ja'a Rabbii khiyyaa na xiqqeeyse ja'a. | وَأَمَّآ إِذَا مَا ٱبۡتَلَىٰهُ فَقَدَرَ عَلَيۡهِ رِزۡقَهُۥ فَيَقُولُ رَبِّىٓ أَهَٰنَنِ ﴿١٦﴾ |
| 17. Akka isin yaaddanii miti, yataamaahu hin kabajan. | كَلَّاۖ بَل لَّا تُكۡرِمُونَ ٱلۡيَتِيمَ ﴿١٧﴾ |
| 18. Wal hin khakhaastan, miskiina nyaachisuu kheeysatti. | وَلَا تَحَٰٓضُّونَ عَلَىٰ طَعَامِ ٱلۡمِسۡكِينِ ﴿١٨﴾ |
| 19. Ni nyaattan horii dhaalaa, akkaan nyaatinsa jabaa. | وَتَأۡكُلُونَ ٱلتُّرَاثَ أَكۡلٗا لَّمّٗا ﴿١٩﴾ |
| 20. Ni jaalattan duniyaa jaalala jabduu jaalattan. | وَتُحِبُّونَ ٱلۡمَالَ حُبّٗا جَمّٗا ﴿٢٠﴾ |
| 21. Dhorgamaa gaafa dachiin akkaan sossoote. | كَلَّآ إِذَا دُكَّتِ ٱلۡأَرۡضُ دَكّٗا دَكّٗا ﴿٢١﴾ |
| 22. Rabbiin khee ni dhufa dirree qiyaamaa, dhufinsa isaan male dhufa, Malaaykaanilleen ni dhufti, saffii (hiriira) galanii. | وَجَآءَ رَبُّكَ وَٱلۡمَلَكُ صَفّٗا صَفّٗا ﴿٢٢﴾ |

23. Ni fidan gaafa qiyaamaa san jahannam, gaafa qiyaamaa san ilmi namaa niyaadata dalagaa isaa, mee gorfamuun akkamitti isaaf taati kha duniyaaatti hin gorfamin.

وَجِاْيٓءَ يَوۡمَئِذِۭ بِجَهَنَّمَۚ يَوۡمَئِذٖ يَتَذَكَّرُ ٱلۡإِنسَٰنُ وَأَنَّىٰ لَهُ ٱلذِّكۡرَىٰ ٢٣

24. Ilmi namaa ni ja’a yaa sheenaatoo, osoon aakhiraa tiyyaaf kheeyrii dalagadhee dabarafadhe.

يَقُولُ يَٰلَيۡتَنِي قَدَّمۡتُ لِحَيَاتِي ٢٤

25. Gaafa qiyaamaa san nam tokkolleen nama akka Rabbitti nama isa balleeyse, nama azzabbu waa hin jiru.

فَيَوۡمَئِذٖ لَّا يُعَذِّبُ عَذَابَهُۥٓ أَحَدٞ ٢٥

26. Ammallee, nam tokkoolleen kha akka hidhaa Rabbiin nama hidhu waa hin jiru.

وَلَا يُوثِقُ وَثَاقَهُۥٓ أَحَدٞ ٢٦

27. Yaa lubbuu Rabbii dhugoomsitee, ta waan isii yaachisu duraa nagaya baate.

يَٰٓأَيَّتُهَا ٱلنَّفۡسُ ٱلۡمُطۡمَئِنَّةُ ٢٧

28. Deebi’i, gama Rabbii kheetii, waan Rabbiin siif khanne jaalattuu haala taateen, jaalatamtuu haala taateen Rabbii biratti.

ٱرۡجِعِيٓ إِلَىٰ رَبِّكِ رَاضِيَةٗ مَّرۡضِيَّةٗ ٢٨

29. Seeni gabroottan kiyyatti ida’ami.

فَٱدۡخُلِي فِي عِبَٰدِي ٢٩

30. Jannata kiyyallee seeni.

وَٱدۡخُلِي جَنَّتِي ٣٠

# 90. Suuraa Al-Balad

# سُورَةُ البَلَدِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Makkaa kabajamtuu taateen khakhadhe.

   لَآ أُقۡسِمُ بِهَٰذَا ٱلۡبَلَدِ ١

2. Qubachuuf teessa Kaafira Makkaa cabsitee (S.A.W).

   وَأَنتَ حِلُّۢ بِهَٰذَا ٱلۡبَلَدِ ٢

3. Aadamii fii hortee isaatiin khakhadhe.

   وَوَالِدٖ وَمَا وَلَدَ ٣

4. Dhugaa ilma namaa ni uumne mashaqqaaf.

   لَقَدۡ خَلَقۡنَا ٱلۡإِنسَٰنَ فِي **كَبَدٍ** ٤

5. Ilmi namaa ni sehaa? Kha nam tokkolleen isa dandeenye sehaa?

   أَيَحۡسَبُ أَن لَّن يَقۡدِرَ عَلَيۡهِ

   أَحَدٞ ٥

6. Ilmi namaa, horii hedduun baase ja’a.

   يَقُولُ **أَهۡلَكۡتُ** مَالٗا لُّبَدًا ٦

7. Ilmi namaa ni sehaa?  kha nam tokkoolleen isa hin garre?

   أَيَحۡسَبُ أَن لَّمۡ يَرَهُۥٓ أَحَدٌ ٧

8. Isaaf hin uumnee ija lamaan?

   أَلَمۡ نَجۡعَل لَّهُۥ عَيۡنَيۡنِ ٨

9. Arraba fii hidhii lamaan.

وَلِسَانًا وَشَفَتَيْنِ ٩

10. Addaan baasneef, kharaa kheeyriitii fii kharaa sharriidhaa.

وَهَدَيْنَٰهُ ٱلنَّجْدَيْنِ ١٠

11. Ilmi namaa, maa kharaa azaabaa jalaa ittiin bahu deemuu dhabe?

فَلَا ٱقْتَحَمَ ٱلْعَقَبَةَ ١١

12. Maaltu si beeysise, waan aqabaan taate.

وَمَآ أَدْرَىٰكَ مَا ٱلْعَقَبَةُ ١٢

13. Gabra bilisoomsuu.

فَكُّ رَقَبَةٍ ١٣

14. Yookhaa, beelawaa nyaachisuu, guyyaa akkaan beelti jabduun jirtu.

أَوْ إِطْعَٰمٌ فِى يَوْمٍ ذِى **مَسْغَبَةٍ** ١٤

15. Yataamaa aanaa ifii nyaachisuu.

يَتِيمًا ذَا مَقْرَبَةٍ ١٥

16. Takkaa miskiina harkaan lafa qabate nyaachisuu.

أَوْ مِسْكِينًا ذَا مَتْرَبَةٍ ١٦

17. Dalagaa kheeyrii dalaguu waliin warra Rabbi dhugoomse, ammallee warra ibaadarratti obsa walii dhaaman, ammalle warra Rahmata walii dhaaman.

ثُمَّ كَانَ مِنَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَتَوَاصَوْا۟
بِٱلصَّبْرِ وَتَوَاصَوْا۟ بِٱلْمَرْحَمَةِ ١٧

18. Isaan warra galmee isaanii harka Mirgaatiin fudhatan.

أُو۟لَٰٓئِكَ أَصْحَٰبُ ٱلْمَيْمَنَةِ ١٨

19. Warri Rabbi kafaree, aayaata kheenya dide, isaan warra galmee saanii harka bitaatiin fudhatan.

وَٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ بِـَٔايَٰتِنَا هُمْ
أَصْحَٰبُ ٱلْمَشْـَٔمَةِ ١٩

20. Isaan warra ibidda seenee, hulaan ibiddaa isaanitti cufamtu.

عَلَيْهِمْ نَارٌ **مُّؤْصَدَةٌۢ** ٢٠

# 91. Suuraa Ash-Shams

# سُورَةُ الشَّمۡسِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Aduu fii Ifa isiitiin khakhadhe.

وَٱلشَّمۡسِ وَضُحَىٰهَا ١

2. Ji’a aduu jala deemuun khakhadhe.

وَٱلۡقَمَرِ إِذَا تَلَىٰهَا ٢

3. Ifaa guyyaatiin khakhadhe.

وَٱلنَّهَارِ إِذَا جَلَّىٰهَا ٣

4. Halkan hoggaa dukkana isaatiin dachii hagoogeen khakhadhe.

وَٱلَّيۡلِ إِذَا **يَغۡشَىٰهَا** ٤

5. Rabbii samii uumee dhaabeen khakhadhe.

وَٱلسَّمَآءِ وَمَا بَنَىٰهَا ٥

6. Rabbii dachii balliseen khakhadhe.

وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا طَحَىٰهَا ٦

7. Rabbi lubbuu uumeen khakhadhe.

وَنَفۡسٖ وَمَا سَوَّىٰهَا ٧

8. Ni beeysise, dalagaa kharaa sharrii fii dalagaa kharaa kheeyriidhaa.

فَأَلۡهَمَهَا فُجُورَهَا وَتَقۡوَىٰهَا ٨

9. Dhugaa milkaawe, namni lubbuu isaa ibaadaan qulqulleesse.

قَدۡ أَفۡلَحَ مَن زَكَّىٰهَا ٩

10. Dhugaa hongaawe (khasaare) namni lubbuu isaa diliin jallise.

وَقَدْ خَابَ مَن دَسَّىٰهَا ﴿١٠﴾

11. Ummanni Samuud Nabi Saalih ni kijibsiisan, sababa jallina isaaniitiin.

كَذَّبَتْ ثَمُودُ بِطَغْوَىٰهَآ ﴿١١﴾

12. Itti lafaa kha'e, hongawaan ummata isaanii.

إِذِ ٱنۢبَعَثَ أَشْقَىٰهَا ﴿١٢﴾

13. Ergamaan Rabbii isaaniin ja'e, gaalattii Rabbii qooda guyyaa isii haa dhuydu dhiisaa.

فَقَالَ لَهُمْ رَسُولُ ٱللَّهِ نَاقَةَ ٱللَّهِ وَسُقْيَٰهَا ﴿١٣﴾

14. Nabi Saalih ni kijibsiisan, gaalattii ni qalan, Rabbiin isaanii isaan balleesse, Sababaa dilii isaaniitiin isaan balleessuu kheeysatti wal qixxeeyse.

فَكَذَّبُوهُ فَعَقَرُوهَا فَدَمْدَمَ عَلَيْهِمْ رَبُّهُم بِذَنۢبِهِمْ فَسَوَّىٰهَا ﴿١٤﴾

15. Rabbiin booddee waan balleessee hin sodaatu.

وَلَا يَخَافُ عُقْبَٰهَا ﴿١٥﴾

## 92. Suuraa Al-Layl — سُورَةُ اللَّيْلِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Halkan hoggaa inni dachii dukkaneessuun khakhadhe.

وَٱلَّيْلِ إِذَا يَغْشَىٰ ﴿١﴾

2. Ifa guyyaatiin khakhadhe.

وَٱلنَّهَارِ إِذَا تَجَلَّىٰ ﴿٢﴾

| | |
|---|---|
| 3. Rabbii dhiiraa fii dhalaa uumeen khakhadhe. | وَمَا خَلَقَ ٱلذَّكَرَ وَٱلْأُنثَىٰٓ ٣ |
| 4. Dalagaan teeysan wal dhabdi. | إِنَّ سَعْيَكُمْ لَشَتَّىٰ ٤ |
| 5. Namni horii isaa kharaa Rabbii kheessa kannate, Rabbii isaa sodaate. | فَأَمَّا مَنْ أَعْطَىٰ وَٱتَّقَىٰ ٥ |
| 6. Jannata Rabbii dhugoomse. | وَصَدَّقَ بِٱلْحُسْنَىٰ ٦ |
| 7. Kharaa kheeyrii jannataa isaa laaffisna. | فَسَنُيَسِّرُهُۥ لِلْيُسْرَىٰ ٧ |
| 8. Namni horii isaa kharaa Rabbii kheessa baasurraa doynoome, ibaadaa Rabbirraa duroome. | وَأَمَّا مَنۢ بَخِلَ وَٱسْتَغْنَىٰ ٨ |
| 9. Jannata Rabbii kijibsiise. | وَكَذَّبَ بِٱلْحُسْنَىٰ ٩ |
| 10. Kharaa sharriidhaa isaa laaffisna. | فَسَنُيَسِّرُهُۥ لِلْعُسْرَىٰ ١٠ |
| 11. Horiin isaa maal isaa fayyada, yeroo inni ibidda khufee halaakame. | وَمَا يُغْنِى عَنْهُ مَالُهُۥٓ إِذَا تَرَدَّىٰٓ ١١ |
| 12. Kharaa qaceelloo addaan baasuun nurra jirti. | إِنَّ عَلَيْنَا لَلْهُدَىٰ ١٢ |
| 13. Amrii duniyaa aakhiraa numaa harkaa qaba. | وَإِنَّ لَنَا لَلْـَٔاخِرَةَ وَٱلْأُولَىٰ ١٣ |

14. Isin sodaachisne, ibidda qabsiifamtuu taateen.

فَأَنذَرۡتُكُمۡ نَارٗا تَلَظَّىٰ ١٤

15. Namni ibidda san seenu waan jiru, hongawaa khasaaramaa malee.

لَا يَصۡلَىٰهَآ إِلَّا ٱلۡأَشۡقَى ١٥

16. Inni sanuu kha diin Rabbii kijibsiise, Iimaanarraa garagale.

ٱلَّذِي كَذَّبَ وَتَوَلَّىٰ ١٦

17. Ibidda sanirraa fageefamuuf taa'a, namni Rabbii isaa sodaate.

وَسَيُجَنَّبُهَا ٱلۡأَتۡقَى ١٧

18. Kha horii isaa kharaa Rabbii kheessa kannate, lubbuu isaa qulqulleessudhaaf.

ٱلَّذِي يُؤۡتِي مَالَهُۥ يَتَزَكَّىٰ ١٨

19. Galata biraa qaban galchuudhaaf, khan khanate waan taane.

وَمَا لِأَحَدٍ عِندَهُۥ مِن نِّعۡمَةٖ تُجۡزَىٰٓ ١٩

20. Fuula Rabbii oltahe barbaadaaf yoo taate malee.

إِلَّا ٱبۡتِغَآءَ وَجۡهِ رَبِّهِ ٱلۡأَعۡلَىٰ ٢٠

21. Wiliidha jaalachuuf ta'a, waan Rabbiin aakhiratti isaa khannu.

وَلَسَوۡفَ يَرۡضَىٰ ٢١

# 93. Suuraa Ad-Duhaa

# سُورَةُ الضُّحَىٰ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Yeroo duhaatiin khakhadhe.

وَٱلضُّحَىٰ ١

2. Dukkana halkaniitiin khakhadhe.

وَٱلَّيۡلِ إِذَا سَجَىٰ ٢

3. Rabbiin khee waa sin dhiisne, yaa ergamaa Rabbii, eega si jaalatee sillee hin jibbine.

مَا وَدَّعَكَ رَبُّكَ وَمَا قَلَىٰ ٣

4. Ganda aakhiraatu siif caala duniyaa dhumturra, yaa ergamaa Rabbii.

وَلَلۡأٓخِرَةُ خَيۡرٞ لَّكَ مِنَ ٱلۡأُولَىٰ ٤

5. Wiliidha Rabbiin khee sii khannuu taa'a, aakhirattii waan si jaalachiisaa.

وَلَسَوۡفَ يُعۡطِيكَ رَبُّكَ فَتَرۡضَىٰٓ ٥

6. Sii yataamaa abbaa hin qabne si argee nama si guddisu siin goonee?

أَلَمۡ يَجِدۡكَ يَتِيمٗا فَـَٔاوَىٰ ٦

7. Sii Shari'aa hin beeyne si argee kharaa shari'aa Islaamaa sin qaceelchinee?

وَوَجَدَكَ ضَآلّٗا فَهَدَىٰ ٧

8. Sii hiyyeessaa humna hin qabne si argee ilma namaarraa sin duroomsinee?

وَوَجَدَكَ عَآئِلٗا فَأَغۡنَىٰ ٨

9. Joollee yataamaa abbaa hin qabne hin miidhin.

فَأَمَّا ٱلۡيَتِيمَ فَلَا تَقۡهَرۡ ٩

| | |
|---|---|
| 10. Nama khadhataa, sitti haajame oofaa irra hin babaasin. | وَأَمَّا ٱلسَّآئِلَ فَلَا تَنۡهَرۡ ﴿١٠﴾ |
| 11. Tola Rabbiin sii oole odeeysi. | وَأَمَّا بِنِعۡمَةِ رَبِّكَ فَحَدِّثۡ ﴿١١﴾ |

## 94. Suuraa Ash-sharh

## سُورَةُ الشَّرۡح

| | |
|---|---|
| Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe. | بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ |
| 1. Dhugaa qoma khee Iimaanaan sii ballisne, yaa ergamaa Rabbii. | أَلَمۡ نَشۡرَحۡ لَكَ صَدۡرَكَ ﴿١﴾ |
| 2. Ba’aa sirraa lafa kheenye, yaa ergamaa Rabbii. | وَوَضَعۡنَا عَنكَ وِزۡرَكَ ﴿٢﴾ |
| 3. Ba’aan sanuu kha duyda kheetitti ulfaate. | ٱلَّذِيٓ أَنقَضَ ظَهۡرَكَ ﴿٣﴾ |
| 4. Faaruu tee duniyaa akhiratti sii olfuune, yaa ergamaa Rabbii. | وَرَفَعۡنَا لَكَ ذِكۡرَكَ ﴿٤﴾ |
| 5. Eega rakkootii balloo dhufa. | فَإِنَّ مَعَ ٱلۡعُسۡرِ يُسۡرًا ﴿٥﴾ |
| 6. Amallee eega rakkootii ballootu dhufa. | إِنَّ مَعَ ٱلۡعُسۡرِ يُسۡرًا ﴿٦﴾ |
| 7. Yaroo hujii da’awaarraa raawwatte, ibaadaa Rabbii kheeysa jajjabaadhu. | فَإِذَا فَرَغۡتَ فَٱنصَبۡ ﴿٧﴾ |
| 8. Rahmata Rabbii kheetii khajeeli. | وَإِلَىٰ رَبِّكَ فَٱرۡغَب ﴿٨﴾ |

# 94. Suuraa Al-Tiin

# سُورَةُ التِّينِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Tiin fi Zeeytunaan khakhadhe.

وَٱلتِّينِ وَٱلزَّيۡتُونِ ١

2. Gaara Xuurisiinaa ja’amuuniis khakhadhe.

وَطُورِ سِينِينَ ٢

3. Biyya Makkaa nagaya taateeniis khakhadhe.

وَهَٰذَا ٱلۡبَلَدِ ٱلۡأَمِينِ ٣

4. Dhugaa ilma namaa bifa bareedaarratti uumne.

لَقَدۡ خَلَقۡنَا ٱلۡإِنسَٰنَ فِيٓ أَحۡسَنِ
تَقۡوِيمٖ ٤

5. Eegasii darajaa irraa gaditti isa deebisne.

ثُمَّ **رَدَدۡنَٰهُ** أَسۡفَلَ سَٰفِلِينَ ٥

6. Warra Rabbii dhugoomsee dalagaa gaarii dalage malee, galata addaan hin cinne isaanii jira.

إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ
فَلَهُمۡ أَجۡرٌ غَيۡرُ مَمۡنُونٖ ٦

7. Sababaa maaliin guyyaa galataa kijibsiista, yaa ilma namaa.

فَمَا يُكَذِّبُكَ بَعۡدُ بِٱلدِّينِ ٧

8. Rabbiin kha akkaan murtii godhu hin taanee? jidduu gabroottan isaa guyyaa qiyaamaa.

أَلَيۡسَ ٱللَّهُ بِأَحۡكَمِ ٱلۡحَٰكِمِينَ ٨

| 96. Suuraa Al-‘Alaq | سُورَةُ العَلَق |
|---|---|
| Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe. | بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ |
| 1. Maqaa Rabbii kheetii kan waan hunda uume dhawii qara’i yaa ergamaa Rabbii. | ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ |
| 2. Rabbii sanuu, kha dhiiga ititaarraa ilma namaa uume. | خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ |
| 3. Qara’i yaa ergamaa Rabbii, Rabbiin khee arjaadha. | ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ |
| 4. Rabbiin sanuu, kha qalamaan barruu ilma namaa barsiise. | ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ٤ |
| 5. Waan duraan hin beyne, Rabbiin ilma namaa barsiise. | عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ |
| 6. Dhugaa ilmi namaa badii kheessa daangaa tarkaanfate. | كَلَّآ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَيَطۡغَىٰٓ ٦ |
| 7. Durummaa ifiratti arguudhaan. | أَن رَّءَاهُ ٱسۡتَغۡنَىٰٓ ٧ |
| 8. Deebiin kee gama Rabbiiti, yaa ilma namaa. | إِنَّ إِلَىٰ رَبِّكَ ٱلرُّجۡعَىٰٓ ٨ |

9. Mee naa odeeysi, yaa ergamaa Rabbii, namticha nama dhoorgu.

أَرَءَيۡتَ ٱلَّذِي يَنۡهَىٰ ٩

10. Gabricha Rabbii yaroo salaatu.

عَبۡدًا إِذَا صَلَّىٰٓ ١٠

11. Mee naa odeeysi, gabrichummaan Rabbii kha ati dhorgitu san, yoo qaceelorra jiraate.

أَرَءَيۡتَ إِن كَانَ عَلَى ٱلۡهُدَىٰٓ ١١

12. Takkaa sodaa Rabbiitti nama ajajee

أَوۡ أَمَرَ بِٱلتَّقۡوَىٰٓ ١٢

13. Mee naa odeeysi yoo Qur’aana kijibsiisee, Iimaanaarraa gara gale.

أَرَءَيۡتَ إِن كَذَّبَ وَتَوَلَّىٰٓ ١٣

14. Rabbiin na argaa hin beekhuu?

أَلَمۡ يَعۡلَم بِأَنَّ ٱللَّهَ يَرَىٰ ١٤

15. Badiirraa haa dhoorgamu, yoo badiirraa dhorgamuu baate, Adda isaa jabeeysinee qabna.

كَلَّا لَئِن لَّمۡ يَنتَهِ لَنَسۡفَعَۢا بِٱلنَّاصِيَةِ ١٥

16. Sammuun isaa kijibduu, dilooytuu dha.

نَاصِيَةٖ كَٰذِبَةٍ خَاطِئَةٖ ١٦

17. Haa yaammatu nama isaa tumsu.

فَلۡيَدۡعُ نَادِيَهُۥ ١٧

18. Nutiis malaaykaa jajjaboo ni yaamanna.

سَنَدۡعُ ٱلزَّبَانِيَةَ ١٨

19. Haa dhoorgamu, tole jattee amrii isaa hin godhin, yaa ergamaa Rabbii, sujuudi, ibaadaan Rabbi dhihaadhu.

كَلَّا لَا تُطِعۡهُ وَٱسۡجُدۡۤ وَٱقۡتَرِب ۩ ١٩

# 97. Suuraa Al-Qadr

سُورَةُ الْقَدْرِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَـٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

إِنَّآ أَنزَلۡنَـٰهُ فِى لَيۡلَةِ ٱلۡقَدۡرِ ١

1. Qur'aana kana, halkan leylatul qadri darajaa qabu keessa buufne.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا لَيۡلَةُ ٱلۡقَدۡرِ ٢

2. Maaltu si beeysise waan leylatul qadriin taate.

لَيۡلَةُ ٱلۡقَدۡرِ خَيۡرٌ مِّنۡ أَلۡفِ شَهۡرٍ ٣

3. Halkan leylatul qadrii san dalagaan gaariin keessa dalagamte, Ibaadaa ji'a kum tokko caalti.

تَنَزَّلُ ٱلۡمَلَـٰٓئِكَةُ وَٱلرُّوحُ فِيهَا بِإِذۡنِ رَبِّهِم مِّن كُلِّ أَمۡرٍ ٤

4. Mala'ikonninii fi Jibril, halkan leylatul qadrii san, warra dachitti gad bu'an iznii(fadhii) Rabbittiin amrii waa hundatiin.

سَلَـٰمٌ هِىَ حَتَّىٰ مَطۡلَعِ ٱلۡفَجۡرِ ٥

5. Halkan leylatul qadrii san, halkan nagayaati, hamma barihutti.

# 98. Suuraa Al-Bayyinah

# سُورَةُ البَيِّنَةِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Ummanni kaafiraafi mushrikoonni karaa isaanii ka gad dhiisan waa hin taane hamma ragaan isaani dhufutti.

لَمۡ يَكُنِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنۡ أَهۡلِ
ٱلۡكِتَٰبِ وَٱلۡمُشۡرِكِينَ مُنفَكِّينَ حَتَّىٰ
تَأۡتِيَهُمُ ٱلۡبَيِّنَةُ ١

2. Ragaan san ergamaa Rabbii biraa tahe, Qur’aana waa hundarraa qulqulluu tahe isaanirratti qara’a

رَسُولٞ مِّنَ ٱللَّهِ يَتۡلُواْ صُحُفٗا
مُّطَهَّرَةٗ ٢

3. Qur’aana kana keessa heera Rabbii qaceelaatu jira.

فِيهَا كُتُبٞ قَيِّمَةٞ ٣

4. Warri kitaaba keennaman Yahuudaafii Nasaaraan, ka addaan bahan waa hin taane, eega shari’aan isaanii addaan baatee itti dhufte malee.

وَمَا تَفَرَّقَ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ إِلَّا
مِنۢ بَعۡدِ مَا جَآءَتۡهُمُ ٱلۡبَيِّنَةُ ٤

5. Yahuudaafii Nasaaraan kitaaba isaanii keessatti waa hin ajajamne akka Diin Rabbiif qulqulleessan malee. Amanti baaxil dhiisanii gama Islamummaa akka goran, Salaata Salaatuufii Zakaa baafachutti ajajaman, amantiin qaceelloon ka dubbannee dabarsine kana.

وَمَآ أُمِرُوٓاْ إِلَّا لِيَعۡبُدُواْ ٱللَّهَ مُخۡلِصِينَ
لَهُ ٱلدِّينَ حُنَفَآءَ وَيُقِيمُواْ ٱلصَّلَوٰةَ
وَيُؤۡتُواْ ٱلزَّكَوٰةَۚ وَذَٰلِكَ دِينُ
ٱلۡقَيِّمَةِ ٥

6. Warri Rabbi kafareefii mushrikoonni ibidda jahannam zalaalam keessa ta’an, isaan irra hamaa waan Rabbiin uumeeti.

إِنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنۡ أَهۡلِ ٱلۡكِتَٰبِ وَٱلۡمُشۡرِكِينَ فِي نَارِ جَهَنَّمَ خَٰلِدِينَ فِيهَآۚ أُوْلَٰٓئِكَ هُمۡ شَرُّ ٱلۡبَرِيَّةِ ٦

7. Warri Rabbii dhugoomsee, dalagaa gaarii dalage, isaan irra caalaa waan Rabbiin uumeeti.

إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ أُوْلَٰٓئِكَ هُمۡ خَيۡرُ ٱلۡبَرِيَّةِ ٧

8. Galanni isaanii Rabbiin bira isaanii jira, Jannata teessuma ka laggeen keessa yaa’uutu isaanii jira, zalaalam keessa taa’uudhaan qananaawan, Rabbiin dalagaa isaanirraa jaalate, isaanilleen waan Rabbiin jannata keessatti isaanii kanne, jaalatan, galata san argachuun nama Rabbii isaa sodaateefi.

جَزَآؤُهُمۡ عِندَ رَبِّهِمۡ جَنَّٰتُ عَدۡنٖ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُ خَٰلِدِينَ فِيهَآ أَبَدٗاۖ رَّضِيَ ٱللَّهُ عَنۡهُمۡ وَرَضُواْ عَنۡهُۚ ذَٰلِكَ لِمَنۡ خَشِيَ رَبَّهُۥ ٨

## 99. Suuraa Az-Zalzalah

## سُورَةُ الزَّلزَلَة

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Gaafa dachiin, akkaan sossoote, sossoohiinsa jabaa.

إِذَا زُلۡزِلَتِ ٱلۡأَرۡضُ زِلۡزَالَهَا ١

2. Gaafa dachiin, ifirraa waan garaa isii keessaa awwaalame baaftu.

وَأَخۡرَجَتِ ٱلۡأَرۡضُ أَثۡقَالَهَا ٢

3. Ilmi namaa maal taatee dachiin sossoote ja’a.

وَقَالَ ٱلۡإِنسَٰنُ مَا لَهَا ﴿٣﴾

4. Guyyaa qiyaamaa san, dachiin oduu isii odeeysiti.

يَوۡمَئِذٖ تُحَدِّثُ أَخۡبَارَهَا ﴿٤﴾

5. Rabbiitu isii beeysise, tanaafuu odeeysite.

بِأَنَّ رَبَّكَ أَوۡحَىٰ لَهَا ﴿٥﴾

6. Guyyaa qiyaamaa san, ilmi namaa bakka gaafiitii ni dacha’an jama’aa jam’aan namuu akka galata dalagaa ifii arguuf.

يَوۡمَئِذٖ **يَصۡدُرُ ٱلنَّاسُ** أَشۡتَاتٗا لِّيُرَوۡاْ أَعۡمَٰلَهُمۡ ﴿٦﴾

7. Namni hamma firii xaafii kheeyrii dalage, guyyaa qiyaamaa sawaaba(galata) isaa ni arga.

فَمَن يَعۡمَلۡ مِثۡقَالَ ذَرَّةٍ خَيۡرٗا يَرَهُۥ ﴿٧﴾

8. Namni hamma firii xaafii badii dalage, guyyaa qiyaamaa galata badii isaa ni arga.

وَمَن يَعۡمَلۡ مِثۡقَالَ ذَرَّةٖ شَرّٗا يَرَهُۥ ﴿٨﴾

## 100. Suuraa Al-‘Adiyaat

## سُورَةُ العَادِيَاتِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Faradoo hafuura darbaa, adawwitti guluftuun khakhadhe.

**وَٱلۡعَٰدِيَٰتِ ضَبۡحٗا** ﴿١﴾

2. Faradoo miila isiirraa qaanqeen faca’uun khakhadhe.

فَٱلۡمُورِيَٰتِ **قَدۡحٗا** ﴿٢﴾

3. Faradoo adawwitti ganamfattuun khakhadhe.

فَٱلۡمُغِيرَٰتِ صُبۡحٗا ٣

4. Faradoo adawwitti dhukkee kaastuun khakhadhe.

فَأَثَرۡنَ بِهِۦ **نَقۡعٗا** ٤

5. Faradoo jama’aa Kaafiraa walakkaa seentuun khakhadhe.

فَوَسَطۡنَ بِهِۦ جَمۡعًا ٥

6. Ilmi namaa tola Rabbiin isaa oole, ni khaada.

إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لِرَبِّهِۦ **لَكَنُودٞ** ٦

7. Akka inni khaadaa tahe, Ifittuu raga bahaadha.

وَإِنَّهُۥ عَلَىٰ ذَٰلِكَ لَشَهِيدٞ ٧

8. Ilmi namaa horii akkaan jaalata.

وَإِنَّهُۥ لِحُبِّ ٱلۡخَيۡرِ لَشَدِيدٌ ٨

9. Ilmi namaa hin beeku, yaroo qabriin garagalfamtu.

۞ أَفَلَا يَعۡلَمُ إِذَا بُعۡثِرَ مَا
فِي ٱلۡقُبُورِ ٩

10. Waan isaan qomatti yaadan guyyaa qiyaamaa san Rabbiin dirree duraa baasa.

**وَحُصِّلَ** مَا فِي ٱلصُّدُورِ ١٠

11. Rabbiin haala isanii guyyaa qiyaamaa san akkaan beeka.

إِنَّ رَبَّهُم بِهِمۡ يَوۡمَئِذٖ لَّخَبِيرُۢ ١١

# 101. Suuraa Al-Qaari’ah

# سُورَةُ القَارِعَةِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

ٱلۡقَارِعَةُ ١

1. Maqaa guyyaa qiyamaati.

مَا ٱلۡقَارِعَةُ ٢

2. Maali isiin

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا ٱلۡقَارِعَةُ ٣

3. Maaltu sibeeysise waan qaari’aan taate.

يَوۡمَ يَكُونُ ٱلنَّاسُ كَٱلۡفَرَاشِ ٱلۡمَبۡثُوثِ ٤

4. Guyyaan qiyaamaa san guyyaa ilmi namaa qabrii khaafamee akka billaachaa faca’u.

وَتَكُونُ ٱلۡجِبَالُ كَٱلۡعِهۡنِ ٱلۡمَنفُوشِ ٥

5. Guyyaan qiyaamaa san guyyaa gaarran akka suufaa carqaawe tahan.

فَأَمَّا مَن ثَقُلَتۡ مَوَٰزِينُهُۥ ٦

6. Namni guyyaa qiyaamaa Miizaanni kheeyrii isaa ulfaate,

فَهُوَ فِي عِيشَةٖ رَّاضِيَةٖ ٧

7. Jiruu jaalatamtuu isa gamachiiftu keessa jiraata.

وَأَمَّا مَنۡ خَفَّتۡ مَوَٰزِينُهُۥ ٨

8. Namni guyyaa qiyaamaa Miizaanni kheeyrii isa duraa xiqqaate, sharriin isaa guddatte,

فَأُمُّهُۥ هَاوِيَةٞ ٩

9. Haati isaa ibidda jahannami.

10. Maaltu si beysise waan haawiyaan taate.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا هِيَهۡ ١٠

11. Ibidda haalaan nama gubdu.

نَارٌ حَامِيَةُۢ ١١

## 99. Suuraa At-Takaathur

## سُورَةُ التَّكَاثُرِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَـٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Horii heddummeefattanii waliin dhaadachuun, Ibaadaa Rabbiirraa isin shaakhala yaa ilma namaa.

أَلۡهَىٰكُمُ ٱلتَّكَاثُرُ ١

2. Hamma duutanii Qabrii seentanitti.

حَتَّىٰ زُرۡتُمُ ٱلۡمَقَابِرَ ٢

3. Haala khana dhiisaa, wiliidha beekhuuf jiraattan, waan isini dhufaa taa’aa.

كَلَّا سَوۡفَ تَعۡلَمُونَ ٣

4. Ammallee haala khana dhiisaa, wiliidha beekhuuf jiraattan, waan isini dhufaa ta’aa.

ثُمَّ كَلَّا سَوۡفَ تَعۡلَمُونَ ٤

5. Haala kanarraa dhoorkamaa, osoo beeytanii ilmii dhugaadhaa.

كَلَّا لَوۡ تَعۡلَمُونَ عِلۡمَ ٱلۡيَقِينِ ٥

6. Wallaahi ijuma teessaniin, ibidda jahannamaa arguuf teessan.

لَتَرَوُنَّ ٱلۡجَحِيمَ ٦

7. Guyyaa qiyaamaa ibidda jahannam ija dhugaatiin arguuf teessan.

ثُمَّ لَتَرَوُنَّهَا عَيۡنَ ٱلۡيَقِينِ ٧

8. Eegasii guyyaa qiyaamaa, nigaafatamtan qananii Rabbiin isiniif khanneerraa.

ثُمَّ لَتُسۡـَٔلُنَّ يَوۡمَئِذٍ عَنِ ٱلنَّعِيمِ ٨

## 103. Suuraa Al-Asr

## سُورَةُ ٱلۡعَصۡرِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

وَٱلۡعَصۡرِ ١

1. Yaroo Asritiin khakhadhe.

إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَفِي خُسۡرٍ ٢

2. Ilmi namaa khasaaraa kheessa jira.

إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلۡحَقِّ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلصَّبۡرِ ٣

3. Warra Rabbii dhugoomsee dalagaa gaarii dalage malee, warra kharaa haqaa walii dhaame malee, warra yoo musiibaan nama buute obsa walii dhaamu malee, khaan khasaaraa keessa jira.

## 104. Suuraa Al-Humazah

## سُورَةُ ٱلۡهُمَزَةِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

وَيۡلٞ لِّكُلِّ هُمَزَةٖ لُّمَزَةٍ ١

1. Azaaba jabaa isaanii jira, nama nama hamatuufii nama nama eybeessu hundaaf.

ٱلَّذِي جَمَعَ مَالٗا وَعَدَّدَهُۥ ٢

2. Kha horii wali qabee olkaaye, haqa Rabbii irraa hin basiniif azaaba jabaa isaaf jira.

3. Horiin isaa khazalaalam, isa tursiisu sahee?

يَحْسَبُ أَنَّ مَالَهُۥٓ أَخْلَدَهُۥ ٣

4. Akka inni yaadee miti, darbamuuf ta'a ibidda huxaamaa ja'amutti.

كَلَّا ۖ لَيُنۢبَذَنَّ فِى ٱلْحُطَمَةِ ٤

5. Maaltu si beeysise waan huxamaan taate.

وَمَآ أَدْرَىٰكَ مَا ٱلْحُطَمَةُ ٥

6. Ibidda Rabbii qabsiifamtuu.

نَارُ ٱللَّهِ ٱلْمُوقَدَةُ ٦

7. Ibiddi san kha laalaan isii onneedhaan nama baatu.

ٱلَّتِى تَطَّلِعُ عَلَى ٱلْأَفْـِٔدَةِ ٧

8. Ibiddi san warra ibiddaaratti cufamti.

إِنَّهَا عَلَيْهِم مُّؤْصَدَةٌ ٨

9. Utubaa ibiddaatiin hidhaan hidhaman.

فِى عَمَدٍ مُّمَدَّدَةٍۭ ٩

## 105. Suuraa Al-Fiil

## سُورَةُ الفِيلِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَـٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Beeytee yaa ergamaa Rabbii, waan Rabbiin khee isaanirra dalage, warra Arbaan Ka'abaa diiguuf ka'e.

أَلَمْ تَرَ كَيْفَ فَعَلَ رَبُّكَ بِأَصْحَـٰبِ ٱلْفِيلِ ١

2. Rabbiin mala isaan kha'aniif dhabama duraa hin goonee?

أَلَمْ يَجْعَلْ كَيْدَهُمْ فِى تَضْلِيلٍ ٢

3. Rabbiin shinbirroo jama'a jama'aan (tuuta tuutaan) itti erge.

وَأَرۡسَلَ عَلَيۡهِمۡ طَيۡرًا أَبَابِيلَ ٣

4. Dhagaa ibidda jahannamirraa taheen isaan darbatti.

تَرۡمِيهِم بِحِجَارَةٖ مِّن سِجِّيلٖ ٤

5. Akka baala horiin nyaadhamee, faltii tahe isaan godhe.

فَجَعَلَهُمۡ كَعَصۡفٖ مَّأۡكُولِۭ ٥

## 106. Suuraa Al-Qureeysh

## سُورَةُ قُرَيۡشٍ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Waan Qureeyshiin barattee, aadaaf qabdurraa.

لِإِيلَٰفِ قُرَيۡشٍ ١

2. Aadaa isaanirraa Caamsaa fii Bona shammadaaf biyya keessa deeman.

إِۦلَٰفِهِمۡ رِحۡلَةَ ٱلشِّتَآءِ وَٱلصَّيۡفِ ٢

3. Rabbii beeytii (Ka'abaa) khanaa, haa gabbaran.

فَلۡيَعۡبُدُواْ رَبَّ هَٰذَا ٱلۡبَيۡتِ ٣

4. Rabbiin sanuu, akka isaan hin beelooyne isaan nyaachise, waan isaan sodaatan duraa nagaya isaan baase.

ٱلَّذِيٓ أَطۡعَمَهُم مِّن جُوعٖ وَءَامَنَهُم مِّنۡ خَوۡفِۭ ٤

# 107. Suuraa Maa'un

# سُورَةُ المَاعُونِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Beytee yaa ergamaa Rabbii, namtichi nama guyyaa galataa kijibsiise.

أَرَءَيۡتَ ٱلَّذِي يُكَذِّبُ بِٱلدِّينِ ١

2. Namtichi san nama joollee yataamaa horii isaanii dhorkatu.

فَذَٰلِكَ ٱلَّذِي يَدُعُّ ٱلۡيَتِيمَ ٢

3. Miskiina nyaachisaa ja'ee nama hin kha khaasu.

وَلَا يَحُضُّ عَلَىٰ طَعَامِ
ٱلۡمِسۡكِينِ ٣

4. Azaaba jabaa isaaniif jira, warra salaatuf.

فَوَيۡلٞ لِّلۡمُصَلِّينَ ٤

5. Ummanni sun, warra salaata isaanirraa dagamanii, dantaa dhaban (shuruuxaaafii arkaanaafii waajibarraa)

ٱلَّذِينَ هُمۡ عَن صَلَاتِهِمۡ **سَاهُونَ** ٥

6. Warra salaata isaanii nama garsiifachuuf salaatu, azaaba jabaatu isaaniif jira.

ٱلَّذِينَ هُمۡ **يُرَآءُونَ** ٦

7. Warra waan ollaan waliif ergisu, ollaa dhorkatullee azaabaa isaaniif jira.

وَيَمۡنَعُونَ **ٱلۡمَاعُونَ** ٧

## 108. Suuraa Al-Kowthar

سُورَةُ الكَوْثَرِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَـٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Nuti sii khannine yaa ergamaa Rabbii, Laga Kowsar ja'amu.

إِنَّآ أَعۡطَيۡنَـٰكَ ٱلۡكَوۡثَرَ ﴿١﴾

2. Rabbii kheetiif salaati, Rabbiif qali.

فَصَلِّ لِرَبِّكَ وَٱنۡحَرۡ ﴿٢﴾

3. Namni si jibbu san isuma khayrii hundarraa cite.

إِنَّ شَانِئَكَ هُوَ ٱلۡأَبۡتَرُ ﴿٣﴾

## 109. Suuraa Al-Kaafiruun

سُورَةُ الكَافِرُونَ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَـٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Ja'iin yaa ergamaa Rabbii, yaa warra Rabbitti kafartan.

قُلۡ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلۡكَـٰفِرُونَ ﴿١﴾

2. Waan isin Rabbii gadi gabbartan hin gabbaru.

لَآ أَعۡبُدُ مَا تَعۡبُدُونَ ﴿٢﴾

3. Isiniis Rabbiin ani gabbaru hin gabbartan.

وَلَآ أَنتُمۡ عَـٰبِدُونَ مَآ أَعۡبُدُ ﴿٣﴾

4. Ani kha gabbaru waa hin taane waan isin Rabbii gadi gabbartan.

وَلَآ أَنَا۠ عَابِدٞ مَّا عَبَدتُّمۡ ٤

5. Isiniis Rabbiin ani gabbaru hin gabbartan.

وَلَآ أَنتُمۡ عَٰبِدُونَ مَآ أَعۡبُدُ ٥

6. Amantii Kufrii isinii jira, yaa ummata kaafiraa, aniis amantii Islaamaa naaf jira.

لَكُمۡ دِينُكُمۡ وَلِيَ دِينِ ٦

## 109. Suuraa Al-Nasri

## سُورَةُ النَّصۡرِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Hoggaa tumsi Rabbii sii dhufee, Kaafira Makkaa cabsite, yaa ergamaa Rabbii.

إِذَا جَآءَ نَصۡرُ ٱللَّهِ وَٱلۡفَتۡحُ ١

2. Ilma namaa ni garta, isaanii islaamummaa seenan, murna murnaan (Jam'a Jam'aan)

وَرَأَيۡتَ ٱلنَّاسَ يَدۡخُلُونَ فِي دِينِ ٱللَّهِ أَفۡوَاجٗا ٢

3. Rabbii khee qulqulleessi, waan isaan hin malle hundarraa, araarama isaa kharadhu, Rabbiin towbaa namaa kha akkaan qeebalu tahe.

فَسَبِّحۡ بِحَمۡدِ رَبِّكَ وَٱسۡتَغۡفِرۡهُۚ إِنَّهُۥ كَانَ تَوَّابَۢا ٣

# 111. Suuraa Al-Masad

# سُورَةُ المَسَدِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

تَبَّتۡ يَدَآ أَبِي لَهَبٖ وَتَبَّ ١

1. Harki Abbaa Lahab khasaaramte, mataan isaatu halaakhame

مَآ أَغۡنَىٰ عَنۡهُ مَالُهُۥ وَمَا كَسَبَ ٢

2. Ibidda Rabbii isaarraa hin deebifne, horiin inni wali qabe, ilmaan isaalleen isa hin fayyanne.

سَيَصۡلَىٰ نَارٗا ذَاتَ لَهَبٖ ٣

3. Wiliidha Ibidda balbalaa seenuu ta'a.

وَٱمۡرَأَتُهُۥ حَمَّالَةَ ٱلۡحَطَبِ ٤

4. Jaartiin isaa, isaa waliin Ibidda Jahannamaa seenti, Mukha Qoree qabu baadhattee kharaa ergamaan Rabbii deemurra guurti.

فِي جِيدِهَا حَبۡلٞ مِّن مَّسَدِۭ ٥

5. Haada Ibidda jahanamirraa tolfameetu, Morma isii kaayama.

## 112. Suuraa Al-Ikhlaas

## سُورَةُ الإخْلَاصِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

قُلۡ هُوَ ٱللَّهُ أَحَدٌ ١

1. Rabbiin tokko ja'iin yaa ergamaa Rabbii, ummata kaafiraatiin.

ٱللَّهُ **ٱلصَّمَدُ** ٢

2. Rabbii ilmi namaa hundi itti haajamu.

لَمۡ يَلِدۡ وَلَمۡ يُولَدۡ ٣

3. Rabbiin hin dhalu hin dhalatus.

وَلَمۡ يَكُن لَّهُۥ **كُفُوًا** أَحَدُۢ ٤

4. Rabbiin tokkicha waa hunda keessatti fakkii hin qabne.

## 113. Suuraa Al-Falaq

## سُورَةُ الفَلَقِ

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

قُلۡ أَعُوذُ بِرَبِّ **ٱلۡفَلَقِ** ١

1. Rabbii ifa bariisaa uumeeniin maganfadha, ja'iin yaa ergamaa Rabbii.

مِن شَرِّ مَا خَلَقَ ٢

2. Hamtuu waan Rabbiin umeerraahin Rabbi maganfadha, ja'iin yaa ergamaa Rabbii.

وَمِن شَرِّ **غَاسِقٍ** إِذَا **وَقَبَ** ٣

3. Hamtuu dukkana halkanirraa yaroo dukkanaawe, Rabbi maganfadha, Ja'iin yaa ergamaa Rabbii.

4. Hamtuu waa itti tuttufanii gugudunfanirraahin Rabbi maganfadha ja’iin yaa ergamaa Rabbii.

وَمِن شَرِّ ٱلنَّفَّٰثَٰتِ فِى ٱلۡعُقَدِ ٤

5. Hamtuu nama nama hasadurraa hin Rabbi maganfadha, ja’iin yaa ergamaa Rabbii.

وَمِن شَرِّ حَاسِدٍ إِذَا حَسَدَ ٥

## 114. Suuraa An-Naas

## سُورَةُ النَّاسِ

Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1. Rabbii ilma namaa uumeeniin maganfadha, ja’iin yaa ergamaa Rabbii.

قُلۡ أَعُوذُ بِرَبِّ ٱلنَّاسِ ١

2. Mootii ilma namaa taheeniin maganfadha, ja’iin yaa ergamaa Rabbii.

مَلِكِ ٱلنَّاسِ ٢

3. Rabbii ilma namaa taheeniin maganfadha, ja’iin yaa ergamaa Rabbii.

إِلَٰهِ ٱلنَّاسِ ٣

4. Hamtuu sheyxaanni na waswaasurraahiin Rabbi maganfadha ja’iin yaa ergamaa Rabbii.

مِن شَرِّ ٱلۡوَسۡوَاسِ ٱلۡخَنَّاسِ ٤

5. Sheeyxaanni sanuu kha qoma ilma namaa seenee nama waswaasu.

ٱلَّذِى يُوَسۡوِسُ فِى صُدُورِ ٱلنَّاسِ ٥

6. Sheeyxaana Jinnii tii fi sheeyxaana ilma namaarraa tahan.

مِنَ ٱلۡجِنَّةِ وَٱلنَّاسِ ٦

# 114. Suuraa Faatihaa

# سُورَةُ الفَاتِحَةِ

**(Rabbiittiin maganfadha, shayxaana Rahmata Rabbiirraa darbamaa taherraa)**

أعوذ بالله من الشيطان الرجيم

1. Maqaa Rabbiitiniin Jalqaba, Maqaan isaa Rahmaan kan tahe, maqaan isaa Rahiim kan tahe.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ ١

2. Faaruun bareedduun guutuu taate ta Rabbii Aalamaati.

ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٢

3. Rabbiin sanuu Rahmaani, Isa ka waa hunda wal gahe, Maqaan isaa Rahmanii fi Rahiim ka tahe.

ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ ٣

4. Rabbiin  sanuu Mootii guyyaa galataa ka tahe.

مَٰلِكِ يَوۡمِ ٱلدِّينِ ٤

5. Yaa Rabbi Suma qofa gabbarra, suma qofa gargaarsifanna, waa hunda keessatti.

إِيَّاكَ نَعۡبُدُ وَإِيَّاكَ نَسۡتَعِينُ ٥

6. Yaa Rabbi kharaa diriiraa qaceelaa nu qaceelchi.

ٱهۡدِنَا ٱلصِّرَٰطَ ٱلۡمُسۡتَقِيمَ ٦

7. Karaan qaceelaan san karaa warra ati tola olteefi ka tahe, Anbiyoota fi Siddiiqoota, Shuhadaa fi Saalihtoota, karaa isaanii nu qaceelchi, karaa yahuudaan itti dalantte kan tahin, karaa nasaaraa warra jallate kan tahin.

صِرَٰطَ ٱلَّذِينَ أَنْعَمْتَ عَلَيْهِمْ غَيْرِ ٱلْمَغْضُوبِ عَلَيْهِمْ وَلَا ٱلضَّآلِّينَ ٧

**(Aamiin)** yaa Rabbi narraa qeebali

آمين

بســــــم الله الرّحمن الرّحيم

Maqaa Allaahaatiniin eegala, akkaan nahaa, [Muslima qofaaf] rifata kan tahe.

الرّحمن

Ar-Rahmaan:- Kan namaaf nahee adunyaaratti nama qananiisu, Muslimaa fii kaafiraas akka isaan malutti kan nahuufi ykn rifatuuf jechuudha.

الرّحيم

Ar-Rahiim :- Kan ganda irraa boodaatti ykn aakhiraatti warra amane qofaaf Rifatu amallee kan akkaan Muslima qofaaf rifatee jannata isaan naqu jechuudha.